

Og-Aartiwwan

Kitaaba Barattootaa

Kutaa 8



Barreessitoota:

Danda'aa Boggaalaa

Kabbabush Lammeessaa

Lammii Beenyaa

Gulaaltota:

Damee Tolinaa

Lubaabaa Jamaal

Taaddasaa Dinquu

Madaaltota

Dhaqqaboo Guyyee

Dirribaa Maammoo

Ismaa'el Hasan

Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Eeyyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e gartokkeen maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Baafata

Qabiyyee

Fuula

BOQONNAA 1: Hubannoo Artistawaa	1
1. Hubannoo Og-aartiiwwanii	1
1.1 Gaheefi Faayidaa Caacculee Bobbocaa	2
1.2 Muuziqaafi meeshaalee muuziqaa Itiyoophiyaa	14
1.3. Caacculee pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-fiilmii	33
BOQONNAA2: Dandeettii Kalaqaa.....	49
2.1. Solfeejiyoo guurressa muuziqaa Itiyoophiyaan	50
2.2. Shubbisaaadaa	61
2.3. Pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-fiilmii (kalaquu, seenaa gabaabaa barreessuufi qeequu)	66
2.4. Hojii Maxxansaafi Bobboca	76
BOQONNAA 3: Haala Qabatamaa Seenaa Fi Aadaa.....	116
3.1 Seenaafi Aadaa Og- aartiiwwaniin.....	116
3.2. Bobbocaa (Siidaa) fi Seenaa hojiiwwan harkaa bara durii	124
3.3. Dur durii bifa Og-Tiyaatiraafi Og-Fiilmiin dhiyeessuu	133
BOQONNAA 4: Hawwannaa Og-aartiiwwanii.....	140
4.1. Faayidaalee Hojii Og-Aartiiwwanii Gochaan Agarsiisuu	141
4.2 Og-aartii gochaan agarsiifaman wal bira qabanii wal madaalchisuu....	142
4.3. Ergaa Mallattoolee Siidaafi Ogummaa Harkaa Durii	147
BOQONNAA5: Hidhata Og-aartiiwwanii	161
5.1. Og-aartiiwwan gosa barnoota biroo waliin walitti hidhuu	161
5.2. Og- Tiyaatira dhimmoota garaagaraa waliin walitti hidhuu.....	166

BOQONNAA

Hubannoo Artistawaa

1

1. Hubannoo Og-aartiiwwanii

Bu'aawwan Barannoo Boqonnichaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaa Booda:

- Hiikaafi maalummaa bobbocaa nihubatta.
- Akaakuu caacculee bobbocaa adda nibaasta.
- Faayidaa caacculeen bobbocaa qaban nibaratta.
- Akaakuuwwan muuziqaa Itiyoophiyaa, adda ni baafatta.
- Gosoota meeshaalee muuziqaa Itiyoophiyaa nibeekta.
- Amaloota Gurreessaafi shubbisaa nihubatta.
- Caacculee pirodaakshinii Og-tiyaatiraa ni tarreessita.
- Gahee ibsaafi uffanni og-tiyaatira keessatti qabu ni ibsita.

Seensa

Bobbocni tooftaa hojiin og-argaa ittiin hojjetamu ta'ee, ilmi namaa bara durii irraa eegalee wantoota naannoo isaatti argamu irraa bocaafi soofaa kan turedha. Ilmi namaa osoo akka ammaa kana qaroomaan yookiin guddina tekinoloojiitiin hin guddatiin dura jiruuf jireenya isaa guyyaa guyyaa ittiin fooyyeffachuufi mijataa taasifachuuf jecha wantoota garaagaraatti dhimma bahaa akka ture nibeekama. Guddinni ogummaa bobbocaas isa kana waliin kan wal qabatudha. Kutaa torba keessatti amaloota muuziqaafi shubbisa aadaa, Solfeejiyyoofi gurreessaa biyyaa keenya, Seenaa muuziqaa Oromoo, weellistootaafi

shubbistoota angafoota biyya keenyaa, akkasumas meeshaalee muuziqaa aadaa muuziqaafi barnoonni biroo hariiroo isaan waliin qaban barattee jirta. kutaa kana keessaatti immoo Muuziqaa fi meeshaalee aadaa, muuziqaa Itiyoophiyaa

Guurreessaafi shubbisa, Soolfeejoo, guurressa muuziqaa Itiyoophiyaafi aadaan roga muuziqaan maal akka ta'e nibaratta. Kutaa darban keessatti maalummaa tiyaatiraa, akkaataa jalqabbii tiyaatiraa, guddina tiyaatiraafi garaagarummaa tiyaatiraafi diraamaa addaan baastee hubattee jirta. Kuta kana keessatti adeemsa pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-fiilmii kan barattu ta'a.

1.1 Gaheefi Faayidaa Caacculee Bobbocaa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Hiika bobbocaa ni ibsita.
- Akaakuuwwan caacculee bobbocaa nitarreessita.
- Faayidaa caacculeen bobbocaa qaban nihimta.

1.1.1. Hiikaafi Amaloota Bobbocaa

Gocha 1

Biyyee suphee yookiin kaartoniifi kan kana fakkaatan irraa bobboca namaa, bineensotaa, konkolaataa, manaafi kanneen biroo hojjettanii yookiin ijaartanii ittiin taphattanii beektuu? Yoo hojjattanii kan beektan ta'e akkamittiifi maal irraa akka hojjattan hiriyyoota keessan wajjiin irratti mari'adha.

Bobbocni tooftaalee hojiin og-argaa ittiin hojjetaman keessaa isa tokko ta'ee, ilmi namaa bara durii irraa kaasee haala jiruuf jireenya isaa hawwataafi mijataa taasisuuf wantoota sasalphaa naannoo isaatti argachuu danda'u irraa bocaafi hojjechaa kan turedha. Ilmi namaa erga lafa irratti uumamee jiraachuu jalqabee kallattiinis haa ta'u al-kallattiin hojiiwwan bobbocaa hojjechaa tureera.

Bara durii keessa yeroo ilmi namaa hin qaroomnetti/ meeshaalee garaagaraa

akka ammaa tolfatee itti gargaaramuu osoo hin eegaliin/ wantoota sasalphaa naannootti argaman bocuun, soofuun itti gargaaramaa kan turanidha. Fakkenyaaf, dhagaa, lafeewwan bineensotaa, gaanfa bineensotaa, mukaafi kan kana fakkaatan soofee qara baasuun akka eeboottiifi aalbeetti itti tajaajilameera.

Gabaabummatti seenaafi dhufaatii ogummaa bobbocaa yoo dudduuba deebinee ilaalle umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi ilmi namaa bara durii irraa eegalee hojjetee itti tajaajilamuufis ta'e, akkasumas yaada, miira, hawwii, seenaa, aadaa, duudhaa, ergaa amantaa, gadda, gammachuufi kan kana fakkaatan ittiin ibsachaa turuufi ibsachaa jirachuu isaa seenaan ragaa niba'a. kanaaf, bobbocaafi ilma namaa gidduu hariiroo jabaatu jira.

Hiikniifi ibsi bobboca irratti kennamu kan duraan beekamu irra jaarraa 20^{ffaa} keessa baay'ee babal'atee ture. Guddina tekinolojii yookiin meeshaalee haaraafi tooftaa garaagaraa bobbocni ittiin hojjetamu irratti hundaa'uun yaanni/ ibsi bobbocaaf kennamaa ture kan duraan beekamu yaada xiqqaafi murtaa'oo ture hafee, yaanni bal'aan waa'ee hiikaafi tooftaa bobbocni ittiin hojjetamu irratti kennamuu eegale. Bara durii keessa osoo ilmi namaa tekinolojii hin guddatiin dura hojjiwwan bobbocaa wantoota sasalphaa ta'aniifi haala salphaa ta'een hojjechaa turaniiru. Hojii bobbocaas hedduminaan barteen yookiin shaakalaan kan hojjechaa turani malee, waa'eefi akkaataa hojiin bobbocaa ittiin dalagamu sirriitti qo'atanii hojjechaa hin turre. Namoonni aadaan yookiin barteen hojii bobbocaa hojjechaa turan hanga jaarraa 20^{ffaa} tti bobboca akkaataa afuriin ibsaa/ hiikaa turan. Isaanis:

1^{ffaa} Bobbocni hojii foormii og-argaa ta'ee, hojjaa, dheerinaafi dalgee qofa akka qabutti hiiku.

2^{ffaa} Bobbocni fakkaattii /Bakka bu'aa/ uumamaati jedhu. Garuu hojjiwwan bobbocaa hundi guutummaa guutuutti bakka bu'aa uumamaa (wanta fakkoo ta'e) qofa osoo hin taane, kan fakkoo/fakkaattii uumamaa hin taanellee ta'uu nidanda'a. Bakka bu'aa yeroo jedhu salphaatti kan hubatamuu danda'u jechuudha. Fakkoo kan hin taane immoo qaama uumamaan wanti tokko qabu guutummaa guutuutti yookiin tasumaa kan hin mul'isne, akkasumas immoo ergaa wanti sun dabarsu salphaatti kan hin hubatamne jechuudha.

3^{ffaa} Bobbocni foormii hojii og-argaa jajjaboo ta'ee mul'atudha jedhu.

Bobbocni qaama jajjaboo ta'e kan qabudha yeroo jedhu, bakka duwwaa wanta hojjetamu gidduutti yookiin naannoo wanta hojjetamuutti hafuuf xiyyeeffannoon hin kennamu. Akka waan hin barbaachifneetti ilaalama. Akkasumas sochii qaama wantootaa hin mul'isu. Hojii bobbocaa keessatti immoo sochiin (miira wanta bobboca hojjatamee kan agarsiisu) baay'ee murteessaafi barbaachisaa kan ta'edha. Wanti hojjetamu tokko sochii hin qabu yoo ta'e, hawwatummaa hojichaa gad buusuu danda'a.

4^{ffaa} Namoonni ogummaa bobbocaa hojjetan mala lama qofatti gargaaramaa turan. Malleen lamaan ittiin hojjechaa turan kun immoo mala soofuufi bocuure. Sababni isaan malleen kana lamaan qofa gargaaramaniif, bara durii wantoonni ilmi namaa hojii bobbocaa hojjechuuf dhimma itti bahaa turan wantoota soofamuu danda'an kanneen akka mukaa, dhagaa, lafee bineensotaafi kan kana fakkaatan yommuu ta'u, wantoonni hojii bocuuf oolan immoo kan akka biyyee supheeti. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana garuu hojiin bobbocaa wantootaafi akkaataa ittiin hojjetaman irratti hundaa'uun haala garaagaraa afuriin hojjetamu. Isaanis:

A. Soofuufi Bocuu

C. Baksuufi walitti qabsiisuu

B. Bocuu


D. Tolchuudha.

A. Soofuufi Bocuu

Gocha 2

Naannoo keetti namoonni yeroo muka irraa wantoota akka waanjoo, mooyyee, teessoofi kan kana fakkaatan soofaniifi bocan argitee beektaa? Yoo argitee kan beektu ta'e akkaataa itti soofaniifi bocan dareef ibsi.

Ogummaa soofuu jechuun tooftaa ogummaa bobbocaa wantoota akka dhagaa, muka, ilka arbaa, lafeefi kan kana fakkaatan irraa ittiin hojjetamu keessaa isa tokko ta'ee, meeshaalee garaagaraa gargaaramuun mala itti foormiin ta'e tokko kutamee yookiin soofamee itti hojjetamudha.



Fakkii 1.1 Fakkii bobboca ogummaa soofuuniifi bocuun hojjatame agarsiisu

B. Sibiila walitti qabsiisuu/Welding

Ogummaan **Sibiila walitti qabsiisuu** tooftaa haaraa hojiin bobbocaa jaarraa 20^{ffaa} keessa ittiin hojjetamuu eegale ta'ee, tooftaa bobbocni wantoota wal irratti ijaaraa adeemuun ittiin hojjetamudha. Wantoonni wal irratti ijaaramaa adeemuun hojjetaman, wantoota haala salphaa ta'een naannootti argamuu danda'anidha. Fakkeenyaaf: Sibiila daanda'e.



Fakkii 1. 2 Fakkii bobboca ogummaa Sibiila walitti qabsiisuun hojjetame agarsiisu

C. Bocuu

Bocuu jechuun adeemsa artistiin foormii ta'e tokko ijaaruuf wantoota bocni irraa hojjatamu kanneen akka biyyee suphee, gagaa dammaafi kan kana fakkaatan gargaaramuun

itti hojjetudha.



Fakkii 1. 3 Fakkii bobboca ogummaa bocuun biyyee suphee irraa hojjetame agarsiisu

D. Omishuu/casting

Tooftaan ogummaa tolchuu tooftaa bobboocni jaarraa 20^{ffaa} booda bal'inaan ittiin hojjetamuu eegaledha. Hojii bobbocaa yookiin mooldii hojjetamee qophaa'e tokkotti wantoota dhangala'oo kanneen akka sibiila baqee, pilaastikii, simmintoo, jeessoofi kan kana fakkaatan itti naquun kan hojjetamu jechuudha.

Tooftaan kun tartiiba hojiin bobbocaa tokko biyyee suphee yookiin gagaa dammaa ittiin hojjetame irraa gara sibiilaatti yookiin simmintootti ittiin jijjiiramudha.



Fakkii 1. 4 a. Simiintoo fayyadamuun bobboca bilookeettaa omishame kan agarsiisu



Fakkii 1. 4 b. Jeessoofi Simiintoo fayyadamuun bobboca omishame kan agarsiisu



Fakkii 1. 4 c. ogummaa bobbocaa sibiila walitti baqsuun omishame agarsiisu

Hiika bobbocaa akka jaarraa amma keessa jirruutti yoo hiikne isa jaarraa 20^{ffaa} waliin hanga ta'e tokko garaagarummaa niqabaata. Kunis, bobboca /sculpture/ jechuun jecha Laatinii "**Sculptura**" jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas:

- Dhommoqsuu
- Mummuruufi
- Irraa soofuudha.

Bobbocni dameewwan Og-argaa keessaa tokko yoo ta'u, hojjaa, dalgeefi dheerina qabudha. Kun immoo tooftalee hojiin og-argaa ittiin hojjetaman kanneen akka diba halluu, wixinee, maxxansaafi kan kana fakkaatan warra qaama diriiraa ta'an irraa addaan baasuuf gargaara. Bobbocni qaama jajjaboo kan tuttuqamuufi kallattii maraan itti naanna'amee ilaalamuu danda'u kan qabudha.

Bobbocni akka diba halluu yookiin wixinee ijaan qofa kan ilaalamu osoo hin taane, dhugummaa wanti tokko qaama fiizikaalawaatiin qabu, kan wantoota fakkoo ta'aniitiin (diba halluufi wixineen) agarsiifamuu hin dandeenye kan agarsiisuu danda'udha. Bobbocni foormii qabatamaafi mul'ataa ta'edha. Namoonni uumamaan qaroo dhabeeyyii ta'anillee hanga ta'e tokko hojii bobbocaa raajeffachuus ta'e, hojjechuu nidanda'udha.

1.1.2. Caacculee Bobbocaa

Marii 1

Caacculee bobbocaa jechuun maal jechuudha? Caacculee bobbocaa kanneen jedhaman maalfaa akka ta'an garee gareen irratti mari'achuun dhuma irratti dareef gabaasaa.

Caacculeen bobbocaa uumamuu wantoota bobboca yookiin foormiif bu'uura ta'u. Mana tokko ijaaruuf dhagaa yookiin dhoqqee, muka, sibiila, simmintoo, cirracha, qorqoorroo yookiin citaafi kan kana fakkaatan barbaachisaafi mutrees-saa ta'uu qofa osoo hin taane wantoota kana malee mana ijaaruun akkuma hin danda'amne, caacculee bobbocaa malee hojii bobbocaa yookiin foormi ta'e tokko hojjechuun hin yaadamu. Hojiiwwan bobbocaa dhimma amantaaf, miidhagi-naaf, yaadannoof, galii argamsiisuuf, seenaa ibsuufii kan kana fakkaataniif hojjetaman hundi bu'aa caacculee bobbocaati. Caacculeen bobbocaa kanneen asiin gadiiti:

- Qabee/Hanga
- Bakka
- Sarara
- Qaama Dirraa
- Boca
- Vaaliyuu
- Lallaafinaa fi quqquqina dirra wantootati.
- Halluudha.


Caacculee bobbocaa asiin oliitti tarreeffaman keessaa isaan bu'uura kan ta'an bakkaafi hangadha.

1. Qabee fi Hanga

Bobbocni dheerina, dalgee fi hojjaa waan qabuuf qabee qabachuu danda'a. Qaama bobbocaafi wantoota jajjaboo dirra sana keessatti haammataman agarsiisa. Bobbocni hunduu wantoota hanga qabaniifi harkaan tuttuqamuu danda'an kamirraayyuu kan uumamudha. Daangaa of danda'aafi guutummaa guutuutti bakkaan kan marfamedha.

2. Bakka

Bakki gidduu qaama bobbocaatti yookiin naannaawaa bobbocaatti marsee kan argamudha. kana jechuun bakka duwwaa naannawaa bobbocaatti argamuu fi iddoo bobboocaan qabamu ta'ee, handaara/qarqara bobbocaa kan ibsudha.



Fakkii 1. 5 Fakkii bakkaa agarsiisu

3. Sarara

Bobboca keessatti sarara jechuun qarqara/handaara foormiifi qaama dirra waltuquuti. Wixinee keessatti sararri qubeessaa, cileefi kan kana fakkaataniin hojjetama. Diba halluu keessatti immoo qubeessaa yookiin dibduu halluu cuuphuun hojjetamuu nidanda'a. Bobboca keessatti garuu wantoota qaqal'aa kanneen akka: shiboo, haada/finyoo, mukaafi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a.



Fakkii 1. 6 Fakkii boca sararaan hojjetame

Bobboca keessatti qaama dirraa yeroo jedhamu qaama ala bobbocaa irratti kan argamuudha. Kunis hojii bobbocaa hojjetamu keessatti bakka sirriitti gadi fageenyaan kan hojjetamuufi wanta hojjatamuu barbaadamee bakka bu'uu kan danda'uudha.

5. Boca

Bocni garaagaraa yommuu walitti qindaa'u foormii uuma. Gurmuun foormii immoo bobboca kennuu danda'a. Bobboca keessatti boca bakka lamatti qoodnee ilaaluu nidandeenya. Isaanis: Boca pozatiiviifi Boca negatiiviidha.

A. Boca Pozatiivii

Hanga waliigalaa bobboca hojjetamu gidduutti argamuuti. Bakka qaama tokkoon qabamu/ guutuuti.

B. Boca Negatiivii

Bakka duwwaa qaama tokkoon hin qabamne, kan bilisa ta'ee hafu jechuudha. Hojii foormii yookiin bobbocaa keessatti bocni bakka negatiivii mul'atu jijjiirama iddoo dhaabbii nama bobbocicha daawwatu/ ilaalu waliin kan jijjiiramudha. Sababni isaas bobbooni yookiin foormiin qaama fiizikaalaa kan qabuufi itti naanna'amee ilaalamuu kan danda'u waan ta'eef, yeroo iddoo dhaabbii keenyaa jijjiirrannu bocni mul'atus yoo ilaallu, kallattii ilaalchaa keenyaa waliin jijjiirama.



Fakkii 1. 7a. Fakkii boca pozatiivii kallattii garagaratiin yommuu ilaallu agarsiisu



Fakkii 1.7b. Fakkii boca negatiivii kallattii garagaratiin yommuu ilaallu agarsiisu

6. Ifummaa yookiin dimimmisummaa

Bobboca keessatti ifummaa yookiin dimimmisummaa hanga ifaa yookiin gaaddisaa dirra foormichaati. Hanga baay'ina ifaa dirra wanta hojjatamee irraa balaqqaa'uuti. kunis dirra foormii hojichaa/ bobboca tokkoo yoo halluu dibame jijjiiramuu kan danda'udha.

7. Lallaafinaafi quqquuqina dirra wantootaa

Lallaafinni fi quqquuqinni qaama yookiin qulqullina dirra wantootaa kan jedhaman haala uumamaan fi nam-tolcheetiin kan argamanidha. Qulqullina, Lallaafina, Halluufi kan kana fakkaataniin hojii bobboca tokkoo sababa dhiibbaa aduu, roobaa, qilleensaatiin jijjiiramuun dhufuu danda'a.



Fakkii 1. 8. Fakkii lallaafinaafi quqquuqina dirra wantoota agarsiisu

8. Halluu

Wantoonni bobbooni irraa hojjetaman halluu uumamaa kan ofii isaanii niqabu. Yeroo bobbooni hojjennu halluu dhugaa wantichi irraa hojjetame Bifa uumamaa akkuma jirutti dibuun gaarii miti. Fakkeenyaaf, bobbooni abbaa gadaa hojjenna yoo ta'e, huccuu aadaa, hidhannoo fi wanta abbaan gadaa qabatu hunda erga fakkeessinee hojjenneen booda akkaataa halluu huccuu aadaa, hidhannoo fi qabannaa isaatti kan fakkeessinee dibnu yoo ta'e, sadarkaa hojii keenyaa gadi buusa. Kanaaf, bobbooni wantoota garaagaraatti gargaaramnee yeroo hojjennu akkaataa fakkaattii bobbooni wantoota hojjetamaniin halluu dibuun barbaachisaa miti. yoo halluu dibuun kan barbaachisu ta'e halluu wal fakkaataa ta'uu qaba malee, akka hojii diba halluu, halluu garaagaraa gargaaramnee hojii bobbooni miidhagsuuf yaaluun barbaachisaa miti.

1.1.3. Meeshaalee Bobbooni Irraa Hojjetamu

Gocha 3

Meeshaalee bobbooni irraa hojjetamuu danda'u maal fa'a ?

Wantoonni hojjaa, dheerinaafi dalgee qabaatanii kallattii hundumaan itti naanna'amanii ilaalamuu danda'an kamiyyuu hojii bobbooni ittiin hojjechuuf nigargaaru. kanaaf, bobbooni wantoota garaagaraa irraa hojjetamuu nidanda'a. Isaanis:

✎ Dhagaa

✎ Sibiila

✎ Meetii

✎ Warqee

✎ Birrii

✎ Biyyoo suphee

✎ Gagaa dammaa

✎ Muka

✎ Pilaastikii

✎ Waraqaafi kan kana fakkaatanidha.

Shaakala 1

Hiikkaafi Maalummaa caacculee bobbocaa akkasumas, wantoota bobbocni irraa hojjetamuu danda’u barattee jirta. Wantoota bobbocni irraa hojjetamuu danda’u kan naannoo keetti argachuu dandeessu irraa waan barbaaddee gargaaramuun (kanneen akka: konkolaataa, manaa, namaa, bineensotaafi kan kana fakkaatan) dhuunfaa dhuunfaatti hojjedhuutii dareef dhiyeessi. Erga dareef dhiyeessiteen booda ciminaafi hanqina hojii kee irratti yaada barattoota dareekeefi barsiisaa/ tuu kee irraa fudhadhu. Hojii itti aanuuf akka galteetti sifayyada.

1.2 Muuziqaafi meeshaalee muuziqaa

Itiyoophiyaa, Guurressaafi shubbisa

Ga'umsa barattootni yoo xiqqaate gonfachuu qaban:

Xumura barannoo mata duree kanaa booda:

- Akaakuu muuziqaa biyya keenyaa nitarreessita.
- Akaakuumeeshaalee muuziqaa aadaa Itoophiyaa nihimta.

Gaaffii hubannoo

Sirba tokko hojjechuuf yookiin qindeessuuf wantoonni ijoon barbaachisan maal faadha?

1.2.1 Akaakuuwwan gurguddoo muuziqaa Itiyoophiyaa

Gocha 4

Akaakuuwwan muuziqaa biyya keenyaa irratti nama lama lamaan mari'achuun dareef ibsaa.

Muuziqaan Itiyoophiyaa jaarraa hedduuf Aadaa Afoolaan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufee. Haalii qabatamaan yoomiifi akkamiiti akka eegale bifa barreeffamaan jiraachuu baatuus sabaafi sablammiin Itiyoophiyaa keessa jiraachaa turan muuziqaa dhimma garagaraaf maayii akka itti ba'aa turan qorannon ni ibsa. Kana jechuun yeroo duulaa ittiin wal jajjabeessf, ittiin aantummaafi jaalala qaban, sirna waqeffannaaf, miidhamaafi gadda ibsachuuf, akkasumas seenaafi aadaa hawwaasichi qabu ittiin leellisuufi gabbisuuf shorri muuziqaan taphatu olaanaa ture. Halli kun hamma illee bifa hammayya'aa ta'een itti fufee hojiirra oolaa jira. Haalota olitti ibsaman kana akka ka'umsaatti fudhachuun akaakuu muuziqaa akka asii gadiitti ibsuun ni danda'ama.

Isaanis:

1. **Sirba Gadaa:** sirbi gadaa yeroo sirni gadaa raawwatu kabajaafi haala seera walduraa duuba ofii isaan kan sirbamuudha.

2. **Sirba Ateetee:** sirbi kun yeroo caamni hammaatu, yeroo Ateetee facaafatan yeroo deessuun reebamtu yookiin dhaanamtuufi kan kana fakkaatan kan dhiyaatuudha.
3. **Sirba hawaasummaa:** Sirbi kun yeroo hawaasni jiruufi jireenya isaa geggeeffatu kan sirbamuudha. Isaanis fakkeenyaaf yeroo cidhaa, dhalootaa, ayyaanaa, du'aafi kan kana fakkaatan kan dhiyaatuudha.
4. **Sirba Hojii:** sirbootni kun kan yeroo hojii wal gargaaruun hojjetanii kan dhiyaatuudha
Fakkeenyaaf:
 - Yeroo midhaan haaman,
 - Yeroo mana ijaarsaa,
 - Yeroo miidhaan tumaafi hojiiwwan adda addaa waliin raawwatan kan sirbaniidha.
5. **Sirba Siyaasaa:** Sirbi kun kan namoonni siyaasa jiru mormuuf yookiin deggeruuf itti gargaaramaniidha.
6. **Faaruu:** Faaruun gosoota garagaraa qaabaatus yeroo baayyee manneen amantaa keessatti, manneen barnootaa keessatti dhimma barnootaaf, biyya ittiin faarsuuf, loon yeroo tiksaniifi dhimmoota garagraaf kan itti fayyadamnuudha.
7. **Geerarsa:** Geerarsi uummata Oromoo biratti baay'inaan kan beekamuu-fi haala adda ta'een kan taphatmuu dha. Geerarsi gootummaa yookiin jajjabina nama tokkoo ibsuuf kan taphataniidha. Akka aadaa Oromooti geerarsi kan geeraramu namoota ga'eessotaan yoo ta'u innis sababa tokkoon walqabsiisuun geerarama. Geerarsi irra caalatti kan geeraramu dirree waraanaatti loltoota jajjabeessuuf, bineensa mirga qabu yoo ajjeesan gootummaa ofii sana ibsuuf, sanyii ofii faarsuu fi kan kana fakkaataniidha.
8. **Sirboota Hammayyaa:** sirboota bifa hammayawaa ta'een dhimmota garagaraa irratti fakkeenyaaf bu'aa daldalaaf, bashannanaafi kkf... meeshaa muuziqaan qindaa'anii dhiyaataniidha.

1.2.2 Akaakuuwwan meeshaalee muuziqaa Itiyoophiyaa

Meeshaaleen Muuziqaa aadaa addunyaarratti erga hojiirra ooluu eegalanii barri murtaa'aa ta'e beekkamu baatuuyyuu waggoota dheeraa lakkoofsaniiru. Akkuma kana biyya keenya keessatti meeshaaleen muuziqaa aadaa yeroo dheeraaf faayidaa irra oolaa turaniifi jiran lakkoofsaan hedduudha.

Meeshaalee muuziqaa biyya keenya keessatti argaman iddoo gurguddoo **sadiitti** qoodamu. Isaanis:

- A. Kan rukutaa (rukutamuun kan sagalee baasan)
- B. Kan hafuuraa (afuufamanii kan sagalee baasan)
- C. Kan ribuu (walitti riguu fi dhooftuudhaan dhahaamanii kan sagalee baasan)

A. Meeshaalee Muuziqaa Rukutaa

Meeshaalee muuziqaa rukutaa kan jedhaman bifaafi boca garaagaraa kan qabaniifi dhimma adda addaatiif yeroo garaagaraatti kan itti fayyadamaniidha. Kana jechuun yeroo ayyaana waggaa, yeroo cidhaa, yeroo waaqefannaafi kkf itti fayyadamna. Meeshaaleen muuziqaa kunniin sagalee qal'aafi furdaa bifa baasuu danda'aniin kan tolfamaniidha. Isaan keessaa muraasa isaanii haa ilaallu.

Dibbee:

Dibbeen biyya keenyaa gosa adda addaatu jira. Isaanis waa himtuu (nagaarita,) dibbee, Ataamoofi kan kana fakkaatan jedhamuun beekamu. Kan hojjetamanis gogaafi muka, gogaafi Sibiila, gogaafi Supheefi kkf irraati.

1. Waahimtuu

Waahimtuun gosa dibbee ta'ee baay'ee guddaa ta'uusaa irraan kan ka'e namni tokko olfuudhuu hin danda'u. Iddoo tokko tokkottimmoo nagaariiti jedhameellee beekkama. tajaajillisaas moototni ummata bulchaniif ergaa adda addaa fakkeenyaaf: Ummata woraanaaf qopheessuu, gibira akka kafalan yaadachiisuu, wolgayii akka dhufan fa'a yaadachiisuu yoo barbaadan dibbee guddaa waahimtuu jennu kana harretti feesisanii rukutudhaan ergaa barbaadan dabarfachuuf itti fayyadaa turan.

Dibbeen waahimtuu kun meeshaalee muuziqaa aadaa kan rukkutaa keessaa isa tokko. Meeshaan muuziqaa kun irra caalaa gogaa yookin kaldhee kormaa, muka guddaa keessi isa soofame/gabatee irraa hojjetama. Akkasumas ribuun ykn funyoon ittiin dhifamu/jabaatee hodhamu qaba. Dibbeen kun kan rukkutamu harkaan osoo hin ta'in ulee rukutta kan jedhamu muka gaggabaabaa lama kan tajaajiluma kanaaf qophaa'eenidha.



Fakkii 1. 9 a: Fakkii Dibbee waa himtuu (nagaarita)

2. Dibbee

Dibbeen meeshaa muuziqaa kan aadaa ta'ee akkuma gubbaarratti meeshaa muuziqaa waahimtuu jenneen wolitti dhiyeenya kan qabudha. Haata'uu malee dibbeen hangaan xiqqoodha waan taateef gogaa re'eetiif gabatee xiqqoo irraa

hojjatmti. Yeroo baay'ee kan itti tajaajilamanis qophiilee akka cidhaa, ayyaanota amantaa adda addaa irratti, muka xixiqqaa lamaan yookiin ammoo harkumaan taphachuudhan/rukutuudhaan muuziqaa barbaadame san ittiin daabaalanii/miidhagsanii sirbu.



Fakkii 1. 9 b : Fakkii Dibbee

3. Ataamoo

Ataamoon yeroo muuziqaan aadaa taphatamu tajaajiluudhaan beekkama. Ataamoon waan xiqqaa ta'eef harkatti yookiin bobaa jalatti qabatanii rukutuudhaan taphatama. Ataamoon kan rukutamu harkaan yookiin mukaan yoo ta'u haalli rukutaa isaa akkaataa barbaachisummaa isaa kan yeroosanaa/haalichaa irratti hundaa'a. Taphni isaa amantaadhaan kan wal hin qabanneefi sirbootaafi shubbisa aadaa kan ta'an miidhaksuuf gargaara. Fakkeenyaaf, sirboota qaammee ijoolleen shamarranii taphatan, yeroo cidhaafi kkf dha.



Fakkii 1. 9 c : Fakkii Ataamoo

4. Dibbee xiqqoo

Dibbee xiqqoo naannoo wallaggaatti sirba yeroo cidhaa, ayyaanaafi kkf itti fayyadamu. Isas shamarrantu harkatti qabatee rukutaa sirba/shubbisa.



Fakkii 1. 9 d. Fakkii dibbee xiqqoo agarsiisu

5. Buunshoo

Buunshoon meeshaa muuziqaa kan aadaa yoo ta'u, gaanfa horii guddaa keessa soqanii/hoofanii gubbaasaammoo gogaa re'ee itti hodhanii erga gogee booda ulee xiqqoodhaan rurrkutamee kan sagalee baasudha. Meeshaa muuziqaa Kanaan kanneen yeroo dheeraaf fayyadamaa turan shamarran Arsiif Baalee ta'uu odeeffanooleen kan ibsan yoota'u kan itti tajaajilamanis yeroo cidhaatti ittiin sirbu.



Fakkii 1. 10. Fakkii buunshoo agarsiisu

6. Kabalaa

Meeshaan kunis meeshaalee rukutta keessaa tokko ta'ee gosa dibbee irraa addadha. Isas godinaalee tokko tokko fakkeenyaaf Arsii, Baaleefi Boorana keessatti baay'inaan itti fayyadamu. Yeroo baayyee kan taphatan shamarran ta'anii yeroo cidhaa, ayyaana waggaa, yeroo muudaafi kkf itti fayyadamu.

Meeshaan kun muka irra sofamee kan hojjatamuufi walitti dhahudhaan kan ittiin taphatamudha.



Fakkii 1. 11 a : Fakkii kabalaa agarsiisu



Fakkii 1. 11 b: Fakkii kaballaatti gargaaramanii yeroo sirban mullisu

7. Marakaashaa

Marakashni saba Oromoo biratti buqqee/ullee gogsanii keessa isaatti takii/dhagaa xixiqqaa/cirracha/boqqolloo goggoges itti naquudhaan yommuu asii achi raasan/sosochosoo/urgufan, sagalee rukutta muuziqichaa/ sirbichaa wajjiin deemu kan argannu ta'a.



Fakkii 1. 12: Fakkii Marakaasha

B. Meeshaalee Muuziqaa Hafuuraa

Meeshaaleen kun naannoo keenya keessatti umurii yeroo dheeraa qabu. Hawaasni biyya keenyaa yeroo durii jalqabee meeshaalee kana bu'aa bahii jirreenya isaa keessatti yeroo adda addaa itti fayyadamaa tureera; ammas itti fayyadamaa jira.

Fkn: yeroo cidhaa, yeroo jalabultii garaagaraa ittiin jaalalaaf wal waamuuf, yeroo walgahii, yeroo namni du'uu yeroo horii tiksani kkf fayyadamaa tureera; ammas itti fayyadamaa jira. Meeshaalee kanniin keessaa muraasa isaanii asii gaditti ilaalla.

1. Ulullee

Meeshaan kun jiruu hawaasa biyya keenyaa wajjiin kan walqabateedha. Yeroo baay'ee dargaggoonni biyya keenyaa yeroo loon tiksani, yeroo midhaan eegan galgala yeroo maatiin walga'u wal bashannansiisu. Jaalallee ofii ittiin

hawwachuufi kkf itti fayyadamu. Ululleen meeshaalee Muuziqaa hafuuraan afuufamee sagalee baasu ta'ee uraa afur kan qabuufi sagalee shan kan baasuudha.

Guurressoota beekamoo ta'an kan akka Yaadannoo, Baatii, Shurrubbeefi Ambaassal ittiin taphachuun ni danda'ama. yeroo qopheessiinu waantoonni irraa tolfaman shomboqqoo,sibiila, pilaastikaafi kkf dha.



Fakkii 1. 13: Fakkii Ululleefi akaataa itti taphatamuu

2. Faaggaa

Faaggaan yeroo durii jalqabee uummataa wajjin kan tureedha. Faaggaan afuuraan afuufamee kan sagalee baasu yoo ta'u naannoo keenya keessatti dhimma garagaraaf itti fayyadamu.

Fakkeenyaaf yeroo midhaan eegan bineensota ittiin sodaachisuuf, yeroo sirba jala bultii dhaqan, ittiin walwaamuuf,abidda ittiin afuuffachuufi kan kana fakkaatan itti fayyadamaa turan. yeroo ammaa meeshaalee muuziqaa biyya

keenyya keessaa badaa jiran keessaa isa tokkoodha. Faaggaa muka keessi isaa banaa ta'e ,Sooyyoma, Leemmana muka jedhamu irraas ni hojjetama.



Fakkii 1. 14: Fakkii Faaggaa agarsiisu

3. Xurumbaa

Meeshaan kun Faaggaa irraa fooyya'ee kan dhufe yoo ta'u kan jalqabaaf hojjetames buqqee (dabaaqula) irraa ture. Yeroo ammaa garuu siibiila irraa hojjetama. Hawaasni biyya keenyaa yeroo cidhaa, haamaa, walgahii, yeroo namoonni du'an ergaa ittiin dabarfachuuf itti fayyadamu.



Fakkii 1. 15: Fakkii Xurumbaa

4. Fiingee

Fiingeen meeshaa muuziqaa aadaa hafuuraa keessaa tokko ta'ee sagalee tokko baasudhaan kan bekkamuu dha. Fiingeen kan hojjatamu muka keessi isaa qaawwaa ta'ee gara jalaatiin kan bal'atuu ta'a. Fiingen gaafa loonii ykn koopparii irraa hojjatama. Meeshaan muuziqaa kun yeroo qophiin addaa jiru nagaaritiifi imbiltaa waliin tajaajila. Fakkenyaaf, mootiin biyyaa tokkoo yookiin namni beekkamaan tokkoo kan dhufaa jiru ta'uu isaa agarsiisuufi simannaa gochuuf fayyadamu.



Fakkii 1. 16: Fakkii Fiingee

Gocha 5

- a. Garaagarummaa meeshaalee muuziqaa rukuttaafi afuuraa gidduu jiru gareen ta'uun erga irratti mari'attanii booda dareef ibsaa.
- b. Wantoota naannoo keetitti argaman irraa ulullee fingee xurumbaa keessaa tokko hojjadhuu afuufuun agarsiisi.

C. Meeshaalee Muuziqaa Ribuu

Meeshaaleen muuziqaa ribuu hollannaa riibuutiin sagalee kan baasan yoo ta'u ribuu isaanii walitti riguun yookaan dhooftuun dhahuun kan taphatamaniidha. Isaan keessaas kanneen beekamoo ta'an:

1. Ximboo

Ximboon eddoo baay'etti '*Masiinqoo*' jedhamee kan beekkamu yoo ta'u, meeshaalee muuziqaa aadaa kan ribuu keessaa ribuu tokko kan qabu ta'ee sagalee shaniifi isaa ol baasuu danda'a. ximboon meeshaa aadaa biyya keenyaa baayyee beekamaafi jaalatamaadha. Itiyoophiyaa keessatti naannoolee adda addaatti itti fayyadamamu. Akkasumas Naannoo Oromiyaa iddoowwan tokko tokkotti ximboo fayyadamuun kan taphatan aadaadhaan *asmaarii* jedhamuun beekamu. Ximboo hojjachuuf meeshaaleen barbaachisan muka, ribuu/eegee fardaa, mismaara gogaa ykn muka haphii ta'eedha.






Fakkii 1. 17: Fakkii Masiinqoofi yeroo masiinqoon taphatamu agarsiisu

2. Kiraara

Kiraarri meeshaalee muuziqaa aadaa biyya keenyaa keessaa akkuma maasiinqoo isa beekamaafi jaallatamaadha. kiraarri aadaadhaan ribuu shanii hanga ja'aa qaba. Akkasumas boca garagaraafi dheerina garagaraa qaba. Yeroo taphaannus bifa lamaan taphanna, tokko quba keenyaan ribuu isaa bubbutuun/ funaanuutiin/ lammaffaan immoo dhooftuu dalga irra butuutiin/ rukutuun/ taphatama. Kiraara hojjechuuf kanneen nu barbaachisan muka, sa'anii golboo ykn gabatee xiqqaa, mismaara gogaafi ribuudha.



Fakkii 1. 18: Fakkii Kiraaraafi haala tapha isaa

Gocha 6

1. Wantootaa kiraarri irraa hojjatamuu danda'u tarreessuun akkaataa (tartiiba) inni ittiin hojjatamuu danda'a jettanii yaaddan gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

3. Baganaa

Meeshaan kun Itiiyoophiyaa keessatti bara dheeraa kan lakkoofsiiseedha. Bocni isaa kiraara waliin wal fakkaata. Qaamaan garuu kiraara irra kan dheeratuufi ribuun isaa furdaa ta'e sagalee furdaa (beezi) kan baasuufi ribuu kudhan kan qabuudha. Kan inni irraa hojjatamu muka, ribuu fi mismaaraan.



Fakkii 1. 19: Fakkii baganaafi haala tapha isaa

1.2.3 Guurressaafi shubbisa

A. Amaloota guurressi biyya keenyaa qabu

Gocha 7

Guurressi beekamoon biyya keenyaa meeqatu jira? Isaanis maal faadha? Akkaatan itti ijaaramu ykn tartiibefamuhoo? Sadii ykn afur ta'uun waliin mari'adhaa dareef ibsaa!

Muuziqaa Itiyoophiyaa keessaa iskeeliwwan muuziqaa garagaraa akka jiran qorannoon yeroo garagaraatti taasifame ni mul'isa. Iskeeliwwan jiran keessaa iskeeliin peentaatoonikii bal'inaan beekama. Iskeelii kana jalatti guurressa beekamoo afurtu jiru. Isaanis:-

1. Guurressa Yaadannoo
2. Guurressa Baatii
3. Guurressa Ambaassaliifi
4. Guurressa Shurrubbee jedhamuun beekamu.

1. Guurressa Yaadannoo

Yaadannoon guurressa biyya keenyaa keessaa tokkofi kan sagalee shan qabuudha. Innis yaadannoo meejariifi yaadannoo maayinarii jedhamee bakka lamatti qoodama. Yaadannoo meejariin kan ballinaan beekamuufi itti fayyadamamu ta'ee, akkaataan ijaarsa guurressa isaa sagaloota muuziqaa torban jiran keessaa jalqaba irraa eegallee sagalee araffaafi torbaffaa keessaa baasuun/hambisuun kan hafan shananiin kan taphatamuudha.


Akkasumas, yaadannoo maayinarii immoo sagalee afraffaafi torbaffaan akka keessaa bahetti ta'ee, dabalataan sagalee sadaffaafi jaa'affaa tarkaanfii ½ hirrisuun/gara duubaatti deebisuun kan taphatamuudha.

Fakkeenyaaf, haala tapha C yaadannoo meejarii meeshaa muuziqaa irratti yoo ilaallu

(C, D, E, __, G, A, __, C)


(Doo, Ree, Mii, __, Sool, Laa, __, Doo)

Isinis meeshaa muuziqaa piyaanoo xiqqaa irratti sagalee isaa shaakalaa.



Fakkii ijaarsa guurressa Yaadannoo Meejarii agarsiisu ilaaluun shaakali.

Fkn haala tapha yaadannoo maayinerii meeshaa muuziqaa irratti ilaalii shaakali



Fakkii ijaarsa Yaadannoo maayinarrii agarsiisu

Gocha 8


- ✎ Fakkii furtuu meeshaa muuziqaa piyaanoo/sentisaayizeraa asiin olii kaartonii yookiin waraqaa guddaa irratti gareen ijaaramtanii haala bareedaafi hawwataa ta'een kaasuun barsiisaa keessaniifi barattoota daree keessaniitti agarsiisuun wal-dorgomaa!

2 Guurressa Baatii

Baatiin guurressa biyya keenya jiran keessa isa tokko ta'ee akkuma yaadannoo sagalee shan irraa kan ijaarameedha. Innis Baatii meejaariifi maayinrii jedhamee bakka lamatti qoodama.


Baatii meejaarii akkaataan ijaarsa isaa sagalee muuziqaa torban jiran keessaa jalqaba irraa kaanee lamaffaafi ja'aaffaa keessaa baasnee kan hafan shanitti fayyadamna. **Baatii maayinariin** immoo sagalee sadaffaafi torbaffaa irratti tarkaanfii $\frac{1}{2}$ n duubatti deebinee kan taphannuudha.

Fkn C, __, E, F, G, __, B, C ykn




Fakkii ijaarsa gurressa Baatii Meejaarii agarsiisuufi bakka argamiinsa sagaleewwani BM agarsiisu laaluun taphachaa sagalee isaa adda baasi.

Fakkeenya ijaarsa guurressa baatii maayinariin



3 Guurressa Ambaassal

Ambaassal guurressa biyya keenyaa keessaa tokko ta'ee sagalee torban jiran keessaa jalqaba irraa kaanee sagalee sadaffaafi torbaffaa keessaa baasuun sagalee lammaffaafi ja'aaffaa tarkaanfii walakkaan ($\frac{1}{2}$ n)gara duubaatti deebi'uun taphatama. Fkn: C-D^b-F-G-A^b-C




Fakkii ijaarsa guurressa Ambaassal haala asiin oliin ilaalii taphadhu.

4 Guurressa shurrubbee

Guurressi kun yeroo baayyee cidhaafi kabaja ayyaana irratti taphatama. Ogeessonni muuziqaa guurressi kun akka kan Itiyoophiyaa qofa ta'eetti kaa'u. Shurrubbeen akkuma kan ambaassal sagalee torban sana keessaa sagalee sadaffaafi torbaffaa keessaa baasuun sagalee lammaffaafi shanaffaa tarkaanfii walakkaan gara duubaatti deebisuun taphatama

Fkn C-D^b-F-G^b-C yookiin haalli inni meeshaa muuziqaa irratti taphatamu:-



Fakkii ijaarsa guurressa Shurrubbee haala asii oliitiin ilaalaa taphaachuun shaakalaa.

Sabaafi sablammoonni biyya keenya keessa jiraatan akkuma asiin olitti ibsame bal'inaan iskeeliin muuziqaa itti fayyadaman peentaatoonikii yoo ta'u isaanii adda taasisu rukutaa (ritimii) isaan fayyadamaniidha. Naannoowwan muraasa Itiyoophiyaa keessaa akka fakkeeniyatti yoo fudhanne, baayyinaan gurreessa muuziqaa kamtu akka sirba/faaruu keessatti hojiirra oolu haa ilaallu.

Guurreessi baay'inaan naannoo Oromiyaa keessatti hojiirra ooluun beekaman;

- Yaadannoo meejariifi Baatii maayinarii dha.

1.3. Caacculee pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-fiilmii

Ga'umsa barattootni yoo xiqqaate gonfachuu qaban:

Xumura barannoo mata duree kanaatti:

- Caacculee pirodaakshinii Og-tiyaatiraa ni tarreessita.
- Gahee ibsaafi uffanni og-tiyaatira keessatti qabu ni ibsita.
- Maloota shaakala goch-ta'ummaa ni ibsita.
- Adeemsa pirodaakshinii (qophii) Og-fiilmii ni himta.

Seensa

Kutaa darban keessatti maalummaa tiyaatiraa, akkaataa jalqabbii tiyaatiraa, guddina tiyaatiraafi garaagarummaa tiyaatiraafi diraamaa addaan baastee hubatee jirta. Kuta kana keessatti adeemsa pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-fiilmii kan barattu ta'a.

Gocha 9

1. Waa'ee Og-tiyaatiraa kan kutaa darban keessatti barattan hiriyyoota keessan waliin wal yaadachiisaa.
2. Tiyaatira qopheessuuf maaltu akka barbaachisu hiriyyota keessan wajjiin irratti mari'adhaa.

1.3.1. Caacculee pirodaakshinii Og-tiyaatiraa

Og-tiyaatirrii tokko qophaa'ee waltajjiirratti dawwaattootaaf dhihaachuuf adeemsa baay'ee keessa darba. Kana jechuun hojiin Og-tiyaatiraa yeroo tokko keessatti kan xumuramu miti. Hojii gartuun hojjetamuufi yeroo gaafatuudha. Caacculee pirodaakshinii og-tiyaatiraa jechuun hojiin tiyaatiraa tokko jalqabbii isaa irraa kaasee hanga daawwannaa dhiyaatutti wantoota inni of keessatti qabatuudha. Caacculee pirodaakshinii og-tiyaatiraa keessatti namoota qaamaan waltajjii irratti bahanii hojii taatummaa dalagan alatti hojii teekinkii pirodaakshinii sanaaf barbaachisan akkaataa kalaqa pirodaakshinii filatamee hojjetamee dhiyaachuuf deemutti namoota ga'ee isaaniif kenname sana haalaan hojjetaniidha. Isaan kunis pirodaakshinii og-tiyaatiraa keessatti al-taatota jedhamanii waamamu.

Pirodaakshinii Og-tiyaatiraa jechuun adeemsa tiyaatirri tokko keessa darbuun qophaa'ee ga'umsa gaariin qindeeffamee dhiyaatu jechuudha. Hojiin kunis qooda fudhatootni tiyaatiraa hunduu kallattii oguma isaaniin yeroo itti hojjetaniidha. Pirodaakshiniin tiyaatiraa tokko hojii hojjetamuu qabu irratti hundaa'ee caacculee kanneen akka: **Uffannaa, Dibata, Sagalee, Siinarii, Taatota, goch-taatoo, Al-taatota, Ibsaa**, of keessaa qaba.

A. Uffannaa

Seenaa jalqabbii tiyaatiraa kutaa darban keessatti akkuma baratte, yeroo jalqabuma tiyaatirri jalqabu, agarsiisa sirna Dayinosasii kan biyya Giriikii keessatti gartuun warreen faaruu Ditiram dhiyeessan uffata yookaan kal'oo Re'ee uffatanii dhiyeessaa turan. Seenaan uffata tiyaatiraas uffata kalloo re'ee irraa jalqabee kan dubbatuudha.

Akkuma kana seenaan jalqabbii tiyaatiraa kan biyya Roomaa keessattis, uffata aadaa kan akka wandaboofi marxoo qabu waliin wal fakkaatuun tiyaatira dhiyeessaa turan.

Bara giddu galeessaa keessattis tiyaatirri yommuu agarsiifamutti wandaboon dhimma tiyaatiraaf hodhisiifamuun kan dhimma itti ba'amaa ture ta'uu seenaan uffata tiyaatiraa ni dubbata.

Bara tiyaatira Elzaabet bara 1500-1600 keessa Ingilaandonni uffata waarshaan hojjetamu uffachuun yommuu dhiheessan namoonni harka qalleeyyii uffata miidhagaa uffachuu hin dandeenye immoo uffatuma jireenya guyyuu isaanii uffachuun tiyaatira dhiyeessaa turan.

Walumaa galatti, uffatni tiyaatiraa nama ogummaa dizaayinii uffataa beeku, qophii tiyaara waltajjiif nama qooda qabuun kan dhihaatuudha. Ogeessi uffataa akkaataa tiyaatirri dhiyaataa jiru sun ajajutti uffata bobboca yookaan dhiheessa. Uffata akkaataa seenaa tiyaatiraa sanaaf ta'utti nama qopheessuudha. Ga'een isaas:

- Uffata taatotni ittiin dhiyeessan adda baasuu
- Uffata bocuu
- Uffata taatotaa dhiyeessuu

B. Dibata

Dibatni fuula taatoo irratti kan saxaxamuudha. Saxaxni kunis haalota qophichaa irratti hundaa'a. Ruqa oguma taatee/performing art/ kessatti haala dhaabbii taatoo gara dhaabbi jijjiiruuf kan fayyaduudha. Qophiileen baayyee dibata bareedinaa/bu'uraa kan fayadaman yoo ta'uu taatootni tokko tokko dulloomaa, nama dhukkubsate, qodataa manaaga fi kkf fakkachuuf dibata addaa barbaadu.

Faayidaa dibataa

- Godaannisa fuula taatoo irratti yoo jiraate ballessuuf
- Fuullii taatoo sirritti akka mul'atuuf
- Fuula ibsuun, gochaa wajjiin firoomsuuf
- Taatoota haawwataa taasisuuf
- Taatoota gahee barbaadan bilisaan akka taphatuu gochuuf

C. Ibsaa

Ibsaan akkuma uffataa ogeessa ibsaatiin akka tiyaatirichaaf ta'utti qophaa'a. Ibsaan waltajjiirratti taatota mul'isuu dabalatee seenaa tiyaatirichaa dhugoomsuuf faayidaa guddaa qaba.

Ga'een ogeessa ibsaa kanneen armaan gadiiti.

- Taphee dubbisuun ibsaa barbaachisu adda baasuu
- Bakka tiyaatirri itti dhiyaatu deemuun golgaafi ibsaaf kan barbaachisu guutuu

Haal-duree ibsaa kan akka meeshaalee elektirooniksii barbaachisoo ta'an guuttachuuIbsaa irrattis gocha dabaluu

D. Sagalee

Ogeessi sagalee bartaphee dubbisuun dhugoomina seenichaaf sagaleewwan barbaachisan adda baasuun akka seenaa sanaa ta'utti qopheessa. Fakkeenyaaf, bar'uun lafaa bartaphee keessatti barreeffamee yoo jiraate, sagaleewwan ganama lafaa dhagahaman kanneen akka waca simbiraa, sagalee bineensaa, sagalee amantii, (magaalaa keessatti) fi kanneen kana fakkaatan hojjechuun

qophii tiyaatiraaf haal duree isa barbaachisu hunda guuttachuun qopheessaa.

E. Siinarii

Siinariin pirodaakshinii tiyaatiraa keessatti, miira iddoo ta'ii seenaa bartaphee sana haala uumuu danda'uun kan ijaaramuudha. Siinariin yoomessa bartaphee waltajjii irratti bifa ijaarameen kan mul'atuudha. Siinariin wantoota waltajjiirratti mul'atan Bar-Cuma irraa eegalee hanga ijaarsa manneenii, akkasumas, iddoo seenaan irratti raawwatame bakka adda addaa ta'uu mala waltajjii irratti kan itti fayyadamnu jechuudha.

Walumaa galatti, Siinariin waltajjiirratti bareedee uumama fakkaatee dhugaa ibsee dhiyaachuun tiyaatira keenya dhugaa fakkeessuuf fayyada.

F. Taatota

Taatota jechuun pirootakshinii tiyaatiraa tokko keessatti namoota seenaa tiyaatirichaa hirmaachuun gahee kennameef tokko ta'anii waltajjii irratti agarsiisaniidha. Taatotni kunis dhiiras ta'e dhalaa ta'uu danda'u.

G. Goch-Taattoo

Goch-ta'ummaan tiyaatira, fiilmii, diraamaa raadiyoofi kkf keessatti seeneessa ta'ii tokkoo taatootaan madaqfamee gochaa akkeessuu irraa ta'ii dhugaa fakkaatu agarsiisuu danda'uudha. Goch-taattoo dandeettiiwwan akka xiinxala fageessanii yaaduu, miireeffannaa, sochii qaamaa hiika qabeessa ta'e, sagalee ol kaatuu, dubbii sirriitti dhagahamtufi dandeettii bartaphee hiikuu faadha.

Akkasumas, goch-ta'ummaan dandeettiiwwan akka jechoota garagaraa, loqoda, tastaphee, taph- alsagalee, daawwannaa, walitti bu'iinsa waltajjiifi kkf of keessatti hammata. Kanaaf, taatoonni shaakala yeroo dheeraa taasisuu isaan barbaachisa.

Shaakala goch-ta'ummaa keessatti maloota garagaraatu jiru. Kanneen keessaa:

1. Mala Meeyisnerii

Malli Meeyisnerii kun goch-ta'ummaa dhugaa irratti hundaa'a. Malli kunis

taatoonni miira keessoo isaaniittii itti dhagahamu akka hojjetan jajjabeessa. Waan sammuu xiinxalamu irra waan Onneen isaanii itti himu akka ta'anii hojjetan kan barsiisuudha.

2. Mala Istaanslaaviskii

Malli Istaanslaviskii taatoonni miira yaadannoo isaanii akka fayyadaman jajjabeessa. Taatoonnii jiruu isaanii keessatti waan dabarsan, yaadannoo isaanii akka duuba deebi'anii xiinxalan gaafata. Yookiin immoo taatoonnii gaaffii “Osoo ta”iin kun dhugummaan anarratti taheera ta’ee akkamittin gocha kana ta’ee taphadha” jedhanii of gaafatu.

Malli Istaanslaaviskii Caacculee afur qaba

- Xiyyeeffannoo
- Qaamafi yaada Bilisaa
- Miira yaadannoo
- Dhugummaa

H. Al-taatota

Al-taatota jechuun kallattiidhaan waltajjii tiyaatiraa irratti qaamaan kan hin mul’anne ta’anii pirodaakshinii tiyaatiraa tokko jalqabbii irraa hanga xumuraatti teekinika barbaachisuun kan deggaraniidha.

I. Ibsaa

Ibsaan pirodaakshinii tiyaatiraa keessatti yoomessa dhugoomsuufi miira taatotaa guutuu taasisuuf Kan fayyadu ta’ee gosootaafi hanga garagaraa kan qabuudha.

1.3.2 Sadarkaalee pirodaakshinii og-tiyaatiraa

Sadarkaalee pirodaakshinii og-tiyaatiraa jechuun qophii hojii tiyaatiraa tokko keessatti sadarkaalee keessa darbaman jechuudha. Sadarkaaleen kunis bakka gurguddaa sadiitti qoodamu. Isaanis:

1. Sadarkaa qophii duraa
2. Sadarkaa yeroo qophiifi
3. Sadarkaa qophii boodaa jedhamu.

1. Sadarkaa qophii duraa

Sadarkaan kun sadarkaa jalqabaa haaldureewwan pirodaakshinii og-tiyaatiraati. Isaan kunis, bartapheen tokko filatamee yeroo qophaa'u irraa eegalee filannoo taatotaa, filannoo bakkaa, qophii meeshaaleefi baajataa, akkasumas yeroo shaakalaafi teeknikoota qophii hunda hammata.

2. Sadarkaa yeroo qophii

Sadarkaan kun immoo yeroo hojiin tiyaatiraa tokko shaakalamee dhume waltajjiirratti dhiyaatudha. Sadarkaan kun raawwii taatonni waltajjiirratt agarsiisan, miira daawwatootaa/jamaa, akkasumas haala qabannaa waltajjii, haala uffannaafi dibataa, miira taatoo, itti fayyadama ibsaafi sagalee of keessatti hammata.

3. Sadarkaa qophii boodaa

Sadarkaan kun yeroo itti tiyaatirri tokko shaakallisaa xumuramee agarsiisaaf banaa ta'u, hojiiwwan beeksisuufi raabsuu hunda haammata. Kunis tiyaatirri sun jamaa duratti akka dhiyaatuuf bakka filachuu, daawwatoota afeeruufi kallattiidhaan agarsiisuudha.

1.3.3. Caacculee pirodaakshinii Og-Fiilmii

Caacculeen pirodaakshinii og-fiilmii wantoota hojii fiilmii tokkoo keessatti jalqabaa hanga xumuraatti haammatamanidha. Isaanis: gocha taatoo, yoomessaafi meeshaalee, kaameraa, ibsaa, halluufi sagaleefi muuziqaafi kan kana fakkaatanidha.

A. Gocha taatoo

Gochi taatoo seenaa taatoon tokko fiilmii keessatti qooddatee raawwatu kan agarsiisu ta'ee, teknika qophii og-fiilmii keessatti gochaan taatoo sanaa akkamitti gara waraabbiitti akka dhufu, kofa kaameraa waliin walqabsiisee kan

agarsiisudha.

B. Yoomessaafi meeshaalee

Qophii og-fiilmii keessatti seenaan tokko yoomiifi eessatti akka ta'e, ta'ii sana keessattis meeshaalee akkamii fayyadamuun dhugoomina seenaa sanaa argisiisuu akka danda'amu kan ibsudha. Kunis yeroofi bakka seenaan sun itti raawwatame kallattiinis ta'e alkallattiidhaan dhugaa hawaasaa waliin wal simsiisee kan dhiyeessuufi meeshaalee bara seenaan sun itti raawwatameefi haala hawaasummaa bara sanaa kan argisiisudha.

C. Kaameraa

Kaameraan meeshaa seenaan fiilmii taatotaan shaakalamee qophaa'e ittiin waraabamee suur-sagaleetti deebi'uun kan ittiin dhiyeeffamudha. Kunis akkaataa qajeelfama waraabbii seenaa fiilmichaa irra jirutti fageenya, kofaafi sochii adda addaa kan qabuufi seenaa dhiyaatu dhugoomsuu keessatti gahee guddaa kan qabudha.

D. Ibsaa

Ibsaan qophii og-fiilmii keessatti mil'uu/argama miidhagsuuf, yoomessa dhugoomsuuf akkasumas miira taatotaa guutuu taasisuuf kan fayyadudha. Kunis seenaa fiilmii irratti hundaa'uudhaan gosootaafi kallattii, akkasumas jabina adda addaatiin kan qophii og-fiilmiitti dabalatudha.

E. Halluu

Halluun fiilmii keessatti miira taatoon keessa jiru ibsuuf gargaara. Kunis akkaataa seenaa og-fiilmii sana keessatti barreessaan qindeessee kaa'e irratti hundaa'a. Akkuma halluu garagaraa gargaaramnu miirri seenicha keessatti taatonni mul'isanis halluu sana waliin kan dhugoomsaa deemu halluudha.

F. Sagaleefi muuziqaa

Sagaleefi muuziqaan seenaa barruu fiilmii irratti hundaa'uun miira taatoo dhugoomsuuf, yoomessa dhugoominaa uumuuf akkasumas ergaa og-fiilmii tokkoo guutuu taasisuuf kan fayyadanidha. Kunimmoo sagaleewwan uumamaafi namtolchee, kanneen seenaa fiilmichaa faana deeman fayyadamuun

akkasumas sagalee meeshaalee muuziqaa fayyadamuun miira taatotaa ibsuu, ergaa fiilmichaa guutuu taasisuufi dandeettii taatummaa taatotaa guutuu taasisuuf kan fayyadanidha.

1.3.4. Sadarkaalee pirodaakshinii Og-filmii

Fiilmiin tokko jalqabaa kaasee hanga xumuraatti sadarkaalee garaagaraa keessa darbuun hojjetama. Fiilmiin tiyaatira caalaa humna namaafi ogeessa garaagaraa kan barbaadudha. Adeemsa fiilmii qopheessuu keessatti sadarkaalee gurguddaa sadiitu jiru. Qoqqooddiin kunis akkaataa raawwiifi hojiiwwan hojjetamu irratti hundaa'eeti. Isaanis:

A. yeroo qophii duraa,

B. yeroo qophiifi

C. yeroo qophii boodaa jedhamu.

A. Yeroo qophii duraa

Qophii fiilmiin dura hojiiwwan fiilmii keessatti hojjetaman, kanneen akka taatota waliin hojjetamu adda baasuu, meeshaawwaniifi, sagantaalee shaakalaa beeksisuu, wayitii gabatee shaakala fiilmii baasuun qopheessuu, baajata barbaachisu qopheessuu, namoota fiilmii sana deeggeran waliin hojjechuuf qophii taasisuu, taatootni bartaphee dubbisuu, taatoonni qopheessaafi ogeessota waliin hojjetan kanneen akka ogeessa ibsaa, ogeessa sagalee miidhagsuu, ogeessa uffata bobbocu, ogeessa ibsaa, kanneeniifi kanneen kana waliin hariiroo qaban waliin wal baruu. Akkaataa hojii fiilmichaa irratti ibsa barbaachisaa waliif kennuu, seenaa waliif qooduu, ga'ee qoodatan danqaa isaan mudachuu danda'u taatotni adda baafachuufi waliigaltee qopheessaa yookaan dhaabbata fiilmii hojjetu waliin walii mallatteessuun gara hojiitti darbuudha.

B. Yeroo qophii

Yeroo pirodaakshinii fiilmii kan jedhamu yeroo fiilmii hojjechuuti. Wantootni barbaachisan marti dhiyaatee yeroo shaakalaafi yeroo kutaa kutaan yookaan mul'ata mul'ataan waraabbiin itti taasifamuudha. Yeroo pirodaakshinii fiilmii kana keessatti taatonniifi al-taatonni kallattii hojii isaanii maraanuu yeroo itti waan isaan irraa eegamu raawwatanidha.

Walumaa galatti, yeroo pirodaakshinii kana keessa hojiiwwan raawwataman:

- Fiilmii waraabuu
- Fiilmii waraabame, hanqinoota isaa adda baasuun irra deebiin waraabuu
- Fiilmii waraabame keessatti bakkoota hin barbaachisne qulqulleessuu, hinbarbaachisne adda baasuu

C. Yeroo qophii boodaa

Hojiin yeroo pirodaakshinii fiilmii booda hojjetamu fiilmii hojjetamee ture gara walitti qabuu, gulaaluu, wantoota hin barbaachisne keessaa hambisuu, akka barbaadametti hojjetamuu isaa adda baasuun qopheessuu of keessatti qabata.

Walumaa galatti, pirodaakshinii fiilmii booda hojiiwwaan hojetaman:

- Gulaaluu
- Fiilmicha beeksisuu
- Gabaaf dhiyeessuu
- Daawwataadhan gahuu

Cuunfaa Boqonnaa 1

- Bobbocni wantoota sasalphaa hojjaa, dheerinaafi dalgee qaban hunda irraa hojjetamuu kan danda'udha.
- Ilmi namaa erga lafa irratti uumamee jiraachuu jalqabee kallattiinis haa ta'u al-kallattiin, hojiiwwan bobbocaa hojjechaa kan turedha.
- Bobbocni umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi ilma namaa waliin umurii wal qixa kan qabudha.
- Hiikniifi Ibsi bobboca irratti kennamu kan duraan beekamu irra jaarraa 20^{ffaa} keessa baay'ee babal'atee ture.
- Hojii bobbocaa keessatti sochiin (miira wanta bobboca hojjatamee kan agarsiisu) isa baay'ee murteessaafi barbaachisaa ta'edha.
- Jechi bobboca /sculpture/jedhu jecha Laatinii “**Sculpere**” jedhu irraa kan dhufedha.
- Bobbocni dhugummaa wanti tokko qaama fiizikaalawaatiin qabu, kan wantoota fakkoo ta'aniitiin (Diba halluufi Wixineen) agarsiifamuu hin dandeenye kan agarsiisuu danda'udha.

Caacculeen bobbocaa uumamuu wantoota bobboca yookiin foormii ta'aniif sababadha.

- Pirodaakshinii Og-tiyaatiraa jechuun adeemsa tiyaatirri tokko keessa darbuun qophaa'ee dhiyaatu jechuudha.
- Fiilmiin tokko jalqabaa kaasee hanga xumuraatti sadarkaalee garaagaraa keessa darbuun hojjetama.
- Yeroo pirodaakshinii fiilmii kan jedhamu yeroo fiilmii hojjechuuti.
- Siinariin pirodaakshinii tiyaatiraa keessatti, miira iddoo ta'ii seenaa tiyaatira sanaa haala uumuu danda'uun kan ijaaramuudha.
- Malli Meeyisnerii goch-ta'ummaa dhugaa irratti hundaa'a.
- Meeshaaleen muuziqaa biyya keenya keessatti argaman iddoo gurguddoo saditti qoodamu. Isaanis:-

- Kan rukuttaa, Kan afuuraafi Kan ribuu.
- Guurressa (Iskeeliwwan) biyya keenya jiran keessaa iskeeliin peentaatoonikii bal'inaan beekama isaanis iddoo gurguddoo afuritti qoodamu.
- Guurressa yaadannoo, Guurressa baatii, Guurressa ambaassalfi Guurressa Shurrubbee jedhamuun beekamu.
- Meeshaaleen muuziqaa rukuttaa sagalee qal'aafi furdaa bifa baasuu danda'aniin kan tolfamaniidha.
- Iskeeliwwan jiran keessaa iskeeliin peentaatoonikii biyya keenyatti bal'inaan beekama.
- Muuziqaafi shubbisni aadaa saba tokkoo aadaawwan kan biroo kam caalaayyuu aadaa calaqqisiisuu bira darbee saba kan biraa biratti amala jaallatamuufi leellifamu qaba.

Gilgaala Boqonnaa 1

I. Gaaffilee asiin gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hin ta'in immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Bobbocni tooftaalee hojiin og-argaa ittiin hojjetaman keessaa isa tokko ta'ee, ilmi namaa bara durii irraa kaasee hojjechaa kan jirudha.
2. Ilmi namaa kallattiinis haa ta'u al-kallattiin hojiiwwan bobbocaa nihojjeta.
3. Seenaafi Dhufaatii ogummaa bobbocaa yoo dudduuba deebinee ilaalle umurii dheeraa kan lakkoofsise miti.
4. Bobbocaafi Ilma namaa gidduu hariiroo jabaatu jira.
5. Hiikniifi Ibsi bobboca irratti kennamu kan duraan beekamu irra jaarraa 18^{ffaa} keessa baay'ee babal'atee ture.
6. Bobbocni yeroo hundaa wantoota fakkaattii /Bakka buutee uumamaa ta'an qofa agarsiisa.
7. Hojiiwwan bobbocaa kan fakkoo hin taane fi qaama uumamaan wanti tokko qabu guutummaa guutuutti kan mul'isudha.
8. Hojii bobbocaa keessatti sochiin isa baay'ee murteessaafi barbaachisaa ta'edha.
9. Fiingeen meeshaalee muuziqaa ribuu keessaa isa tokkoo dha.
10. Guurressi Yaadannoo sagalee 4^{ffaa} fi 7^{ffaa} sagaleewwan torban keessaa baasuun taphatama.
11. Muuziqaan aadaa sirboota yeroo hojii hin dabalatan.
12. Akaakuun meeshaalee muuziqaa bakka lamatti qodamu.
13. Oromiyaa keessatti guurressi baay'inaan hojiirra oolaa jiru guurressa Shurrubbeeti.
14. Malli Meeyisneerii caacculee afur qaba.

15. Pirodaakshinii fiilmii keessatti hojii yeroo qophii boodaa hojjetamu keessa tokko hojii gulaaluuti.
16. Fiilmiin tokko jalqabaa hanga dhumaatti ogeessa tokko qofaan hojjetama.
17. Goch-taattoo keessatti malli Istaansilaaviskii taatoonni miira yaadannoo isaanii akka fayyadaman jajjabeessa.

II. Gaaffilee asiin gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Ilmi namaa osoo hin qarroomiin dura meeshaalee asiin gadii keessaa isa kamitti tajaajilamaa hin turre?

A. Dhagaa	B. Sibiila
C. Lafee bineensotaa	D. Gaanfa bineensotaa
2. Hojiin bobbocaa kanneen asiin gadii keessaa isa kam ibsa?

A. Miira	B. Seenaa
C. Aadaa	D. Hunduu deebiidha.
3. Ibsi/Yaanni xiqqaafi murtaa'oon bobboca irratti duraan kennamaa ture hafee, yaanni bal'aan kennamuu kan eegale sababa maaliifi?

A. Guddina tekinolojii	B. Meeshaalee haaraa
C. Tooftaa haaraa hojichaa	D. Hunduu deebiidha.
4. Kanneen asiin gadii keessaa kan bobbocni hin qabne isa kami?

A. Dalgee	B. Hojjaa
C. Dheerina	D. Deebiin hin kennamne.

5. Bobboca ilaalchisee isa kamtu dhugaa miti?
 - A. Qaama fiizikaalawaa ta'e qaba.
 - B. Kallattii lama qofaan ibsama.
 - C. Jajjaboodha.
 - D. Harkaan ni tuttuqama.
6. Tooftaalee bobbooni ittiin hojjetaman asiin gadii keessaa kan baay'ee turaa hin taane isa kami?
 - A. Bocuu
 - B. Soofuu
 - C. sibiila walitti qabsiisu
 - D. Deebiin hin kennamne.
7. “**Sculptura**” jechuun maal jechuudha?
 - A. Dhommoqsuu
 - B. Mummuruu
 - C. Irraa soofuu
 - D. Hunduu deebiidha.
8. Bobbooni dhagaa irraa mala asiin gadii keessaa isa kamiin hojjetamuu danda'a?
 - A. Soofuu
 - B. sibiila walitti qabsiisu
 - C. Bocuu
 - D. Omishuu
9. Muuziqaa asiin gadii keessaa kan adda ta'e kami?
 - A, Shubbisa
 - C, Dhiichisa
 - B, Iskistaa
 - D, Ragada
10. Meeshaalee muuziqaa aadaa rukuttaan kan ta'e kami?
 - A, Kiraara
 - C, Ataamoo
 - B, Faaggaa
 - D, A fi Cn deebiidha

11. Meeshaalee muuziqaa ribuu kan ta'e kami?

A, Dibbee	C, Xurumbaa
B, Masiinqoo	D, Deebii hin qabu
12. Kanneen asiin gadii keessaa tokko akaakuu meeshaalee muuziqaa miti.

A, Kaabalaa	C. Faaggaa
B, Ragada	D, Dibbee
13. C, E, F, G, B, C tartiibni sagalee kun gurreessa _____ ti.

A, Baatii M	C, Ambaassal
B, Yaadannoo	D, Shurubbee
14. Yeroo pirodaakshinii Og-filmii keessa hojiin hojjetamu isa kami?

A. Fiilmii beeksisuu	C. Shaakala beeksisuu
B. Taatota filachuu	D. Baajata qopheessuu
15. Kanneen armaan gadii keessa tokko gahee ogeessa uffataa miti.

A. Uffata bobbocuu	C. Taphee hubachuu
B. Uffata taatotaa adda baasuu	D. Kofa waraabbii filuu
16. Kanneen armaan gadii keessa tokko wantoota waltajjiirratti mul'atan hunda of keessatti hammata.

A. Goch-taattoo	B. Siinarii
C. Sagalee	D. Ibsaa
18. Ga'ee ogeessa ibsaa kan ta'e kami?

A. Uffata taatotni ittin dhiyeessan adda baasuu	B. Uffata bobbocuu
C. Taphee dubbisuun ibsaa barbaachisu adda baasuu	D. Hunda

III. Gaaffilee asiin gadii barreessun deebiisi.

1. Gosoota meeshaalee muuziqaa rukkutaa tarreessi.
2. Meeshaaleen muuziqaa aadaa Itiyoophiyaa bakka meeqatti qoodamu? Tarreessi.
3. Gurreessa baayyinaan naannoo Oromiyaatti fayyadaman isaan kami?

BOQONNAA

Dandeettii Kalaqaa

2

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura barannoo boqonnaa kanaatti:

- Nootaalee gatii turtii rukuttaa garagaraa qaban nidubbista.
- Guurressa Shurrubbeefi Ambaassal addaa baastee nibeekta.
- Muuziqaa sasalphaa guurressa Shurrubbeefi Ambaassaal fayyadamuun nitaphatta.
- Shubbisa aadaa gochaan ni agarsiista.
- Adeemsa pirodaakshinii og-tiyaatiraafi og-fiilmii ni ibsita.
- Seenaa gabaabaa og-tiyaatiraafi og-fiilmiif ni kalaqxa.
- Adeemsa qeeqa og-aartii adda ni baasta.
- Hiikaafi maalummaa hojii maxxansaa ni hubatta.
- Akkaataa hojii peppar maashee adda nibaafatta.
- Maalummaa hojii biyyee suphee nixiinxaalta.

Seensa

Boqonnaa tokko keessaatti akaakuwwan, faayidaafi ga'ee muuziqaafi meeshaalee muuziqaa, guurressaafi shubbisaa barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee soolfeejoofi soolfeejootti fayyadamuun guurressa muuziqaa Itiyoophiyaa shurrubbeefi ambaassaal, akkasumas shubbisa aadaa

wal qabsiistee nibaratta. Boqonnaa tokko keessatti caacculee pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-fiilmii barattee jirta. Akkasumas, maloota goch-ta'ummaa keessatti raawwatan hubatteerta. Boqonnaa kana keessatti immoo pirodaakshinii og-tiyaatiraafi og-fiilmiif maaltu akka barbaachisuufi adeemsa isaa kan barattu ta'a. Dabalataanis, haala itti seenaa gabaabaa og-tiyaatiraafi og-fiilmiif kalaqaniifi adeemsa Og-aartii tokko itti qeeqan kan gonfattan ta'a.

Ogummaan suphee dhahuu ogummaa hojiin bobbocaa ittiin hojjetamudha. Akaakuu biyyee suphee, hojiin ogummaa suphee irraa hojjetamu bakkaa bakkatti garaagarummaa niqaba. Akkuma biyyeen suphee hojii adda addaa hojjechuuf tajaajilaa tureefi jiru, ogummaan peppar maasheefi hojiin maxxansaas tajaajila adda addaaf oolaa kan tureefi oola jirudha. Ogummaa peppar maashees ta'e, bu'aawwan hojii maxxansaa wantoota tajaajila adda addaafi hojii miidhaginaaf oolaa turan.

2.1. Solfeejiyoo guurressa muuziqaa Itiyoophiyaan (shurrubbeefi ambaassal)

Ga'umsa barattootni yoo xiqqaate gonfachu qaban:

Xumura barannoo mata duree kanaatti

- Guurressa Shurrubbeefi Ambaassaal adda baastee ni ibsita.
- Hiikaafi faayidaa Solfeejoo adda baastee nihimta.

Gaaffii Hubannoo

Muuziqaa taphachuuf bu'uura yookiin lafee dugdaadha kan jennu maali? sababa maaliif bu'uura yookiin lafee dugdaa jedhame?

2.1.1. Solfeejiyoo

Gocha 1

1. Solfeejiyoon maal?
2. Faayidaan Solfeejiyoon muuziqaa keessatti qabu maal?

Solfeejiyoo jechuun saayinsii muuziqaa keessaa tokko ta'ee waa'ee dandeettii namni muuziqaa dhaggeeffachuu, barreessuufi dubbisuu keessatti qabu irratti kan xiyyeeffatuudha. Rukuttaalee muuziqaa adda addaa, sagalee nootaalee gurraan dhaga'ee adda baafachuun, yeedaloo barreeffames dubbisuun karaan ittiin baratamu solfeejiyoodha.

Solfeejiyoon akkuma barnoota kanneen biroo adeemsaan/ shaakalaan baratama. Ga'ee inni Saayinsii muuziqaa keessatti taphatufi dandeettii muuziqaa horachuuf gumaachu ol-aanaadhaa. Akkuma beekamu muuziqaa keessatti sirboonnifi faaruwwan garagaraa miidhaganiifi qindaa'anii miira namaa hawwataniifi kaka'uumsa namatti uuman mara isaaniif bu'uurri solfeejiyoodha. Kana jechuun Solfeejiyoon akkaataa rukuttaalee garagaraafi yeedaloo garagaraa bu'ura irraa hanga isa ol-aanaatti kan nu barsiisuudha.


Shaakala dubbisa rukuttaalee

Nootaalee yeroo dubbisnu yookaan yeroo shaakallu harka keenya walitti rukutuun yookiin miila keenyaan lafa rukutuun akkaataa nootaalee rukuttaalee barreeffameen haa shaakallu.

Shaakala 1

1. Nootaalee asiin gadii mallattoo agarsiisa yeroo isaa irratti hundahuun 'taa' yookiin 'laa' jechuun shaakali.


A



B



C




D




E.



F.






Shaakala 2

2. Nootaalee asiin gadii mallattoo agarsiisa yeroo isaa irratti hundaahuun ‘taa’ yookiin ‘laa’ jechuun shaakali.




Shaakala 3

3. Nootaalee asiin gadi mallattoo agarsiisa yeroo isaa irratti hundaahuun ariiti dhaan taa yookiin laa jechuun shaakali.



Shaakala 4

4. Nootaalee asiin gadi mallattoo agarsiisa yeroo isaa irratti hundaahuun ariitidhaan taa yookiin laa jechuun shaakali.



Shaakala 5

5. Nootaalee asiin gadii mallattoo agarsiisa yeroo isaa irratti hundaahuun ariittidhaan ‘taa’ yookiin ‘laa’ jechuun shaakali.



2.1.2. Guurressa Muuziqaa Itiyoophiyaa

Akkuma boqonnaa darbe keessatti baratte biyyi keenya guurresssa mataa ishii qabachuun ni beekama. Isan kanniin keessaa boqonnaa kana jalatti guurressa Ambaassaliifi Surrubbee ilaalla.

2.1.2.1 Guurressa Ambaassal

Guurressi Ambaassal iskeelii tokko keessatti kan taphatamu ta’ee akkuma wayitii darban keessatti ilaaluuf yaalle sagalee torban jiran keessaa jalqaba irraa kaanee sagalee sadaffaafi torbaffaa keessaa baasuun sagalee lammaffaafi ja’aaffaa tarkaanfii walakkaan gadi-hir’isuun/ gara duubatti deebi’uun taphatama.

C-D^b-F-G-A^b-C

1. C Ambaassal

C D E F G A B C (CM)C D^b F G A^b C (C amb)

C Ambaassaliin harka tokkoon yeroo taphatamu gabatee muuziqaa asiin gadii irratti caqasi.




C Ambaassalii gabatee guddicha asiin gadii irratti caqasi.



2. D Ambaassal

D, E, F[#]-G, A, B, C[#]D, (DM)D E^b G A B^b D (D amb)

D Ambaassalii gabatee muuziqaa asiin gadii irratti caqasi.



D Ambaassalii gabatee guddicha asiin gadii irratti caqasi.



3. Fakkeenya A^b Ambaassalii

A^b B^b C D^b E^b F G A^b (A^bM)


A^b B^{bb} D^b E^b F^b A^b (A^b Amb)

A^b Ambaassalii gabatee guddicha asiin gadii irratti caqasi.



Gocha 2

1. Sagaloota muuziqaa asiin gadii ka'umsa godhachuun guurressa Ambaassalii ijaarii kileefii Jiifi Beezii irratti agarsiisi.



2. Kanneen asiin gadii fayyadamuun kileefoota irratti guurressa Ambaassalii ijaari.

A. G Amb

B. E^b Amb

2.1.2.2 Guurressa Shurrubbee

Akkuma kanaan dura baratte turte gurreeessi kun yeroo baayy'ee cidhaafi kabaja ayyaanaa irratti taphatama. Shurrubbeen akkuma kan Ambaassalii sagalee sadaffaafi torbaffaa keessaa baasuun sagalee lammaffaafi shanaffaa gara duubatti deebi'amee taphatama.

Fakkeenya ijaarsa C Shurrubbee

1. C D E F G A B C
2. C D^b F G^b A C (C shurrubbee)



C Shurrubbee gabatee guddicha asiin gadii irratti caqasi.




F Shurrubbee, G^b, B, C^b, D, F= F G^b B C^b D F

F Shurrubbee gabatee asiin gadii irratti caqasi.




A Shurrubbee, A, B^b, D, E^b, F, A,



Gocha 3

1. Sagaloota muuziqaa asiin gadii ka'umsa godhachuun guurressa Shurrubbee ijaaruun kileefii Jiifi Beezii irratti agarsiisi.




2. Kanneen asiin gadii akka ka'umsaatti fayyadamuun kileefoota irratti guurressa Shurrubbee ijaari.

a. B^b. Shurrubbee

b. D Shurrubbee

3. Yeedaloo Ambaassaliifi shurrubbee asiin gadii faarsi.

a. Ijaarsa guurressa shurrubbee faarsuu



b. Ijaarsa guurressa Ambaassal faarsuu



2.2. Shubbisa aadaa

Shubbisni aadaa akkuma aadawwan kan biroo eenyummaa saba tokkoof agarsiistuu warra ta'an keessaa tokkoodha. Akkuma aadaan uffataa, nyaataa, walgargaarsaa, amantaafi kkf. sabaa sabatti gargar ta'e haalli itti shubbifamullee garaagarummaa qaba. Umuriin nama shubbisa keessatti hirmaatuu, sochiin qaamaa godhamu, yeroon itti shubbifamuufi naamusni shubbisa keessatti agarsiifamu iddoo iddootti walfakkeenyaafi garaagarummaa qaba.

Hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa yeroo geggeessu sona isaa dhalootaa dhalootatti bifa garagaraatiin akkumma dabarsu walbohaarsaa, waljajjabeessaafi hamilee walitti horaa jiraata. Shubbisni aadaas qaama bohaartii ta'ee haalafi yeroo itti barbaachisutti hojiirra oola. Shubbisniifi sirbi kan waliin deemaniif gargar hin baanee ta'ee hammayyaa'aafi fooyya'aa deemuu ni danda'a; foyyaa'as jira. Kunuunsi barbaachisaan kan hin godhamneef yoo ta'ee carraan baduu isaas bal'aadha. Naannoo Oromiyaa keessaa shubbisa garagaraatu jira. Isaan keessaa muraasni kan asiin gadiiti.

A. Shubbisa Aadaa Oromoo Maccaa /Wallagga/ (Eemmolee)


Shubbisa wallaggatti beekaman keessaa Eemmoleen isa tokkoodha. Eemmoleen shubbisa si'oomina qabuudha. Innis irra caalaa horroo guduruu keessatti beekama. Haalli raawwii eemmolee gamtaadhaan kan hurrubamu yoo ta'u, harka, miilaafi morma bifa faallaa ta'een miila bitaa harka mirgaafi mormi altokko kallattii tokkotti yoo gore dabaree itti aanu immoo miila mirgaa, harka bitaafi mormi kallattii faallaa isa jalqabaatti goru. Haala kanaan morma waljala seensisuun shubbifama.



Fakkii 2.1 suuraa shubbisa eemmolee agarsiisu

B. Shubbisa Aadaa Oromoo Gujii loomolaa/ Sarbicha

Shubbisni kun sirba aadaa kan naannoo Gujiitti dargaggootaan yeroo waariitti taphatamuudha . Akkaataan itti raawwatamu gareedhaan ta'ee, shamarraniifi dargaggoonni cimdiiidhaan morma walitti sochoosuun bitaafi mirgatti waliin loollu, akkasumas; Shubbisa sana ho'isuuf dargaggoonni fingee/firiinbii afaaniin afuufuun ulee qabatanii si'a sadii lafa dhiitaa sirbuun taphatu.



Fakkii 2.2 suuraa shubbisa loomola agarsiisu

C. Shubbisa Aadaa Oromoo Maccaa /Iluu Abbaa Booraa/ Tirtirsa

Shubbisni Iluu Abbaa Booraa tirtirsa jedhama. Tirtirsi gurmuu shamarraniifi dargaggootaatiin taphatama. Xiyyeeffannoon haala raawwii isaas morma haalaan sochoosudha. Shamarran uffata aadaa isaaniitiin dibbee qabatanii dhihaatu. Warreen dargaggootaa immoo, adda isaanii jala hidhatanii siinqee isaanii lafatti dhaabanii morma shamarran jalatti siqsuun morma itti raasuun shubbisa isaa raawwatu.



Fakkii 2.3 suuraa shubbisa Tirtirsaa agarsiisu

D. Shubbisa Aadaa Oromoo Tuulamaa Ishkeekkee

Ishkeekkeen ragada waliin walitti haadhiyaatu malee, garaagarummaa haala raawwii shubbisa isaa irratti ni qabaata. Yeroo baay'ee sirboota walharkaa fuudhamuun sirbaman irratti bakka ceesisa walaloo irratti itti dhimma bahu. Akkaataan shubbisa isaas ragada irraa kan ittiin adda bahu, moormaan achii ol, jilba dachaasuufi diriirsuun harka faallaa morma isaanii bitaafi mirgatti sochoosuun shubbifamuu isaati. Yaadniifi dhimmi irratti shubbifamu ragada waliin walfakkaataadha. Jecha 'ishkeekkee' jedhu kanas akka ka'umsaatti itti fayyadamu. Ishkeekkeen shubbisa beekamaa Oromoota shawaati.



Fakkii 2.4 suuraa shubbisa ishkeekkee agarsiisu

E. Shubbisa Aadaa Oromoo Raayyaa Gubee Lolee

Oromoon Raayyaas shubbisa miidhagaafi ittiin boonu qaba. Shubbisni isaa kunis guubee lolee jedhama. Gubee loleen shubbisa hamilee cimaan shubbifamuudha. Akkaataan shubbisa isaas; dargaggoonni ulee olkaasuun miilla lamaniin xiqqeessanii ol utaaluun yeeroo shubbisan, warreen shamarranii immoo bifuma dhiirotaatiin xiqqoo ol utaalaa morma isaanii bitaafi mirgatti dabsaa gamtaan raawwatu. Shubbisni gubee lolee bayyee si'ataafi kan nama kakaasuu danda'uudha.



Fakkii 2.5 suuraa shubbisa gubee lolee agarsiisu

F. Shubbisa Aadaa Oromoo Karrayyuu Ee'iyyaa

Oromoon karrayyuu aadaa isaanii shubbisaan haala adda ta'een ibsatu. shubbisni isaan biratti beekamus ee'iyyaa jedhama. Ee'iyyaan garee shamarraniifi dargaggootaan walitti naanna'uun taphatama. Hirmaattonni shubbisa ee'iyyaa dhiironni rifeensa isaanii filatanii, uffata aadaa isaanii uffataniitu bahu. Shamarran immoo rifeensa isaanii jiksanii filatanii bahu. Lafa shubbisa ee'iyyaatti geengoo uumanii dhaabbatu. Shamarraan morma isaanii bitaafi mirgatti sochoosuun eegalu. Dargaggoonni muraasni immoo geengoo gidduu seenuudhaan achi ol utaalaa ofirra quphanaa geengoo gidduu ee'iyyaa jechuun shubbisu. Ee'iyyaan lafa cidhaafi sagantaa ayyaanota garagaraa irrattis ni shubbifama.



Fakkii 2.6 suuraa shubbisa Ee'iyyaa agarsiisu

Gocha 4.

1. Shubbisa aadaa naannoo kee adda baasi gochaan dareef agarsiisi.
2. Shubbisa naannoo biroo asiin olitti tarreeffamanii keessaa tokko filachuun gareen ta'uun shaakalaatii garaagarummaa isaa dareetti gochaan agarsiisaa.
3. Shubbisa aadaa armaan olitti hin eeraminiin alatti kanneen godinaalee biroo kan beektu tarreessii yoom akka taphatamu ibsi.

G. Shubbisa Aadaa Oromoo Arsii Tirrii

Tirriin sirba aadaa Arsiifi Baalee keessatti yeroo kan beekkamuufi sirba cidhaa keessaa tokko ta'ee yeroo garaagaraa kan taphatamuudha. Kunis yeroo cidhaa, yeroo jalbultii cidhaa, yeroo qophii gargaraafi bakka jireenya isaaniitti dargaggoonni galgala sirbuu ni danda'u.



Fakkii 2.7 suuraa shubbisa Tirrii agarsiisu

H. Shubbisa aadaa Oromoo Boranaa Weedduu fi Booree

Sirboota naannoo Booranaatti beekaman keessaa Weedduu fi Booree kaasuun ni danda'ama. Weedduun warri dhiiraa kan loon, hayyuu waa ittin jajuuf sirbu. Booreen immoo dubartoonni kan weeddisan yoo ta'u, taa'anii gaafa dubri heerumtuu fi nama jajuu barbaadan kan ittiin jajaniidha.



Fakkii 2.8 suuraa shubbisa Weedduu fi Booree agarsiisu

2.3. Pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-fiilmii (kalaquu, seenaa gabaabaa barreessuufi qeequu)

Ga'umsa barattootni yoo xiqqaate gonfachu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Adeemsa pirodaakshinii og-tiyaatiraafi og-fiilmii ni ibsita.
- Seenaa gabaabaa og-tiyaatiraafi og-fiilmiif ni hubatta.
- Adeemsa qeeqa og-aartii adda ni baasta.

Seensa

Boqonnaa tokko keessatti caacculee pirodaakshinii Og-tiyaatiraafi Og-filmii barattee jirta. Akkasumas, maloota goch-ta'ummaa keessatti raawwatan hubatteerta. Boqonnaa kana keessatti immoo pirodaakshinii og-tiyaatiraafi og-fiilmiif maaltu akka barbaachisuufi adeemsa isaa kan barattu ta'a. Dabalataanis, haala itti seenaa gabaabaa og-tiyaatiraafi og-fiilmiif kalaqaniifi adeemsa Og-aartii tokko itti qeeqan kan gonfattu ta'a.

Gochaa 5

1. Kalaqa jechuun maal jechuudha?
2. Tartiiba barreessuu warreen jedhaman ni yaadattaa? Yoo yaadatte barattoota daree keetif himi.

2.3.1. Kalaqa

Kalaqni hojii artistawaa kanneen akka og-argaa, tiyaatira, fiilmiifi muuziqaa qofa kan ibsu osoo hin taane, ogummaawwan akka diinagdee, oomishaa, teeknoolojii, bulchiinsaafi kanneen kana fakkaatan keessattis ni argama.

Bu'aawwan hojii kalaqaa kanneen qabatamaan argaman hojii og-aartiiwwanii, kitaaboota, muuziqaa, hojii gamoowwanii, maashinoota, akkasumas, kanneen qabatamoo hin taane yaada, tajaajila, tooftaa, oomishaafi raabsaa isaati.

Kanaaf, kalaqni wantoota armaan olitti kaafaman kanniin hojii isaanii irratti cichuun kaayyoo yaadameef galmaan ga'uudha. Galma ga'uuf immoo gochoota bu'uura yookiin wixinee kanneen akka miira waliigaltee, kaka'umsaafi kabaja hojii artistawaa, wantoota baramoo ta'an karaa haaraan ilaaluu, muuxannoo hubannoo guddifachuu hanga hojiiwwan artistawaa qabatamoo ta'an, ijaarsa gamoowwan saxaxa babbareedoo, kitaaba asoosamaa, maashinoota, hojiirra oolmaa tooftaalee bulchiinsaafi eegumsa nageenya biyyaatti deemuu danda'a. Haala ibsa keenyaa irratti hundaa'uun, jechi

“Kalaqa” jedhu karaa sadiin ibsamuu danda'a. isaanis:

Tokkoffaa: Adeemsa: Fakkeenyaaf yaada kalaqaa

Lammaffaa: Ida'ama amalaa yookiin eenyummaa nama sanaa (dandeettii kalaqaa)

Sadaffaa: Bu'aa kalaqarraa argame

Kanaafuu, kalaqni akka sababaafi bu'aatti kan fudhatamu yoo ta'u, adeemsiifi dandeettiin kalaqa namootaa sababa yoo jennu, argannoon dandeettii kalaqaafi adeemsa keessa dhufu immoo bu'aadha.

Seenaan kalaqa ammayyaa walakkeessa jaarraa 20^{ffaa} (1950 G.C.) 'tti eegale. Namoonni waa'ee kalaqaa gara yaad-hiddamaatti fidan hayyoota waa'ee dhala namaa barreessaniin kan dhuunfatame ture. Hayyoonni kunis barbaachisummaa kalaqni jijjiirama nama dhuunfaa, jiraachuufi nageenya namaa keessatti dhiibbaa guddaa akka qabu amanu.

Haaluma kan aan, kalaqni barattoota biratti gara raawwii qabatamaa kalaqaatti jijjiiramuun gaaffiiwwan akka fudhatama argachuu, madaalafi guddina yaada kalaqaatiin daree keessatti dhimma marii ta'e. Akkasumas, barbaachisummaan hojii kalaqaa dadammaqsuu, akka guddinaafi jijjiirama nama dhuunfaa beeksisuutti fudhatamaa dhufe.

Walumaagalatti hiikkaan kalaqaa kan asiin gadii kana fakkaata.

- Kalaqni wanta sodaa addunyaa tanaa irraa si fageessu, addunyaa sammuu kee uummateedha.
- Kalaqa jechuun yaada addaafi haaraa ta'e addunyaa namootaattifi duudha.
- Kalaqni wanta namni dhuunfaa akka ta'u barbaadu tokko ta'ee arguudha. Kunis karaa itti of ibsaniidha.
- Kalaqni karaa namoonni dandeettii waa uumuu isaanii ittiinagarsiisaniidha. Dandeettiin nama garaagaraa biratti adda addummaa qaba waan ta'eef.
- Kalaqni miira nutti dhagahamu beekumsaan deeggaruun, waan qabatamaa ta'e uumuudha.

- Kalaqni dandeettii wanta namoota biroo dammaqsuufi barsiisuu danda’u haala bareedaafi hawwataa ta’een kalaquudha.
- Kalaqni barmaatilee duraan jiran irratti hundaa’uun wanta haaraa uumuudha. Innis dandeettii hojiiwwan aartii kanneen akka tiyaatira, fiilmii, og-argaa, walaloo, bobbocaafi faashinii keessatti of ibsuuti
- Kalaqni saanduqaan alatti yaaduufi yaada keenya qabatamaatti jijjiiruun akka mul’atu yookiin dhagahamu gochuufi kanneen kana fakkaataniidha.

2.3.2. Seenaa gabaabaa Og-tiyaatiraafi Og-Fiilmii Kalaquu

Fiilmiifi tiyaatira keessatti dandeettiin kalaqaa yaada qindeessuu danda’uufi barreessuu irraa eegala. Barreessuu yommuu jedhamu, seenaan Tiyaatira yookaan fiilmii ta’u haalli ittiin barreeffamu, qabiyyee og-barruu of keessaa qabaachuu isaati. Hojiin og-barruu tokko immoo akkaataa qabiyyee barruu isaa irraa ka’ee kalaqa jedhamuu danda’a. Fiilmiinis ta’ee tiyaatirri tokko bu’urri isaa seenaa barreessaan dursee argaa yaadaatiin kalaqe irraa jalqabuun yaadni kalaqame sun gara barruutti jijjiirama.

Barreessuun hiika jiruun bifa barreeffamaan ergaa barbaadame sana dabarsuu jechuudha. Kana jechuun hiika jalqabaa fayyadamanii ibsuudha. Barreessuu keessattis bakka abbaan dhimmaa hin jirretti ergaa dabarsuu kan danda’u ta’uu isaati. Barreessuu keessatti al-kallattin waliin dubbiin yookaan ergaan barbaadame dabarfachuufi tooftaa bifti barreeffamaa akka nama waliin dubbii taasisaa jirutti dhuunfaan ta’u gareen kan dhimma itti ba’amu ta’uu dandaa’adha.

Barreefmini tokko wantoota ijoo sadii of keessa qabaachuu qaba.

1. **Dhimma barreeffamuuf**

2. **Kaayyoo barreeffamuuf**

3. **Eenyuuf akka barreeffamu,** keessumatti eenyuuf kan barreeffamu

daawwataafi qaama barreeffamni sun yaadamee barreeffamu sanaa ta’uu isaati. Walumaagalatti, barreeffamni tokko, dhimma, kaayyoo, dubbisaa (daawwataa) qabaata jechuudha.

Barreeffamni tokko barreessaa isa barreessu dirqama qabaata. Hojii kalaqaa

keessattis barreessaan tokko dandeetti isaa cimsachuuf kan isa barbaachisu kanneen armaan gadii kun warreen muraasadha.

- Yaada ogeessota tiyaatiraa yokaan filmii irraa fudhachuu (yaada dhimma barreessuu irratti hundaa'ee warreen beekumsa itti dhiyoo qaban irraa yaada guurachuu)
- Kitaaba ogummaa taphee adda addaa dubbisuu.
- Abdii osoo hin kutiin deddebi'ee barreessuu.

Qabxii kana jalatti yommiyyuu dandeettii kalaqaa keessatti kan dagatamuu hin qabne, cimina, obsaafi amantii dhimma kalaqaa sana irratti horachuudha.

- Hawaasa keessa jiraatu gadi fageenyaan beekuu.
- Tiyaatira addaa addaafi filmii addaa addaa daawwachuu. Bar-taphee dubbisuu.
- Hojiiwwan yokaan dandeettii kalaqaa isaa kanneen warra kanii waliin walbira qabee ilaaluu.
- Jireenya dhugaa irratti hundaa'ee barreessuu.
- Sadaa (imagination) guddisuun barreessuu.
- Taatota uume gadi fageenyaan beekuu, qorachuu. Kana jechuun dhimma barreessaa jiru, kan hawaasaa, aadaa, duudhaafi dhimma amantii waliin gadi fageenyaa hubannoo horachuu.
- Fedhii dhuunfaa isaa irraa of qusachuu. Waa'ee nama tokkoo qofa akka hintaane beekuu.
- Yaadannoo isaa irratti waan argeefi dhaga'e katabuu, irra deebiin dubbisuun barreessun kunneen dandeettii kalaqa barreessaa tokkoo warreen tumsanidha.

2.3.2.1 Seenaa gabaabaa barreessuu

Seenaan bu'uura bartapheeti. Diraamaan tokko seenaa irratti hundaa'uudhan barreeffama. Barreessaan tokko osoo barreessuu hin jalqabin dura waa'ee maalii akka barreessuu qabu beekuun dirqama. Seenaan isaa maal akka ta'e? Eessaa ka'ee eessa akka ga'u? Fuul duratti immoo maal ta'uuf akka deemu, erga beekke booda barreessuu jalqaba. Qabiyyee inni barreessu jalqabaa hanga xumuraatti, yoomessa, jaargocha yookaan itti aanee maaltu dhufaa, waldiddaa taatotaan gochaan raawwatamu tartiibaan kan walqabatee yaa'u keessaa cuunfamee kan barreeffamuudha.

Fakkeenya seenaa armaan gadii kana dubbisi!

Seenaa Aannanee

Aannaneen abbaashee obbo Galaanaafi haadhashee aaddee Taliilee irraa naannoo Shawaa Lixaa Ambooti dhalatte. Yuunivarsiitii Wallaggatti barnoota injineeriingiitiin eebbifamtuu bara kanaati. Maatiin ishee baayyee harka qalleeyyii waan ta'aniif yeroo hunda waan ittiin yuunivarsiitii ergan liqeeffatanii gaggeessu. Intalli teenya bor barnoota xumurtee rakkoo keessaa nu baasti jedhanii abdiidhaan eeggatu. Barnootaanis baayyee cimtuu waan taateef maatiiira dabartee biyyaaf taati jedhanii eegu.

Barnoota ishee haala gaariin osoo hordofaa jirtuu mucaa dhiiraa barnoota hinjaalanne tokko waliin jaalala jalqabde xiyyeeffannoon ishee barnootarraa fagaatee jaalallee ishee waliin figu ta'e. Kanumaan osoo jirtuu gara dhumaarra gosa barnoota baayyeedhaan gadi bu'uun eebbaaf osoo hingahin ari'amte. Maatii ishee biratti abdiin waan eegamtuuf galuu qaanfattee, naannawa Yuunivarsiitii sana hojii humnaa ijaarsa manaatiin walqabatu hojjechuuf gaafannaan, 'hojjechuufimoo nutti qoosti?' jechuun arrabsanii ari'an. Mana namaatti galtee qacaramtee hojjechuuf bakka baayyee gaafannaanis, 'Isheen akkanatti miidhagdee faayoofttee hojjettuu mana keessaa ta'uuf gaafattu kun hattuuudha, yookaan ergama biraa qabdi' jechuun arrabsanii ofirraa ari'an. Haaluma kanaan bakka aduun itti dhiite bulaa, beelaafi dararii erga argitee booda Hoteela tokko keessa keessumeessituudhaan akka hojjettu murteessite.

Hoteelicha keessa haala hojiisaa waan hin beekneef maamiltootaan ifatamaafi arrabsamaa, akkasumas kasaaraa osoo hojjetu mucaan tokko akka waan isheedhaaf gaddee itti dhihaatee jaalala keessa galche. “Siif as siif hin malu; qabeenyaa baayyeen qaba, kanaafuu yeroo gabaabaa keessatti asii sin baasa” jechuun mana xiqqoo kireeffatee galutti galgala galgala fudhatee galuu eegale. ‘Kun mana kiraati, kan biraa ijaaraan jira; isan ijaarsisaa jiru guyyaa boqonnaa keetii sittan agarsiisa’ jechuun gowwomse. Mana nama dhuunfaa kiyya jedhee osoo agarsiisuu abbaan qabeenyaa, “Maali ijoolleen kashlabbeen maal as keessa deemtu? Asitti maal gochuu dhuftan?” jechuun ari’e. Isheenis baayyee aartee boo’aa achitti isa gattee biraa deemte. Takka bubbultee bilbilaan waamtee akka garaatti ishee hafe yoo itti himtu eessattan si beeka jechuun ofirraa ari’e. Isa garaatti hafe baasisuuf mana yaalaa deemnaan akka bahuu hindandeenye ogeessi yaalaa itti hime. Bakka dura hojjechaa turte Hoteelatti deebitee kadhannnaan dura maal argattee baate jedhanii didan. Fala dhabnaan ulficha baattee gara maatii deemte. Summii bitattee deemtee, galgala erga naggaa gaafattee waliin taphataa turte booda halkan sana summii dhugde.

Seenaan arman olii kun yeroo gara bartaphee tiyaatiraatti jijjiiramu kan armaan gadii kana fakkaata.

Raawwii tokko

Mil’uu tokko

(Iddoonsaa Shawaa Lixaa naannoo magaalaa Amboo Ganda..... mana obbo Galaanaafaa keessatti. Wacni simbiraa sagaleen lafa barii agarsiisan waltajji-irraa ni dhagahama. Aadde Taliileen ganamaan ka’anii balbala bananii obbo Galaanaa hirribaa dammaqsu. Sagaleen balbala banamuu ni dhagahama)

Aadde Taliilee: Maal jara keenyaa! Akka bari’e hin agarre moo haga sa’aa meeqaatti rafu? Isiniim! Maa didduu? *(obbo Galaanaa bakka ciisaa jiru sochoosaa)*

Obbo Galaanaa: Uumm....*(miira dunququutiin)*

Aadde Taliilee: Maaloo ka’aa kaa! Mucattiin sunis nu eeggataa jirti!

Ka’aa deemaa kaa! Isheenis nu malee maal qabdi?

Obbo Galaanaa: *(hamuummatee)* Maal jarana yoomittuu bari’e?

Ani kanaan jedhu? Guyyaan kun inuma fiiga! Homaa
hin agarru! Eessa nu geessufi? Mee gaabii sana naa fidi!
Waaqumti ishee na haa gargaaruu malee, namni hundu
na bare! Ija namaas ilaaluun natti ulfaate!
(*afuura dheeraa baafata*)

Aadde Taliilee: Abbaa Aannanee! Obsi! Bara tana qofatu nu hafe!

Barris kan figuuf waanuma gaariitti nu baasuufi! Itti
bahuu geenyee! Isheedhumti nagaan xumurtee haa
dhufu malee kana booda barri ati mana namaatirra
joortu ni dhaabbata! Ofitti gaddaa hin deemin! Ni
milkoofta abbaa Aannanee koo!

Abbaa Galaanee: (*sagaleen sa'aa ni dhagahama*) Akka afaan keetii haa ta'u!

Mee amman dhufutti sa'atti tana gadi baasii marga jala
kaa'i! Isheetti haa iyyuu; ganamaan iyyuu jalqabdee!
Dukkanniifi guyyaanuu adda wal hin baasne maal
gadooddi? (*biraa bahee deema*)

Aadde Taliilee: (*sa'a hidhaarraa hiikaa*) Saana maa akkan si godha!

Osoo lama taateemmoo akkam ta'inna! Sa'aa nama hin
qabu edaa yoo namatti fuudhe! Mee nyaadhu! (*sagaleen
marga jala kaa'uu ni dhagahama*) Garuu, gaafa dhaltiin
tun takkarraa lamatti, lamarraa saditti, sadirraa afuritti,
korommiinis itti dabalamee gaafa mooraa kana guutan ni
dhufa! 'Harka xuriitiifi akka duuriitti hin hafan' jedhan
mitiree!

Mil'uu lammaffaa

(*sagaleen deemsa miila namaa walatajjiirraa ni dhagahama, obbo Galaanaan
akkuma dubbataniin sagaleen saree duttuu ni dhagahama*)

Obbo Galaanaa: Warri kun! Warrana! (*sareen itti dutti*)

Obbo Waggaarii: Ooo...eenyuu? Maal iyyiti isheetti haa iyyuu!

Hin deemtu! Nooraa! (*obbo Waaggariin itti gadi baha*)

Obbo Galaanaa: Loon kuma horaa! Nagaa jirtu? (*Gonfoosaa ofirraa fuudhee*)

Obbo Waggaarii: Ahaa! Obbo Galaanaa! Isinii! Akkam jirtu?

Nooraa kaa! Oluma seenaa! (*Sagalee laafaadhan*)

Obbo Galaanaa: Ana obbo Waaggaarii! Mee akkam jirtu?

Maatii waatiin keessan nagaadha?

Obbo Waggaarii: Galanni isa haa gahu! Isatti haa tolu!

Nagaa jirra! Keessanoo akkammi?

Obbo Galaanaa: Nagaadha! Nagaadha! Har'a geenye!

Takka lama jechaa jirra!

Obbo Waggaarii: Maaloo ol seenaa kaa! Ala dhaabbattani?

Obbo Galaanaa: Rakkoo hin qabu, ganamasi...

2.3.2. 2 Qeeqa

Qeeqni qorannoo dhimma yookiin yaada ijoo tokkorratti gadi-fageenyaan gaggeeffamu yoo ta'u, hiikkaa, madaallii, ibsa, murtii, yaada loogiifi qorannoo tooftaan guutameedha. Akkasumas, hiikkoo yoomeessaatiif carraa bal'aa qeeqxotaaf kenna. Qeeqni og-barruu qorannoo hojii og-barruu nama tokkoo yoo ta'u, ilaalcha jal'inaafi qajeelinaa ofkeessatti qaba.

Qeeqni ogummaa hojii artistawaa ittiin madaalan yookiin ibsaniidha. Gama biraatiin, qeeqni qorannoo saayinsawaa og-barruu fi Og-aartiiwwan irratti gaggeeffamu jechuudha.

Qeeqni hojii og-aartiiwwanii yookiin nama ta'e irratti yaada, marii fi murtee gaarummaa fi hanqina hojii sanaa ittiin ibsaniidha.

Hundaafuu, qeeqni foormulaa asiin gadii kanarratti hundaa'a.

Beekumsa+Hawwannaa=Murtee Hiika Qabeessa yookaan qeeqa.

Kana keessatti gaaleen “hiika qabeessa” jedhu barbaachisaadha. Sababni isaas, qeeqni beekumsaafi dhandhama yookiin dandeettii hubannoo wal bira qabuun yoo gaggeeffame hiika qabeessa ta’a. Akkuma ogummaawwan kaanii, qeeqnis nama beekumsaafi dandeettii qeequu qabuun taasifamuu qaba. Namoonni dandeettii qeequu qaban beekumsifi hubannoon isaanii kan walfudhateedha.

Adeemsa qeeqa Og-aartii

Mata duree kana jalatti wanti ilaalamu adeemsa hojiin Og-aartiiwwanii tokko ittiin qeeqamudha. Hojiin Og-aartii kamuu erga hojjetamee hawaasa bira gahee booda hawaasni kan daawwatu daawwatee, kan dubbisu dubbisee erga waa irraa hubateefi itti bashannannee booda cimina hojii sanaaf duubdeebiin ni kennama. Kunimmoo, sadarkaa nama dhuunfaattis, ta’e sadarkaa gareetti kan kennamudha. Namoonni dhuunfaadhanis ta’ee gareen akka itti fakkaateefi akka hubatanitti yaada mataa isaanii haa kennan malee, adeemsi hojii aartii tokko itti qeeqan ni jira. Hojii aartii tokko qeequu jechuun dadhabinaafi laafina isaa dubbachuu qofa osoo hintaanee cimina hojiin sun qabu dabalata. Namoonni baayyeen garuu, qeeqa yeroo jedhan, dadhabina hojii sanaa qofatu dubbatama jedhanii yaadu. Kanaaf hojii og-aartii tokko qeequuf duraa duuba mataasaa qaba.

A. Ibsa

Odeeffannoon bu’uuraa hojii hojjetame sanaa as keessatti ibsama. Isaanis:

- Mata duree hojii sanaa
- Maqaa nama barreessee
- Guyyaa itti barreeffame
- Iddoo itti maxxanfame... yeroo kana raawwannu odeeffannoo dhugaafi ofitti amanamummaa guutuudhan raawwachuu qabna. Hojiin tilmaamaa hin hojjetu.

Fkn: bara, Maqaa nama barreesseefi kan biroo.

B. Xiinxala

Xiinxala keessatti wanti ilaalamuu qabu, akkaataa hojiin sun itti qindaa'edha. Haala ijaarsa hojii sanaati. Caacculeefi qajeelfamoota fayyadamuu qabutti fayyadameeraa?

Hojiin aartii kamiyyuu akaakuu mataasaa qaba. Fkn: Fiilmii, Diraamaa, Tiyaatiraafi kan biroo.

C. Hiikkaa itti laachuu

Odeeffannoo qabxii 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} irraa argamerratti hundaa'udhaan ergaa barreessaan keenya dabarsuu barbaade hubachuufi waan argannoon keenya nutti himu qalbeeffachuufi argannoo keenya ibsuu danda'uudha.

D. Murtii

Iddoo itti cimina, laafina, bareedinaafi bushaa'ina hojii sanaa irratti yaada mataa keenyaa laannudha. Kanas laachuu kan dandeenyu argannoo qabxiilee olitti ibsaman irraa argannerratti hundaa'uni. Kunimmoo hojii nama tokkoo jaallachuufi jibbuu irratti kan hundaa'u osoo hintaane dhugaafi saayinsii qeeqaa fayyadamuudhaani.

2.4. Hojii Maxxansaafi Bobboca (Biyyee Supheefi Peeparmaashee)

2.4.1 Maxxansa

Yeroo ammaa kana ogummaan maxxansaa jiruuf jireenya ilma namaan walqabatee tekniiloojii ammayyaatti fayyadamuun feedhiifi hawwii dhala namaa guyyaa guyyaa guutaa jira. Mata duree kana jalattis kalaqa ogummaa dhalli namaa bara durii kaasee hanga ammaatti akkaataafi tooftaan ittiin hojjetamu garagara haa ta'u malee, kan hojjetamaa tureefi jiru keessaa saxaxa uffataa, maxxansa waraqaa mummuruun hojjetamu, iskiraachiifi kan kana fakkaatan kutaa kana keessatti kan baratamu ta'a. Akkasumas, akaakuu maxxansaa kanaaf meeshaaleefi tooftaalee ittiin hojjetamu mata duree kana keessatti hubannoo kan argattu ta'a.

2.4.1.1. Saxaxa Uffataa



Fakkii 2. 9: Fakkii saxaxa uffataa agarsiisu

Saxaxa uffataa jechuun uffata hojjetamu tokkorratti foormii/boca uumamaa yookiin nam-tolchee ta'e qindeessuufi miidhagsuun hojjechuun, uffanni osoo hin oomishamiin dura akka bareeduufi nama hawwatutti uffatarratti saxaxa hojjetamu jechuudha. Namni saxaxa uffataa hojjetu dandeettii qabutti fayyadamuun akka aadaaf yookiin ammayyaaf oolutti qopheessuu nidanda'a. Saxaxni uffataa yeroo hojjetamu paatarnii baay'ee salphaa yookiin wal xaxaa ta'ee, boca yookiin foormii adda addaan saxaxa bareedaa itti uumuun hojjechuun nidanda'ama.

Saxaxni uffataa kun baay'ee barbachisaafi faaya aartii kan of keessatti

qabudha. Bara durii namoonni uffata isaanii paatarnii adda addaa irratti uumuun akka fayyadama turan seenaan ragaa baha. Uffanni paatarnii qabaatee harkaan hojjetamu kan jalqabe, jirbii irraa akka ta'etu himama.



Fakkii 2.10 : Fakkii saxaxa uffataa mala garagaraatiin hojjetamu agarsiisu

Ogummaan saxaxa uffataa tooftaa garaagaraatiin hojjetamuu nidanda'a. Isaanis:

1. Halluu keessatti cuuphuu.
2. Uffata irratti gooduu/xeberuu.

1. Mala Maxxansa Halluu keessatti Cuuphuu

Ogummaan halluu cuuphuu akkuma kitaabni seenaa tokko tokko ibsutti uummata Gibxii, Peeruufi Hindoota diddiimoodhaan (Red Indians) akka jalqabametu himama. Ogummaan kun yeroo irraa gara yerootti naannoo adda addaatti babal'achuun yeroo ammaa kana addunyaa irratti ogummaa guddina olaanaa agarsiise ta'eera. Keessumaayyuu biyyoonni diinagdeedhaan guddatan meeshaalee tekinoloojii ammayyaatti fayyadamuudhaan akka hojjechaa jiraniifi galii guddaa akka irraa argachaa jiranidha. Akkaataan uffata halluu keessatti cuuphuu haala lamaan kan hojjetamudha. Isaanis:

- A. Hidhanii yookiin maranii cuuphuufi
- B. Gagaadhaan cuuphuu (mala baatikii) ti.

A. Hidhanii Yookiin Maranii Cuuphuu

Gocha. 6

Naannoo keetti migira/coqorsa halluu yeroo cuuphan argitanii beektuu? Yoo argitanii kan beektan ta'e akkamitti akka cuuphamu garee gareen mari'adhaatii barsiisaa keessanitti himaa.

Ogummaan kun mala salphaa ta'een uffata akkaataa saxaxa uumuu danda'uun dachaasanii hidhuun kan hojjetamudha. Fakkeenya armaan gadii kana ilaalaa.



Fakkii 2. 11 : Fakkii saxaxa uffataa hidhanii /maranii cuuphuu agarsiisu

I. Meeshaalee Barbaachisan



Halluuwwan adda addaa



Meeshaa bal'aa uffaanni keessatti cuuphaamu



Waan ittin hidhamu kan akka funyoo



Uffata adda addaa cuuphaamuuf qophaa'e



Saamunaa



Soogidda



Soodiyeem baayikaarbonatee

II. Mala Hidhanii Yookiin Maranii Cuuphuu



- Osoo hin cuuphiin dura uffata cuuphamu saamuunaafi bishaaniin miicuu.

- Uffata miicame osoo hin gogiin dura akkaataa saxaxa barbaadame sanaan dachaasuun hidhuu.
- Halluu bishaan danfaadhaan bulbuluu.
- Uffata hidhamee qophaa'e kana halluu bulbulame keessa cuuphuu.
- Uffanni erga cuuphamee booda aara bishaan danfaa irraa aaruun affeeluu.
- Soogiddaafi Soodiyeem baayikaarbooneetii bishaan diilallaan bulbuluu. Kunis bishaan liitirii shanitti soogidda giraamii 500 fi soodiyeem baayikaarbooneetiin immoo giraamii 150 qopheessuu.
- Uffanni hidhamee cuuphame kun bishaan soogiddaafi soodiyeem baayikaarbooneetii qabu keessa sa'aatii afurii hamma shaniitti (4-5) cuuphuudhaan tursuu.
- Uffanni cuuphamee erga ba'een booda saamunaafi bishaaniin miicuudhaan bakka gaaddisni jiru afuu
- Uffanni kun osoo baay'ee hin gogiin kaawuuyyaa ho'aadhaan diriirsuu
- Dhuma irratti uffata halluun cuuphame kana hojii barbaadame irra oolchuu.

Halluu adda addaa cuuphuun barbaachisaa ta'ee yoo argame, huccuu halluu isa dura cuuphame osoo aaraa itti hin aarsin dura haala isa duraa irraa adda ta'een hidhanii halluu isa lammaffaa keessa cuuphuun nidanda'ama.

Huccuu tokko halluu adda addaa keessa cuuphuun yoo barbaachise, dura halluu salphaa ta'e yookiin halluu ifaa irraa gara dimimmisaatti akkaataa ifummaafi dimimmisummaa isaatti cuuphamuutu irra jira. Fakkeenyaaf, huccuu tokko halluu bifa keelloofi diimaa keessa cuuphuu yoo barbaanne, duraan dursinee kan cuuphuun nurra jiru halluu bifa keelloo keessa ta'uutu irra jira. Itti aansuun immoo halluu diimaa keessa cuuphuudha. Huccuu tokko halluu cuuphuun dura,

huccuun sun sirriitti hidhamuu isaa mirkaneessuun barbaachisaadha. Haalli huccuu dadachaasanii halluu cuuphuun mala adda addaa qabaatullee akka fakkeenyaatti fakkii asiin gadii haa ilaallu.

B. Gagaa/dungoo baqsuun (Mala Baatikii)



Fakkii 2. 12 : Fakkii mala baatikii agarsiisu

Malli ogummaa baatikii kan jalqabame biyya Gibxiitti haa ta'u malee, booda keessa gara Peershiyaafi Hindiitti babal'ateera. Yeroo ammaa ogummaan baatikii biyyoota addunyaa irratti kan babal'atee argamu ta'uu isaa barreeffamni adda addaa kan ibsudha. Malli hojii kanaa duungoofi gagaa baqe uffata irratti coccobsuudhaan saxaxni adda addaa kan hojjetamudha. Kunis gagaan yookiin duungoon baqe uffata irratti coccobsuun saxaxni adda addaa kan ittiin hojjetamu kun bakka halluun akka hin tuqne gochuuf kan gargaarudha.

I. Meeshaalee Hojii Kanaaf Barbaachisan

- Huccuu
- Gagaa yookiin Duungoo
- Meeshaa gagaa yookiin duungoon itti baqu.
- Dibduu adda addaa (qaqal'aafi furdaa)
- Halluu
- Saayinii guddaa yookiin baaldii
- Galaalcha

- Kaawuuyyaa
- Minjaala
- Shiboo huccuun kun irra afamuufi waan ittiin qabsiisan.

II. Akkaataa Hojii Baatikii

- Jalqaba irratti huccuu hojii kanaaf ta’u qopheessuu,
- Uffata halluu cuuphamuuf ta’u sirriitti saamunaadhaan miicuu,
- Uffata miicame kana aduutti baasanii afuun, akka gogu taasisuu. Erga gogeen booda kaawuyyaan diriirsuu,
- Uffata qophaa’e kana minjaala yookiin waan diriiraa ta’e irratti diriirsuu,
- Saxaxa barbaachisu qubeessaadhaan waraqaa irratti wixinuu. saxaxa wixiname kana kaarboniin uffata irratti garagalchuu. Fakkeenyaaf, saxaxa kanneen akka abaaboo, simbiraa, firii mukaa, billaacha, qurxummii, baala adda addaafi kan kana fakkaatani dha.
- Saxaxni barbaadame erga hojjetameen booda duungoo yookiin gagaa baqe dibduudhaan iddoo saxaxa hojjetamee sana dibduu halluun tuquun dibuu yookiin duungoo baqe saxaxa saxaxame hordofuudhaan coba duungoo sanaa iddoo saxaxaa irratti dhangalaasuu (cobsuu).
- Erga duungoon yookiin gagaan dibame kun qoorree (gogee) booda halluu filatame kan bifa waan dibamu (cuuphamuu) sana hin fakkaanne qaama hunda dibduudhaan dibuu yookiin akkuma jirutti halluu cuuphuu.
- Halluun dibame sun akka gogu gochuu.
- Erga halluun uffata irratti gogeen booda, bakka duungoon itti dibame waan ho’aadhaan akka baqee gadi lakkisu gochuu yookiin albeen bakka cobni duungoo itti dhangala’e soquudhaan akka uffata irraa gadi lakkisu taasisuu.
- Uffanni kun uffannaadhaaf kan oolu yoo ta’e, yeroo dheeraadhaaf halluu

keessa akka turu gochuu.

- Huccuun halluu cuuphame kun erga halluu keessaa ba'een booda bishaan sogiddaafi soodiyeem baayikaarbooneetiin itti bulbulame keessa sa'aatii afurii hamma shaniitti tursuu.
- Minjaala irra galaalcha wal-irra buusanii diriirsuu.
- Galaalcha diriirfamee afame irra uffata cuuphame diriirsanii afuu fi
- Huccuu afame irra galaalcha biraa afuudhaan kaawuyaa ho'aan sukkuumuu/ gogsuu dha.

Walumaagalatti saxaxni uffataa yeroo saxaxeeffamu wanti hubatamuu qabu wanta hojjetamuuf adda baafamuu qaba. Kunis yeroo qophaa'u kan aadaa, ammayyaafi kan kana fakkaatu irratti hundaa'ee wanta saxaxeeffamuuf dursinee maliif akka hojjetamu adda baasuu qabna. Kana ta'uu baannaan waanti saxaxeeffamu sun gatii dhaba jechuudha.

2. Uffata Irratti Xeberuu / Gooduu

Gocha 7

Naannoo keetti qabee aannanii irratti saxaxa hojjetamu argitee beektaa? Yoo argitee kan beektu ta'e daree keessatti erga irratti mari'atee booda barsiisaa/tuu keetti himi.



Fakkii 2. 13 : Fakkii saxaxa uffataa irratti xeberaame agarsiisu

Gooduu/ Xeberuu jechuun ogummaa hojii harkaa ta'ee, lilmoofi kirrii halluu adda addaa fayyadamuun uffata, afata manaa, hodhaafi kan kana fakkaatan irratti saxaxa uumuun ogummaa hojjetamudha. Ogummaan kun bara durii wantoota akka mukaa, leemman fi kan kana fakkaatu fayyadamuun paatarnii adda addaa uumuun akka hojjetamaa ture himama. Yeroo ammaa kana ogummaan kun sadarkaa ol'aanaa irra gahee makiinaa uffata hodhutti fayyadamuun saxaxa miidhagaafi nama hawwatu kirrii halluu garaagaraa qabu fayyadamuun paatarnii adda addaa uumuun hojjetamaa jira. Akka fakkeenyaatti wantoonni ogummaa kanaan hojjetamaa jiran kanneen akka golgaa adda addaa, uffata siree, afata manaa, uffata soofaafi kan kana fakkaatan ittiin miidhagfamaa jira.

2.4.1.2 Mala Maxxansa Waraqaa Mummuruun Hojjetamu

Maxxansa waraqaa kutanii keessaa baasuun hojjechuu jechuun ogummaa waraqaa irratti wanti barbaachisu erga wixinamee booda halluu gurraacha (inkii) dibuun iddoo hafe muranii keessaa baasuun kan hojjetamu jechuudha. Malli kun mala

maxxansaa muka soofuun hojjetamuuf akka ka'umsaatti kan tajaajiludha. Waraqaan muka irra laafaa waan ta'eef salphumatti saxaxa barbaadame saxaxuun hojjechuun nidanda'ama. Kana jechuun namni tokko ogummaa waraqaa muruun maxxansuu yoo sirnaan danda'e ogummaa mukaas hanqooquun maxxansuu nidanda'a jechuudha.

Barnoonni kamiyyuu salphaa irraa gara wal xaxaatti akka adeemu beekamaadha. Haa ta'u malee, hojii kana hojiiwwan kaawwan irraa adda kan godhu fakkiin/ saxaxni tokko erga hojjetameen booda haala ifaafi gaaddisni erga irratti uumamee booda bakka gaaddisa ta'e hundumaa qaama saxaxni irratti hojjetamerratti dhiisuun, qaama ifti irra qubatu jedhamee dhiifame muramee keessaa erga baafameen booda qaama akka irratti hojjetamuuf qopheeffame halluu gurraacha dibuun happeedhaan qaama gurraacha dibame irratti maxxansuun kan hojjetamudha.

Haalli kun mala maxxansa waraqaa muruun maxxansamu /paper cut print/ jedhamee waamama.



Fakkii 2.14 a : Fakkii mala maxxansa waraqaa mummuruun hojjetame agarsiisu

Meeshaalee Hojii Kanaaf Barbaachisan:

Waraqaa saxaxni irratti hojjetamu

- Waraqaa furdaa irratti gadi maxxanfamu
- Qubeessaa
- Qartuu

- Haqxuu
- Murtuu waraqaa/ Kaatarii
- Koollaa yookiin happee
- Halluu gurraacha /linkii/
- Diba halluu

II. Akkaataa Hojii Isaa:

- Waraqaa qophaa'e irratti saxaxa yookiin fakkii fakkeessuu.
- Fakkii fakkeeffame kana seeraan ifaafi gaaddisa isaa eeguun gurraachessuu.
- Waraqaa furdaa akka irratti maxxansamuuf qophaa'e irratti halluu gurraacha dibanii qoorsuu. yookiin saxaxa qophaa'e sana iddoo gaaddisa isaa halluu dibuun kutanii baasuun waraqaa irratti maxxansuu.
- Bakka gaaddisaafi ifaa adda baasuun bakka ifaa muranii keessaa baasuu.
- Erga muramee booda waraqaan haphii waan ta'eef akka deebi'ee hin dadachaaneef of-eeggannoodhaan koollaa/happee dibuu.
- Osoo happeen dibamee hin qooriin of-eeggannoon dafanii maxxansuu.

Fakkeenya asiin gadii kana ilaali.



Fakkii 2.14 b : Fakkii mala maxxansa waraqaa mummuruun hojjetame agarsiisu

Shaakala 6

Akkaataa maloota maxxansa waraqaa muruun maxxansamu asiin olitti ibsame irratti hundaa’uun maxxansa asiin gadii kana fakkeessuun hojjedhuutii barsiisaa/ tuu keetti agarsiisi.



Fakkii 2. 14. c : Fakkii mala maxxansa waraqaa mummuruun hojjetame agarsiisu

2.4.1.3 Iskiraachii

Iskiraachiin mala maxxansaa miti. Garuu hojii giraafiksii keessaa isa tokko waan ta’eef, mala kanatti fayyadamuun mala baruu barsiisuu barnoota giraafiksii kennuun nidanda’ama. Hojiin iskiraachii halluu gurraacha/iinkii/qofa dabalachuu isaaf malee leecalloo naannootti argamu kanneen akka: duungoo, saamunaa uffataa, halluu gurraachaafi lilmoo yookiin mutaa fayyadamuun hojjechuun kan danda’amudha. Malli kunis hojii giraafiksii keessatti mala salphaa ifaafi gaaddisa uumuun fakkiin ittiin fakkeeffamu keessaa isa tokkodha.

Ogummaan Iskiraachii kun haalli hojii isaa salphaafi kan eenyuyyuu hojjechuu danda’u ta’ee, adeemsi hojii isaa garuu of eeggannoofi xiyyeeffannoo guddaan kan barbaadudha. Sababni isaas yoo dogoggorre irra deebine hojjechuuf yookiin sirreeffachuuf kan namatti hin tolle waan ta’eefidha. Hojiin iskiraachii kun hojii baay’ee salphaa waan ta’eef kanneen akka hojii muka soofuun maxxansuu hojjechuun dura ogummaa kanaan agarsiifama. Kunis adiifi gurraacha qofaan tooniiwwan vaaliyuu uumuun kan danda’amu ta’uu isaati.

i. Meeshaalee Hojii Kanaaf Barbaachisan:

- Waraqaa furdaafi jabaataa ta'e
- Saamunaa
- Bishaan
- Duungoo
- Dibduu halluu
- Halluu gurraacha / Iinkii/
- Waan qara qabu kanneen akka lilmoo, mutaafi kan kana fakkaatan

ii. Akkaataa Hojii Isaa

- Waraqaa jabaataafi furdaa qophaa'e waan diriiraa irra kaa'uun akka hin goophanne eeggachuu,
- Waraqaa jabaataa diriire kana irratti duungoo itti riguudhaan dibuu,
- Duungoo dibame irraan saamunaa dhangala'aa dibduudhaan dibuu,
- Hamma halluun dibamee qoorutti obsaan eeguu,
- Erga sirriitti gogee booda halluu gurraacha dibduun dibuu,
- itti aansuun wixinee barbaadame lilmoon /waan qara qabuun/ suuta jedhanii irratti bocuu,
- Kallattii ifaafi gaaddisaa adda baasuun gara ifa fakkaatee mul'atu irraa eegaluun hanqooqanii irraa baasuu,
- Gara gaaddisa fakkaatuun yoo barbaachise dudduubee isaa irraa baasuu yookaan immoo sarara tooriidhaan dhiisuun hojjechuu,


Fakkeenyaaf:



Fakkii 2. 15 a : Fakkii mala iskiraachiin hojjatame agarsiisu

Shaakala 7

Akkaataa maloota iskiraachii asiin olitti ibsame irratti hundaa’uun fakkii asiin gadii kana fakkeessuun hojjedhuutii barsiisaa/tuu keetti agarsiisi.



Fakkii 2. 15 b : Fakkii mala iskiraachiin hojjatame agarsiisu

2.4.2. Hiikkaa Bobbocaa

Bobbocni hojii og-argaa hojjaa, dalgeefi dheerina qabuudha. Kun immoo tooftaalee hojiin og-argaa ittiin hojjetaman kanneen akka diba halluu, wixinee, maxxansaafi kan kana fakkaatan warra qaama diriiraa ta'an irraa addaan baasuuf gargaara.

2.4.2.1 . Ogummaa Suphee Dhahuu

Bara durii keessa ilmi nama wantoota garagaraa hojjatee kan inni itti gargaaramaa ture tajaajila yeroo murtaa'eef qofa ture. Keessumaa yeroo adamoo adamsanii jireenya isaanii ittiin gaggeeffachaa turan wantoota ba'aaf ulfaatoo ta'aniifi bakkaa bakkatti sochoosuuf rakkisaa ta'anitti baay'ee itti gargaaramaa hin turre. Bara bineensa madaksanii jireenya isaanii gara tikfattummaatti jijjiiran illee, sababa bishaan, margaafi kan kana fakkaataniin wal qabateen bakka tokkoo bakka birootti waan socho'aniif, akkuma bara adamoo irratti hundaa'uun jireenya isaanii gaggeessaa turanii wantoota sasalphaa ba'aaf mijatanitti gargaaramaa turan. Booda keessa erga ilmi namaa dhaabbataan bakka tokko qubatee jireenya tasgabaa'aa jiraachuu eegalee booda ogummaan suphee dhahuu kan jalqabe akka ta'e seenaan ni ibsa.

Ogummaan suphee dhahuu ogummaa turaa ilmi namaa bara durii irraa eegalee bakkeewwan garaagaraatti hojjatee ittiin tajaajilamaa ture keessaa isa tokkodha. Ilmi nama yeroo jalqabaaf, osoo biyyee suphee irraa wantoota akka okkotee, xuwwee,gaanii kan kana fakkaatan hojjetee bishaan waraabbachuu hin eegaliin dura, wanta guuboo irraa hojjetameen bishaan lagaa waraabbachaa turan. Bishaanumti isaan lagaa waraaban kun immoo kan suphee of keessaa qabu ture. Yeroo biyyeen suphee bishaan waliin waraabamu suuta suutaan guuboo jalatti hafaafi baay'achaa adeemu foormii guuboo sanaa qabate. Adeemsa keessa yeroo gogu ilmi namaa biyyeen supheen kun akka guubootti bishaan qabachuu akka danda'u hubatani.

Kanarraa ka'uun biyyee suphee naannoo qarqara lagaatii barbaadanii walitti qabuun bocuufi aduu yookiin aara ibiddaa ho'aatiin tolchuu jalqaban. Yeroo tokko tokko meeshaalee sasalphaatti gargaaramuun ogummaa miidhaginaa

irratti hojjechuun miidhagsuu eegalan. Haala kanaan ogummaan suphee dhahuu inni jalqabaa eegale jechuudha.

Ogummaan suphee dhahuu, ogummaa meeshaaleen /mi'i nyaanni ittiin bilcheeffamu, bishaan waraabamuufi wantoonni adda addaa ol kaawatamu/ kuufamu biyyee suphee irraa hojjetamee ibiddaan siileffamee /gubatee itti jabaatudha. Ogummaan suphee dhahuu, ogummaa miidhaginaa biyyee suphee irraa hojjetamu, kan baay'ee turaafi bakkeewwan garaagaraatti dalagamaa turedha. Hojiin suphee dhahuu bara durii keessa hojjetamaa turan tajaajila adda addaaf kan oolaa turaniifi amma immoo qo'annoo hambaalee garaagaraaf akka ragaa agarsiistuu qarooma dhala namaatti gargaaraa jira.

Wantoonni biyyeen suphee irraa hojjetaman nicabu, garuu caccabaan isaanii salphaatti osoo hin badiin waggoota dheeraadhaaf lafa keessa nitura. Akkuma aartii holqaa yookiin akaakuu og-aartiiwwan kan biroo seenaa barreeffamaa dura hojjetamaa turanii kalaqniifi guddinni ogummaa suphee dhahuu hawaasummaa, diinagdeefi haala qilleensa baramaa naannoo agarsiisa.

Bara durii keessa namoonni suphee dhahaa turan haala garaagaraan miidhagfachaa kan turanidha. Akkuma aadaan, duudhaan, seenaan, gosaa gosatti yookiin hawaasa tokko gara hawaasa birootti garaagarummaa qabu, akkaataafi miidhaginni isaan qaama wantoota /mi'oota suphee irraa hojjetaman irratti hojjetan garaagarummaa niqaba.

Oomishni suphee dalagaa hedduu qaba. Keessumaa akka yeroo ammaa kana meeshaalee dhalli namaa ittiin gargaaramu wantoota adda addaan bakka bu'uu osoo hin eegaliin dura, oomishni biyyee suphee bishaan itti waraabuuf, nyaata itti bilcheeffachuuf, midhaan itti naqachuufi kan kana fakkaataniif dhimma itti bahaa turaniiru.

Wantoota oomisha suphee ta'an hunda hojjechuuuf, filatamaa kan ta'e biyyee supheeti. Wantoota adda addaa biyyee suphee irraa erga hojjenneen booda ibiddaan siilessuu /gubuu qabna. Ibiddaan siilessuun biyyee suphee dhiibbaa bishaanii irraa hambisa. Osoo wanta biyyee suphee irraa hojjetametti akkuma aduun gogee jirutti bishaan itti naqne, niyaasa. Garuu osoo itti hin

fayyadamiin dura ibiddaan digirii seelshiyeesii 500 /500⁰c/ olitti siilessinee itti gargaaramnee hin yaasu. Sababni isaas biyyeen suphee sun ibiddaan gubachuu isaa irraa kan ka'e jijjirama keemikaalaatiin amala pilaastikummaa qabaachuutiin akka bishaan of keessa tursuufi jabaatu taasisa.

1. Akaakuu Biyyee Suphee

Meeshaaleen biyyeen suphee irraa hojjetaman akaakuu biyyee supheefi tempireechara ittiin siileffaman /gubatan irratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamu. Isaanis:

A. Biyyee suphee jabaataa

B. Biyyee suphee cirrachaa

C. Biyyee suphee adii .

A. Biyyee Suphee Jabaataa

Biyyee suphee baay'ee jabaataa ta'e irraa kan hojjetamu ta'ee, akaakuu supheen ittiin dhahamu keessaa isa baay'ee turaafi salphaa ta'edha. Akkasumas isa baay'ee lallaafaa ta'eefi tempireechara gadi aanaa /xiqqaa ta'een kan siileffamudha. Gidduugalaan tempireechara digirii seelshiyeesii kuma tokkoon hanga kuma tokkoof dhibba lamaa /1000⁰c-1200⁰c/tti siilessama.

B. Biyyee Suphee Cirrachaa

Biyyee suphee baay'ee yabbuu ta'e irraa kan hojjetamuufi gidduugalaan tempireechara digirii seelshiyeesii kuma tokkoof dhibba tokkoon hanga kuma tokkoof dhibba sadii /1100⁰c-1300⁰c/ gidduutti kan siilessamudha. Dabalataan biyyeen suphee cirrachaa daakuu fuulleadhaan kan uffisamuufi irra deebi'ee tempireechara olaanaan kan siileffamudha. Wanti balaqqisaan /daakuu fuullee qaama suphee sanaa waliin yommuu siileffamu walitti baquun fuullee fakkaatee cululuqee akka miidhaguufi bishaan of keessa hin dabarsine taasisa. Oomishni biyyee suphee cirrachaa irraa hojjetamu halluu garaagaraa qaba. Fakkeenyaaf, keelloo dimimmisaatii hanga diimaa dimimmisaatti, odolcha /xiillootii hanga keelloo dimimmisaatti yookiin halluu magariisa qabu.

C. Biyyee Suphee Adii

Wanta adii jabaataa balaqqisu kan biyyee suphee tolchuun hojjetamu, meeshaalee balaa hin dandamanne kanneen akka kubbaayyaa, shinii, sahaanii, callee, dooqaafi kan kana fakkaataan kan ittiin hojjetamanidha. Oomishni kun akaakuu kanneen biroo irra baay'ee gaariifi gatii qabeessadha.

2. Akkaataa miidhagina oomisha suphee

Oomishni biyyee suphee irraa hojjetaman akkaataa adda addaan miidhagfamu. Isaanis:

- Cululuksuu
- Dibuu
- Keessatti dhookuu
- Keessaa ol baasuu
- Paatarnii uumuu

3. Amala Supheen Qabu

- Qabxii baqinsaa ol aanaa qaba /kanaaf ibidda nidandamata/
- Ciminaafi jabina guddaa ta'e qaba.
- Umurii dheeraa ta'e qaba.
- Humna elektirikii of keessa dabarsuu irratti gadi aanaadha yookiin of keessa hin dabarsani.
- Keemikaalota biroo waliin wal nyaatinsa hin gaggeessani.
- Hedduun isaanii maagineetii ofitti hin harkisani.
- Hanga rukkinaa xiqqaa waan qabaniif, wantoota ulfaatina guddaa hin qabne keessatti nitajaajilu.

4. Hanqina Supheen Qabu

- Uumamaan salphaatti caccabuu.
- Supheen goge dadacha'uu irratti baay'ee ulfaatoodha.
- Yoo baay'ee qal'atan /haphatan jabina hin qaban.

5. Faayidaa Oomishni Suphee Qabu:

- Miidhaginaaf ni oola.
- Mana keessatti itti tajaajilamuuf ni oola.
- Gurguramee galii argamsiisuun nitajaajila.

2.4.2.2 Ogummaa Bobboca Waraqaa

A. Maalummaa Bobboca Waraqaa

Bobbocni waraqaa tooftaa itti wantoonni/ meeshaaleen hedduun barbaachisaafi miidhagaa ta'an itti hojjetamanidha. Tooftaalee hojiin bobbocaa ittiin hojjetaman keessa isa salphaa ta'edha. Bobboca mala salphaan hojjetamu keessaa inni tokko bobboca waraqaan hojjetamu akka ta'e beekamaadha. Waraqaa haala adda addaatiin fayyadamuun moodelii (bobboca) waan tokkoo hojjechuun kan danda'amuudha. Kunis, waraqaa cimaa (jabaataa) ta'e haala moodela hojjetamuun mummuranii waan akka amala haphee qabaniin kanneen akka kollaa, haphee mukeewwanii, baalaafi habaaboo adda addaa irraa argaman, uhuufi kan kana fakkaatan gargaaramuun wanta birootiin walqabsiisuun hojjechuun nidanda'ama.

B. Seenaa Ogummaa Bobboca Waraqaa

Ogummaan bobboca waraqaa bara durii kaasee biyyoota adda addaa keessatti dalagamaa akka ture seenaan barreeffama yeroo adda addaa nutti mul'isa. Ogummaan bobboca waraqaa akka guddatuufi beekamu biyyoonni irra caalaatti itti fayyadamaa turaniifi gumaacha guddaa taasisan kanneen asiin gadiiti:

1. Biyya Faransaay
2. Biyya Gibxii (Misiraa)
3. Biyyoota Baha giddu galaa
4. Biyyoota Baha fagoo
5. Biyyoota Awurooppaa

Walumaagalatti, biyyoota asiin olitti tarreeffaman kana tokko tokkoon akkaataa dhufaatii isaanii wajjin akka asiin gadiitti haa ilaallu.

1. Gibxii/ Misiraa

Akka seenaa adda addaa irraa hubannutti, bara durii keessa biyyi Misiraa/Gibxii ogummaa og-argaa hojjechuufi jalqabuun biyyoota addunyaa kanneen biroo dursitee argamti. Biyyi kun dhaloota Kiristoosiin dura ogummaa og-argaa jalqabuu irratti bakka guddaa kan qabdudha.

Ogummaawwan bobbocaa bara durii Gibxii/Misiraa keessatti hojjetamaa turan keessaa ogummaan bobboca waraqaa isa tokkodha. Kunis, irra caalaatti sanduuqa reeffaafi maaskii ogummaa bobboca waraqaa irraa hojjechaa akka turan seenaan dhugaa ba'a. Akkasumas, ogummaa peppar maashee fayyadamuun biyyi Misiraa uffata siree wantoota amala happee qabuun walqabsiisuun hojjechaa turte.

2. Biyyoota Gidduu Galeessaafi Baha Fagoo

Biyyootni baha fagoo jedhaman, biyyoota kan akka Jaappaan, Chaayinaa, Kooriyaafi kan kana fakkaatan yoo ta'an, biyyootni baha giddu galaa jedhaman immoo kanneen akka; Israa'el, Paalastaayin, Iraaq, Iraaniifi kan kana fakkaatan maqaa dhahuu nidandeenya. Peershiyaafi Kaashimiir keessattis ogummaan bobboca waraqaa baay'ee beekama. Biyyoota lamaan kanatti, meeshaalee adda addaa fayyadamuun ogummaan bobboca waraqaa hojjetamaa kan ture yoo ta'u, innis meeshaalee mana keessaa xixiqqoo kan akka saayinii, sanduuqa huccuufi sanduuqaa halluu adda addaan faayamee ogummaa bobboca

waraqaan hojjetamaa akka ture seenaan ragaa baha. Akkasumas, Jaappaaniifi Hindiinis meeshaalee waraanaa, kan akka gaachanaa, eeboo, goraadeefi kan kana fakkaatan qaama meeshaalee waraanaa irratti akka miidhaginaaf oolutti bobboca waraqaa peppar maashee gargaaramuun bara durii kaasee dalagaa akka turan seenaan dhugaa baha.

3. Awurooppaa

Ogummaan peppar maashee Awurooppaa keessatti hojjetamuu kan jalqabe yoo ta’u, kunis muka adda addaa bocuun saxaxni hojjetame akka filannoo lammaffaatti, gatii salphaan maamiltootaaf akka dhihaachaa ture seenaan nidubbata. Fakkeenyaaf, bara 1772 biyya Ingiliziitti, waraqaa qulqulluu zayita talbaa wajjin walqabsiisuun, fooddaa irratti maxxansuun hojjetamaa tureera. Waraqaa zayita talbaa waliin walqabsiisuun kan barbaachiseef, fooddaa sana keessa bishaan akka hin darbineef gargaara jedhanii amanu. Namichi Teedoor Jeeneensi waraqaawwan adda addaa fayyadamuun waraqaa bishaaniin affeeluun boca garaagaraa hojjetee mul’ise. Fakkeenyaaf, saayinaa, minjaala, bocawwan fooddaa kan mul’isu maqaa dhahuu nidandeenya. Oggeessi kun waraqaafi bishaan fayyadamuun ogummaa bobboca waraqaan bocame kana akka jabina (cimina) qabaatuuf, boca hojjetame kana muka yookiin sibiila adda addaa irratti maxxansuun hojjetamaa akka ture seenaan nidubbata. Ogummaa bobboca waraqaa biyyoota Awurooppaa keessatti hojjetamaa turan keessaa muraasni isaanii:

- Dooniifi
- Golgaa fuulaa/ Maaskiidha.

Ogummaa bobboca waraqaa irraa golgaa fuulaa/ maaskii hojjechuun manneen barnoota sadarkaa tokkooffaafi jaallattoota bobbocaa biratti baay’ee beekamaadha.

C. Akaakuu Ogummaa Bobboca Waraqaa

Ogummaa bobboca waraqaa akkaataafi meeshaalee garaagaraa fayyadamuun dalaguu nidandeenya. Ogummaan kunis yeroo gabaabaa hanga yeroo dheeraa fudhachuun kan hojjetaman yoo ta’u, kanas daa’immanii hanga ga’eessotaatti keessatti hirmaachuun nidanda’ama. Ogummaa bobboca waraqaa akkaataa hojii

isaaniifi meeshaalee ittiin dalagaman irratti hundaa’uu bakka lamatti qoodnee ilaaluu nidandeenya. Isaanis:

1. Ogummaa peppar maashee waraqaa furdaa kukkutame (mummurame) irraa hojjetamuufi.
2. Ogummaa peppar maashee waraqaa bukaa’e irraa hojjetamuudha.

1. Waraqaa Bukaa’e Irraa Bobbocni (Moodeliin) Haala Ittiin hojjetamu

Hojii suphee irraa bobboca adda addaa hojjechuun akkuma danda’amu hunda, waraqaa bukaa’eenis moodelii (foormii) wantoota adda addaa hojjechuun akka danda’amudha. Waraqaa bukaa’e irraa moodeliin hojjetamu kun haala biraatiin hojii ogummaa peppar maashee akka jedhamudha. Jechi “Peppar maashee jedhu” jecha afaan Faransaay irraa kan dhufe ta’ee, hiikni isaas waraqaa bukaa’e jechuudha. Ogummaan hojii peppar maashee jaarraa kudha torbaffaa keessa biyya Faransaayitti akka jalqabame seenaan tokko tokko kan ibsudha.

Ogummaa peppar maasheetiin moodelli wantoota adda addaa haala (bifa) lamaan kan hojjetamudha. Innis waraqaa haphii hojii kanaaf ta’an haphee (mooqa midhaanii) dibanii wal-irratti deddeebisanii (daddabalanii) qabsiisuun kan hojjetamu yommuu ta’u, inni biraa immoo waraqaa cicciruudhaan erga bishaaniin laafee tortoree booda haphee (koollaa) yookiin mooqa midhaanii wajjin waliin makuun akkuma biyyee supheetti erga qophaa’ee booda bobbocni (moodelli) waan adda addaa ittiin akka hojjetamudha. Moodela haala kanaan hojjetaman keessas kan akka boca saayinaa, kubbaayyaa, baaldii, shiniifi kan kana fakkaatan hojjechuun akka danda’amudha.

A. Meeshaalee hojii ogummaa peppar maasheef barbaachisan

Meeshaaleen bobboca waraqaaf barbaachisan wantoota garaagaraa irraa hojjechuun akka danda’amu seenaa ogummaa kana irraa hubachuun nidanda’ama. Kanaafuu, meeshaaleen asiin gaditti tarreeffaman kun, ogummaa bobboca waraqaa gosa kamiyyuu hojjechuuf nugargaara. Meeshaaleen kunis, kan naannoo keenyatti argamanii kaasee hanga meeshaalee waarshaan oomishaman hunda kan of keessatti qabatedha. Isaanis:

- Waraqaa gosa adda addaa
- Haalluuwwan gosa garaagaraa
- Waraqaa cirrachaa
- Shiboo gosa adda addaa
- Wanta irratti maxxanfamu (Gabatee, Komporsaatoo, Sibiila batteefi kan kana fakkaatan)
- Dibduu lakkoofsa adda addaa
- Saamunaa, Zayitii, Vaaziliinii
- Soogidda
- Meeshaalee amala golboo qaban (Saayinaa golboo, Baaldiifi kan kana fakkaatan)
- Qabduu
- Vaarnishii
- Qirixii
- Wantoota amala happee qaban Koollaa, Uhuu, Hapheewwan biqiloota adda addaa irraa argaman, kan akka Adaamii, Gaattiraafi kan kana fakkaatan, Daakuu midhaanii kanneen akka daakuu qamadii, xaafii, garbuufi kan kana fakkaatan.
- Bishaan
- Iskoochii
- Fal'aana
- Fooxaa garaagaraa
- Meeshaalee boca ittiin baasnu kan akka haaduu, maqasii, kaateriifi kan kana fakkaatan.

Moodelii (Bobboca) haala peppar maasheetiin hojjechuu keessatti faayidaan meeshaaleen hojii ogummaa peppar maasheetiif barbaachisan qaban kan asiin

gadiiti:

- **Waraqaa:** hojii kanaaf waraqaan kamiyyuu ta'uu danda'us, waraqaan haala salphaafi yeroo gabaabaa keessatti bishaaniin salphaatti laafuu danda'u yoo ta'e filatamaadha.
- **Wantoota waraqaan akka wal-qabatu taasisan:** Wantoonni waraqaan akka wal qabatu taasisan keessaa wantoota amala haphee qaban kan akka koollaa, mooqa daakuu midhaanii irraa qophaa'e, faagullooo talbaafi kan kana fakkaatan ta'uu akka danda'udha.

Wantoota kana keessaa haaluma salphaatti naannoo keenyatti kan argamu fayyadamuun kan danda'amu yommuu ta'u, mooqa daakuu midhaanii keessaa garuu waraqaa bukaa'e sana walitti qabuuf baay'ee cimaa (jabaataa) kan ta'e ta'uu qaba. Isaan keessaas kan akka mooqa qamadii, xaafti, omborii (matajaboo) yoo ta'an, garuu mooqa daakuu bisingaafi boqqolloo waan baay'ee laafaa ta'aniif itti fayyadamuun kana hunda barbaachisaa miti.

- **Qaama Negatiivii:** Qaamni negatiiviin hojii peppar maashee keessatti wanta hojjetamu sanaaf kan foormii kennudha. Wanta kana haaluma moodelii hojjetamu sanaan kan filatamu akka ta'e hubachuu qabna. Fakkeenyaaf, ogummaa kanaan moodeliin shinii kan hojjetamu yoo ta'e, akka negatiiviitti kan itti fayyadamuu qabnu shinii akka ta'edha.
- **Saamunaa, Zayitii, Vaaziliiniifi kan kana fakkaatan:** wantoonni kun immoo moodeliin hojjetamu sun akka qaama negatiiviitti hin qabanneef qaama negatiivii kan dibamanidha. Kunis, karaa moodeliin qaama negatiivii irratti hojjetamu yommuu ta'u, innis moodeliin sun karaa keessa meeshaa negatiivii irratti kan hojjetamu yoo ta'e, karaa keessaa dibama. Akkasumas, karaa alaa yoo ta'e immoo karaa alaa dibamuu qaba. Wantoota kana keessaa haaluma salphaan naannootti argamuu kan danda'u keessaa tokkoo isaatti fayyadamuun nidanda'ama.
- **Halluu:** Moodeliin hojjetamu erga hojjetamee raawwateen booda qaama moodelii hojjetame sana irratti saxaxa barbaachisaa ta'e ittiin hojjechuuf kan tajaajiludha.

- **Waraqaa cirrachaa:** Hojii kana keessatti waraqaan cirrachaa kan inni fayyadu qaama moodelii hojjetame ittiin wal qixxeessuuf akka ta'edha.
- **Soogidda (Ashaboo):** waraqaan bukaa'e akka wal-nyaatu taasisa.

B. Akkaataa Hojii Pepper Maashee

Haala hojii pepper maasheetiin moodeliin adda addaa haalli itti hojjetamu akkaataa kanaa gaditti ibsaman irraa hubachuun kan danda'amudha. Kunis:

- Waraqaa hojii kanaaf ta'u kukkutuun bishaan qulqulluu keessatti sirriitti akka laafuuf yookiin jiidhuuf akka turu taasisuu.
- Mooqa daakuu midhaaniitti kan fayyadamnu yoo ta'e, daakuu midhaniifi bishaanitti soogidda dabalani mooqa midhaanii hojjechuu. Mooqni kunis yeroo gabaabaadhaaf ibidda irra turee yeroo danfu irraa baasani akka qabbanaa'u taasisuu. Koollaa argachuuf naannoo mijaa'aa ta'etti immoo, bakka mooqa midhaanii koollaatti fayyadamuun nidanda'ama.
- Waraqaa bishaan keessatti sirriitti laafe mooqa daakuu midhaanii yookiin kollaa waajjin waliin makuu.
- Mooqa daakuu midhaanii irraa qopha'e kana yommuu waraqaa laafe wajjin walitti makamu hanga waraqaa waliin kan wal madaalu ta'uu qaba.
- Waraqaafi Mooqni (kollaan) inni waliin makame haala gaariin akka wal-nyaatuuf sa'aatii digdamii afuriif akka turu gochuu.
- Waan hojjetamu saniif akka negatiiviitti kan tajaajilu qopheessuu.
- Qaama negatiivii kallattii moodeliin hojjetamuun saamunaa yookiin zayitii dibuu.
- Waraqaafi mooqa midhaanii walitti makame haala gaariin wal-nyaatee akka biyyee supheetti qophaa'e sana akkuma karoora moodelii hojjetamuutti qaama negatiivii karaa saamunaa yookiin zayitii dibame irratti maxxansuun moodelii hojjetamu hojjechuu.
- Moodeliin hojjetamu kun hanga gogee qaama negatiivii gadi lakkisutti akka turu gochuu. Moodeliin hojjetame erga gogee booda qaama negatiivii irraa addaan baasuu.
- Moodeliin waraqaa bukaa'e irraa hojjetame erga gogee qaama negatiivii

irraa addaan bafnee booda qaama isaa karaa quququqaa ta'een waraqaa cirrachaatiin sukkumuun akka wal-qixxaatu taasisuu.

- Dhuma irratti halluu fayyadamuun qaama moodelii hojjetame irratti saxaxa hojjechuun miidhagsuu.

Gocha 9

Tartiiba waraqaa bukaa'ee asiin olitti baratte hordofuun, waraqaa bukaa'e irraa moodelii saayinaa golboo hojjechuun dareef dhiyeessi.


Waraqaa bukaa'e irraa moodelii wantoota adda addaa hojjechuun akka danda'amu barattee jirta. Kanaaf, wantoota hojii peppar maasheef barbaachisan hunda qopheeffadhuutii, tartiiba akkaataa hojii peppar maashee asiin olitti ibsame hordofuun moodelii saayinaa golboo hojjedhuu barsiisaa/ tuu keetti agarsiisi. Bu'aa ba'ii hojii kanaa rakkoo simudateefi wanta irraa baratte barattoota dareef ibsi.

Gocha 10

Moodelii saayinaa erga hojjetteen booda, akkaataa tariiba hojii asiin gadii hordofuun peppar maashee irraa bobboca allaattiiwwanii, beelladootaafi bineensotaa keessaa waan sitti tole tokko filachuun hojjedhuu barsiisaa/ tuu keetti agarsiisi. Dhuma irratti immoo waliigala adeemsa hojii kanaafi hojii kana keessatti wanta baay'ee sirakkisee, akkasumas wanta irraa baratte barattoota dareekeef ibsi.

Tartiiba Gochaa

- Waraqaa irratti qubeessaadhaan wixinee allaattiiwwanii, beelladootaafi bineensotaa keessaa kan hojjechuu barbaaddu wixini.
- Wixinee sana ilaaluun shiboodhaan yoo beellada kan hojjetu ta'e, qaama beelladaa hojjedhu. Haala hojii kana keessatti bakka shiboon hin argamnetti muka qaqaal'aa ta'e foo'aadhaan walitti hidhuun itti fayyadamuu nidandeessa.



Fakkii 2.15 Fakkii tartiiba hojii bobboca peeppar maashee agarsiisuu

- Waraqaa bukaa'ee koollaan wal make qopheeffadhu.
- Foormii shiboon yookiin mukaan tolfame irratti waraqaa bukaa'e sana xiqqeessitee ijaarsa qaama foormii wanta hojjetu sana ilaallachaafi eeggachaa itti qabsiisi.
- Xiqqoo erga tureen booda ammas itti dabali.
- Dhuma irratti qaama wanta hojjetu sanaa hanga fakkaatutti hojjedhu.
- Erga xumurteen booda akka goguuf aduu keessa kaa'i.
- Qaama isaa karaa quqquuqaa ta'e waraqaa cirrachaatiin sukkuumuun akka wal-qixxaatu taasisi.
- Dhuma irratti halluu fayyadamuun qaama moodelii hojjetame irratti saxaxa hojjechuun miidhagsi.

2. Moodelii waraqaa wal irratti qabsiisuun hojjechuun

Malli hojii kanaa waraqaa kukkutanii bishaan keessatti dhuubuun kan hojjetamu osoo hin ta’iin, waraqaa kukkutanii (babbaqaqsanii) waan amala haphee qabuun wal irratti deddeebisanii qabsiisuun (maxxansuun) haala moodelli waan adda addaa ittiin hojjetamudha. Hojiin ogummaa kanaa haala gaariin yoo hojjetame faayidaa adda addaatiif ooluu kan danda’udha. Kunis, meeshaalee mi’a manaa ittiin hojjechuun faayidaa garaagaraatiif oolchuun nidanda’ama.

Haala ogummaa kanaatiin meeshaalee hojjetaman keessaa kan akka moodelii kubbaayyaa, saayinaa, namaa, beelladootaafi kan kana fakkaatan hojjechuun akka danda’amudha. Mala hojii kanaaf wantoota barbaachisaniifi akkaataa hojii isaa haala kanaa gaditti dhiyaate ilaali.

A. Wantoota hojii kanaaf barbaachisan

- Waraqaa hojii kanaaf mijataa ta’e kan akka waraqaa galaalchaa, bar-ruulee adda addaafi kan kana fakkaatan.
- Murtuu/ kaaterii
- Haphee
- Wanta akka qaama negatiiviitti/moodelaatti tajaajilu
- Waraqaa cirrachaa
- Qubeessaa
- Halluufi dibduu halluu
- Zayitii

B. Akkaataa Hojii Isaa

- Moodelii akka hojjetamu barbaadame duraan dursanii murteessuu.
- Waraqaa hojii kanaaf barbaachisan qopheessuu.
- Waraqaa qophaa’e kana qaqaal’isanii murtuudhaan kukkutuun (babbaqaqsuun) qopheessuu.
- Qaama negatiivii karaa moodeliin irratti hojjetamu zayitii dibuu.

- Waraqaa bishaan cuuphuun/ dibuun happee osoo hin dibiin marsaa tokkoof qaama negatiivii irratti naanneessuun qabsiisuu /maxxansuu.
- Waraqaa cicciramee qophaa'e happee dibuudhaan dabaree dabareedhaan wal-irratti qabsiisuu.
- Haaluma kanaan hanga waraqaan yabbatutti irra deddeebi'uun qabsiisuu.
- Waraqaan qabsiifamu sun yabbuu ta'eera yommuu jedhamu akka gogutti aduu keessa kaa'uu.
- Erga goggogeen booda waraqaa qarqara irratti hafan waan qara qabuun sirreessuudhaan bakka hin barbaachifne irraa kutuu/muruu.
- Waraqaa/ moodelii hojjetame qaama negatiivii irratti maxxanfame irraa baasuu.

Hojii kana keessatti wanti hubatamuu qabu, waraqaa happee dibuun osoo qaama negatiivii irratti qabsiisuu hin jalqabiin dura marsaa duraa waraqaa bishaan cuuphuun/ dibuun qaama negatiivii irratti qabsiisuun waraqaan qaama negatiiviitti akka hin qabanneef kan gargaaru ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

- Qaama moodelii hojjetame waraqaa cirrachaatiin sukkumuun qaama isaa wal qixxeessuu.
- Moodelii hojjatamu miidhagsuuf happee qal'isanii dibduudhaan dibuu.
- Kana booda akka gogu gochuu.
- Dhuma irratti Hojiin kun erga xumurame booda yookiin erga moodeliin sun gogee booda halluu dibuun saxaxa adda addaa irratti hojjechuun miidhagsanii akkaataa barbaachisummaa isaatti itti fayyadamuun nidanda'ama.

Gocha. 11

Waraqaa happeen wal irratti qabsiisuun moodeliwwan adda addaa hojjetamuu akka danda'an barattee jirta. Wantoota hojii kanaaf sibaachisan asiin olitti baratte hunda guuttadhuutii, tartiiba hojii waraqaa happeen wal irratti qabsiisuun akkaataa moodeliin giloobii itti hojjetamuu danda'u kan asiin gaditti tarraa'e dubbisii tartiiba isaa hordofitii, moodelii giloobii hojjedhuu dareef dhiyeessi.


Dhuma irratti hanqinaafi cimina jiru irratti yaadaa barattoota daree keefi barsiisaadhaan/tuudhaan siif kennamu sirriitti caqasi.

Akkaataa hojii isaa:

- Waraqaa hojii kanaaf ta'an qaqal'isuun murtuudhaan mummurii qopheessi.
- Meeshaa akka qaama negatiiviitti sitajaajilu qopheessi. Fakkeenyaaf; kan akka distii teessoon isaa geengoo ta'e yookiin immoo saayinaa golboo hojii kanaaf ta'u.
- Qaama negatiivii zayitii dibi.
- Qaama negatiiviitti marsaa duraa waraqaa bishaan cuuphuun qabsiisi.
- Suuta suutaan haphee dibuun waraqaa wal irratti daddabaluun hanga yabbina barbaachisu irra ga'utti qabsiisi.
- Akka goguuf aduu keessa kaa'i.
- Erga gogee booda qaama waraqaa qarqara isaa irratti hin barbaachifne wal-qixxeessuun waan qara qabuun irraa muri. Kunis akka geengoo ta'uuf mala adda addaatiin fayyadamuun barbaachisaadha. Maloota adda addaa kana keessaa inni tokko karaa teessoo meeshaa waraqaadhaan tolfamee walakkaa teessoo isaatti karaa duubaa ispiilii/ lilmoo yookiin waan naannootti argamu kan akka qoraattiin waraani.
- Lilmoo yookiin qoraattii sanitti kirri (foo'aa) guduunfuun fiixee kirrii isaa gara tokkoon, gara birootti immoo qubeessaa hidhuudhaan mudhii moodelii hojjetametti naannessuun qubeessaa saniin sarara hojjedhu.
- Sararri qubeessaa saniin sararamu wal qixa ta'eetu naanna'ee bakka ka'e sanitti galuu qaba.

Haaluma kanaan moodelii isa lammaffaas hojjechuudhaan xumuruun waraqaa haala hojii giloobiitiif qopheessi.

Haala hojii kanaas fakkii asii gaditti dhiyaate kana irraa akka ifa siif ta'utti ilaali.




Haala hojii kana keessatti moodeliin qophaa'an lamaan akka wal-hin caalle lachanuun irratti qubeessaadhaan sarara hojjetamu wal qixxeessanii muruun barbaachisaadha. Sana ta'uu baannaan moodeliin hojjetaman kun lamaan wal caalanii xiyyoon isaanii wal-qixxaattee wal qabachuu dhiisuu danda'a. Haala kana irratti malli kan biroos yoo jiraate itti fayyadamuun nidanda'ama. Bocni kun lamaan akka wal qabatanittis mala garaagaraa fayyadamuun nidanda'ama.

Kunis, waraqaa yabbinni isaa giddu galeessa ta'e kan akka kilaaseraa dalgeen isaa seentimeetira ja'a ta'eefi dheerinni isaa immoo qixxee naannoo afaan boca hojjetamee sana kan ta'e qopheessi. Waraqaa yabbuu ta'e kanas seentimeetira sadiin bakka lamatti addaan qoodi.

- Hanga seentimeetira sadiitti happee dibi.
- Karaa happeen dibame kana boca isa tokko keessa galchuun sarara sarame sirrii qarqara afaan isaatiin naannessuun itti qabsiisi.
- Hangi seentimeetira sadii sararaan ala ta'e immoo alatti hafa.
- Waraqaa yookiin kilaasera seentimeetira sadii, qarqara afaan boca tokkoon ol hafe naannessuun karaa alaa happee dibi.
- Boca isa lammaffaa fiduun kilaasera isa happee dibame sana keessa oolchuun irratti qadaadi.

- Waraqaan keessaan happee dibamee keessa gale kun boca lamaan walitti qabuudhaaf kan gargaaru jechuudha.
- Moodeliin giloobii kun qarqarri afaan isaa erga wal qixxaatee wal qabatee gogeen booda, qaama boca hojjetamee karaa duuba isaa bakka wal caalu waraqaa cirrachaatiin sukkuumuun akka wal qixxaatu taasisi.
- Happee qal'isiitii qaama isaa karaa alaa dibi. Kunis halluu dibamu waraqaan sun akka ofitti hin xuuxneefi qaawwi tokko tokko yoo jiraate akka duuchuuf gargaara.
- Erga bocni sun lamaan wal qabatee booda, foormii isfiri /giloobii fakkaatu argachuu dandeessa jechuudha.
- Kaartaa addunyaa/ Fakkii giloobii kitaaba yookiin wanta biroo irraa ilaaluudhaan bakka bishaan ta'e halluu cuquliisa adiin makame dibi, bakka lafa ta'e immoo halluu filatame dibi.
- Dhuma irratti sararoota Meeridiyaaniifi Loogitiwuudii akkasumas, sabbata mudhii lafaa sararaan agarsiisuun akka giloobiitti itti fayyadamuun nidanda'ama.

Mala kanaa olitti ibsaman kana duwwaa osoo hin ta'iin mala biroos itti fayyadamuun hojii kana hojjechuun akka danda'amu beekuun barbaachisaadha. Giloobii mala kanaan hojjetame fakkii kanaa gadii irraa ilaali.



Hubachiisa: Tartiiba hojii asiin olii keessatti, meeshaan akka negatiiviitti tajaajiluuf akka fakkeenyaatti ibsame kan akka distii teessoon isaa geengoo ta'e yookiin immoo saayinaa golboo hojii kanaaf ta'udha. Bakka distii yookiin saayinaa golboo, kubbaa miilaa yookiin saaphanaa fayyadamuu nidandeenya. Garuu of eeggannoo cimaa barbaada.

- Kubbaa akkamitti fayyadamuu dandeenya yaada jedhuuf, bakka mi'aa yookiin meeshaa akka negatiiviitti gargaaramnutu jijjiirama malee tartiibni inni kaan tokkuma. Kubbaarraa moodela giloobii hojjechuuf:
- Kubbaan sirriitti afuufamuu/bokoksamuu qaba.
- Zayita yookiin Vaaziliinii dibuu.
- Ergasii waraqaa bishaan cuuphame marsaa jalqabaa naannessanii itti qabsiisuu. Yeroo kana karaa qaawwa kubbaan afuufamu/ qilleensi itti guutamu haguuguu hin qabnu.
- Itti aansuun waraqaa happee dibuun hanga yabbina barbaadamu irra gahutti furdisuun, qaawwa karaa qilleensi afuufamuun eeggachaa yabbisuu.
- Sana booda akka goguuf aduu keessa ol kaa'uu.
- Erga sirriitti gogeen booda tooftaa olitti ilaalletti gargaaramuun walakkaa isaa irratti qubeessaan naannessuun sararuu.
- Isa ittiin qilleensi afuufamuun akka qilleensi sirriitti kubbaa keessaa yaa'u taasisuu.
- Erga qilleensi kubbaa keessaa yaa'ee dhumachuu isaa barreen booda, of eeggannootiin akka kubbaan keessa jiru hin muramnetti kaaterii yookiin qaraba gargaaramuun bakka qubeessaatiin irratti sararre sanarra naannessinee kutuun kubbaa keessaa baasuu
- Adeemsa olii hordofuun waraqaa bakka lamatti murame walqabsiisuun, waan hojjetamu hunda hojjechuun xumuruun nidanda'ama.

CUUNFAA BOQONNAA

- Solfeejoo jechuun saayinsii muuziqaa keessaa tokko ta'ee, waa'e dandeettii namni muuziqaa dhaggeeffachuu, barreessuufi dubbisuu keessatti qabu irratti kan xiyyeeffatuudha.
- Rukuttaalee muuziqaa adda addaa, sagalee nootaaleewwanii gurraan dhaga'ee adda baafachuun, yeedaloo barreeffames dubbisuun karaan ittiin baratamu solfeejoodha.
- Guurressi Ambaassal sagalee sadaffaafi torbaffaa keessaa baasuun sagalee lammaffaafi ja'aaffaa 1/2 gara duubatti deebi'uun taphatama.
- Shurrubbeen akkuma kan ambaassalii sagalee sadaffaafi torbaffaa keessaa baasuun sagalee lammaffaafi shanaffaa gara duubatti deebi'amee taphatama.
- Shurrubbeen akkuma kan ambaassalii sagalee sadaffaafi torbaffaa keessaa baasuun sagalee lammaffaafi shanaffaa gara duubaatti deebi'amee taphatama.
- Shubbisni aadaa akkuma aadawwan kan biroo sabni tokko eenyummaa isaa kan ittiin ibsatuudha.
- Fiilmiinis ta'e tiyaatirri tokko bu'uurri isaa seenaa sammuu keessatti kalaquun qindaa'e barreessuu irraa jalqaba.
- Barreessuun hiika jiruun bifa barreeffamaan ergaa barbaadame sana dabarsuu jechuudha.
- Barreeffamni tokko yeroo barreeffamu, dhimmi barreeffamuuf, kaayyoo barreeffamuufi eenyuuf akka barreeffamuuf yaada keessa galchuun barreeffama.
- Adeemsa pirodaakshinii Og-tiyaatiraa keessatti ga'een taatotaa bartaphee shaakaluudha.
- Shaakalli tiyaatiraa deddeebisanii taphachuun yookaan qooda ba'uun hojii isaanii akka bareedee haala ogummaatiin akka dhiyaatu gochuudha.
- Hojii Og-tiyaatiraa tokko bifa bareedaa ta'een daawwatoota biraan

gahuuf qopheessaan gahee guddaa qaba.

- Qeeqa Og-aartiiwwanii jechuun hojii og-aartii tokko ciminaafi laafina isaa xiinxaluu jechuudha.
- Ogummaan suphee dhahuu ogummaa turaa ilmi namaa bara durii irraa eegalanii bakkeewwan garaagaraatti hojjetanii ittiin tajaajilamaa turan keessaa isa tokkodha.
- Ogummaan suphee dhahuu, ogummaa miidhaginaa biyyee suphee irraa hojjetamu, kan baay'ee turaafi bakkeewwan garaagaraatti dalagamaa turedha.
- Wantoonni biyyeen suphee irraa hojjetaman ni cabu, garuu caccabaan isaanii salphaatti osoo hin badiin waggoota dheeraadhaaf lafa keessa nitura.
- Akkaataafi miidhaginni qaama wantoota /mi'i suphee irraa hojjetaman irratti dalagamu hawaasa tokkoo hawaasa biroo gidduutti garaagarummaa niqaba.
- Wantoota oomisha suphee ta'an hunda hojjechuuf, filatamaa kan ta'e biyyee supheeti.
- Meeshaaleen biyyeen suphee irraa hojjetaman akaakuu biyyee supheefi tempireechara ittiin siilessaman /gubatan irratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamu.
- Oomishni biyyee suphee irraa hojjetaman akkaataa adda addaan miidhagfamu.
- Wantoonni biyyee suphee irraa hojjetaman humna elektirikii of keessa dabarsuu irratti gadi aanaadha yookiin of keessa hin dabarsani.
- Bobbocni waraqaa tooftaa itti wantoonni/ meeshaaleen hedduun, bushaa'aan, barbaachisaafi miidhagaa ta'an itti hojjetamanidha.
- Ogummaawwan bobbocaa bara durii Gibxii/Misiraa keessatti hojjetamaa turan keessaa ogummaan bobboca waraqaa isa tokkodha.
- Ogummaan bobboca waraqaa akka guddatuufi beekamu biyyoonni irra caalaatti itti fayyadamaa turaniifi gumaacha guddaa taasisan: Biyya

Faransaay, Biyya Gibxii (Misiraa), Biyyoota Baha giddu galaa, Biyyoota Baha fagoofi Biyyoota Awurooppaadha.

- Jechi “peppar maashee jedhu” jecha afaan Faransaay irraa kan dhufe ta’ee, hiikni isaas waraqaa bukaa’e jechuudha.

Gilgaala boqonnaa 2

1. Gaaffilee armaan gadii kan sirrii ta’een dhugaa kan sirrii hin taaneen ammoo soba jechuun deebisi.

1. Abbummaan hojii Og-aartii tokko hin beekamu.
2. Hojji og-aartii hojjechuuf haala jireenya hawaasaa gadi fageenyaan beekuun dirqama miti.
3. Hojii kalaqaa keessatti barreessaan tokko dandeetti isaa cimsachuuf yaada ogeessota tiyaatiraatirraa fudhachuun cimsachuu danda’a.
4. Hojii Og-tiyaatira tokko bifa bareedaa ta’een daawwattoota biraan gahuuf qopheessaan gahee guddaa qaba.
5. Adeemsa qeeqa og-aartii keessatti wanti raawwatu laafinaafi dadhabbina hojii Sanaa xinxaaluu qofa.
6. Ilmi namaa wantoota adda addaa biyyee suphee irraa hojjetee itti gargaaramuu osoo hin eegaliin dura, guuboo irraa hojjetee itti tajaajilamaa ture.
7. Ogummaan suphee dhahuu ogummaa itti meeshaalee nyaata itti bilcheeffatan qofti itti hojjetamudha.
8. Wantoota oomisha biyyee suphee ta’an ibiddaan gubuun dirqama miti.
9. Wantoonni oomisha biyyee suphee ta’an haala salphaa ta’een waa cabaniif, cabaan/qiraaciin isaaniin salphaatti bada.
10. Wanta biyyee suphee irraa hojjetame akkuma aduun gogeen osoo bishaan itti naqne ni yaasa.

11. Wantoonni oomisha biyyee suphee ta'an hunduu sadarkaa tempireechara wal fakkaataa ta'een siileffamu.
12. Biyyeen suphee kemikaalota biroo waliin wal nyaatinsa hin gaggeessu.
13. Ogummaawwan bobbocaa bara durii Gibxii keessatti waraqaa irraa hojjetamaa turan sanduuqa reeffaafi maaskiidha.
14. "Peppar maashee" jechuun waraqaa mummuramee hapheen walitti qabsiifame jechuudha.
15. Solfeejiyoon muuziqaa keessatti isa buuraafi murteessadha.
16. Guurressi Ambaassaliifi Shurrubbee yeroo ijaaramu garaagarummaa sagalee tokkoo qofa qabu.
17. Shubbisni aadaa Oromoo bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba.
18. Kileefonni muuziqaa gosa lama qofatu jira.
19. Shubbisni aadaa yeroo shubbifamu uffata aadaa malee hin shubbifamu.

II. Qubee deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Ademsa pirodaakshinii Og-tiyaatiraa keessatti ga'een taatotaa maali?

A. Bartaphee shaakaluu	C. Uffata qopheessuu
B. Dibata qopheessuuu	D. Bajataramaduu
2. Odeeffannoon bu'uura hojii hojjetamee qeeqa og-aartii keessatti eessatti ibsama.

A. Xiinxala keessaatti	C. Ibsa keessatti
B. Murtii keessatti	D. Hiikka keessatti

3. Barreessaan tokko dandeetti barreessuu isaa cimsachuuf maal gochuu qaba?
 - A. Hawaasa keessa jiraatu gadi fageenyaan beekuu
 - B. Yaadannoo isaa irratti waan argeefi dhaga'e katabuu
 - C. Fedhii dhuunfaa isaa irraa of qusachuu
 - D. Hunda
4. Gaheen qopheessaa maali?
 - A. Bartaphee taatoota dubbisisuu
 - B. Sagantaa shaakalaa baasuu
 - C. Guyyaa dhiheessi murteessuu
 - D. Hunda
5. Barreeffamni tokko yeroo barreeffamu maal qabaachuu qaba?
 - A. Dhimmi barreeffamuuf
 - B. Kaayyoo barreeffamuuf
 - C. Daawwataa
 - D. Hunda qabaachuu qaba.
6. Kanneen asiin gadii keessaa tokko akkaataa oomishni biyyee suphee irraa hojjetaman itti miidhagfamudha.

A. Cululuksuu	C. Paatarnii uumuu
B. Dibuu	D. Hunduu deebiidha.
7. Kanneen asiin gadii keessaa amala biyyeen suphee qabu kan ta'e isa kami?

A. Qabxii baqinsaa ol aanaa qaba.	C. Umurii dheeraa ta'e qaba.
B. Jabina guddaa ta'e qaba.	D. Hunduu deebiidha.
8. Kanneen asiin gadii keessaa tokko hanqina supheen qabudha.
 - A. Uumamaan amala salphaatti cabuu qaba.
 - B. Goonkuma hin dadacha'an.
 - C. Yoo baay'ee qal'atan jabina hin qaban.
 - D. Boca itti baasuuf ni ulfaatu.
 - E. Hunduu deebiidha

9. Kanneen asiin gadii keessaa tokko faayidaa oomishni suphee qabudha.
 - A. Miidhaginaaf oola.
 - B. Mana keessatti itti tajaajilamuuf ni oola.
 - C. Ho'a elektiriikii ittisuuf gargaara.
 - D. Hunduu deebiidha.
10. Biyyoota asiin gadii keessaa guddina ogummaa waraqaaf gumaacha guddaa kan hin taasisne kami?
 - A. Faransaay B. Gibxii C. Giriik D. Biyyota baha fagoo
11. “Peppar maashee” jechuun jecha afaan biyya kamiiti.
 - A. Gibxii B. Faransaay C. Jaappaan D. Chaayinaa
12. Guurressi sagaleewwan meejar iskeelii keessaa 3fi 7 baasuun 2fi 5 ½ hir'isuun hojjatamu isa kami?
 - A. Yaadannoo B. Baatii C. Shurrubbee D. Ambaassal
13. Shubbisnii aadaa Oromoo Arsii maal jedhama?
 - A. Tirtirsa B. Tirrii C. Ee'iyysaa D. Iskeekkee
14. Shubbisaa aadaa Oromoo wallaggaa Eemmolee yoo jenne kan Oromoo Raayyaa maal jenna?
 - A. Ee'iyysaa B. Kumkumme C. Gubee Lolee D. Shumbee
15. C D^b F G A^b C sagaleen kun guurressa kam agarsiisa?
 - A. Ambaassal B. Baatii maayinarii C. Shurrubbee D. Baatii Meejarii
16. Kanneen armaan gadii keessaa guurressa shurrubbee A kan ibsu kaam?
 - A. A^b B^{bb} D^b E^b F^b A^b C. A, B^b, D^b, E^b, F, A,
 - B. A^b B^{bb} D^b E^b F A^b D. Deebii hinqabu.

BOQONNAA

3

Haala Qabatamaa Seenaafi Aadaa

3. Seenaafi Aadaa Og- aartiiwwaniin

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura barannoo boqonnaa kanaatti:

- Faayidaa muuziqaan aadaa keessatti qabu adda baastee nibeekta,
- Walitti dhuufeenya muuziqaa, meeshaalee muuziqaafi shubbisni aadaa keessatti qabu nihubata.
- Maalummaafi hiika siidaa, siidaa yaadannoofi bobbocaa gidduu jiru nihubatta.
- Faayidaa siidaan qabu adda nibaafatta.
- Siidaawwan bara durii keessa hojjetaman muraasa isaanii ilaaltee niraajeffatta.
- Dur durii naannoo keessanitti beektu gara og-tiyaatiraatti nijijjiirta.
- Ergaa dur duriin dabarsu ni hubatta.

Seensa

Boqonnaa lama keessatti faayidaa rukuttaaleen Soofeejiyoo keessatti qaban, akkaataa itti taphataman, guurressa shurrubbeefi ambaassalii gargaaramtee baratee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo wa'ee muuziqaa, meeshaalee muuziqaafi shubbisni faayidaa isaan aadaa keessaatti qaban nibaratta.

Hojiiwwan ogummaa harkaa wantoota garaagaraa of keessatti hammata. Fakkeenyaaf, meeshaalee dhagaa irraa hojjetaman, hojiiwwan suphee dhahuu, meeshaalee sibiilaa kanneen akka meeshaalee waraanaa, akkasumas wantoota miidhaginaaf oolan kan akka biinkoo /kolbaa huccuu, faayaafi huccuu of keessatti haammata. Siidaawwaniifi siidaawwan yaadannoo akkaataan itti hojjetaman garaagarummaa haa qabaatu malee ergaawwan isaan dabarsan wal fakkeenya niqabu.

Hojiin Og-aartii kamuu haala jireenya hawaasaa waliin akka wal qabatu barnoota kutaalee darban keessatti baratterraa hubatteerta. Og-aartii hojjechuuf yaada ka'umsa waan irratti hojjennuu kan nuu ta'uu danda'u hawaasa keessa jiraannu. Boqonnaa kana keessattis, afoola uummata Oromoo kan beeknu gara og-tiyaatiraatti jijjiiruun akka hawaasa barsiisnufi. Akkasuma kan hin beeknemmo gaafachuun akka barannu kan nu akeekudha. Xiyyeeffannoon mata duree kanaatis, kan inni akeeku, dur durii uummata Oromoo gara og-tiyaatiraafi og-fiilmiitti jijjiiruun yaada ka'umsaa akka godhannuufi.

3.1 Aadaa Roga Muuziqaan, Meeshaalee Muuziqaatiiniifi Shubbisaan

Xumura barannoo mata duree kanaatti:

- Ga'ee muuziqaan, meeshaaleen muuziqaafi shubbisni aadaa keessaatti qabu ni ibsta.
- Faayidaa muuziqaan, meeshaalee muuziqaafi shubbisni Hawaasa keessatti qabu nitarreesita.

Gaaffii Hubannoo

Hawaasni tokko haala jiruufi jileenya isaa aadaa, safuufi diinagdee isaa karaa maal maaliin ibsaachuu danda'aa?

Aadaan akkaataa sirbaafi shubbisaa, akkasumas, sababa itti sirbamuufi shubbifamu kan mataa isaa qaba. Meeshaaleen muuziqaan itti fayyadamnus akkuma kanaadha. Muuziqaan afaan, aadaafi sona hawaasichi qabu kan of keessatti hammatu ta'ee shubbisaafi meeshaalee muuziqaatin deggaramee

dhiyaata. Akkasumas, muuziqaa fi shubbisni duudhaa amantaa, diinagdee, aadaafi siyaasa hawaasaa keenya faana kan walitti hidhame waan ta'eef muuxannoo hawaasichaa gabbisuufi walitti fiduu, akkasumas, abbummaanakkaittidhaga'amufi hirmaatugochuukeessattiga'eenisaa olaanaadha.

Muuziqaa fi shubbisni aadaa kan akka gootummaa faarsuu, jaalala namni tokko biyya isaaf qabu faarsuu, dandeettii dhuunfaa namni tokko jiruufi jireenya isaa geggeessuuf argisiisu jajuufi namoonni kan biroo akka isaatti akka hojjataniif kakaasuu, kan hin hojjanne arrabsuufi onnachiisuu, ergaa dabarsuuf hawaasni keenya dhimma itti ba'aa tureera; ammas dhimma itti ba'aa jira. Kana malees, shubbisniifi muuziqaan seenaa himuu, tursiisuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuu, guddina hawaasichaaf gumaachuufi jaalala biyyaaf jecha gatii kanfalamaa ture dhaloonni akka irraa baratuuf bifa salphaan dabarsuuf humna qaba.

Shubbisni akkuma muuziqaa aadaa duudhaalee, ilaalcha, bulchiinsa, safuu, sona aadaa hawaasichaa ibsuufi bakka bu'uu irra darbee bashannansiisuu keessatti shoorri qabu guddaadha. Kanarraa ka'uun shubbisni aartii aadaan tokko ittiin ibsamu jechuun ni danda'ama. Kana jechuun miira, yaada, seenaa himuu, siyaasa, diinagdeefi fedhii hawaasa tokkoo tajaajila jechuudha.

Aadaan shubbisa keessatti ibsamu kan biroon uffata aadaati. Namni shubbisa keessatti hirmaatu gareenis ta'ee dhuunfaan uffata aadaan faayameetu shubbisa. Meeshaaleen muuziqaa xabboo ta'anis shubbisa kana hoo'isuufi si'eessuu keessatti hojiirra oolu.

Walumaagalatti amalli aadaa saba/hawaasa tokkoo roga muuziqaa, meeshaalee muuziqaa fi shubbisaan yeroo xiinxalamu qaamaafi xiinsammuun isaa bifa wal-simataa ta'een akka irratti hirmaatuufi beekumsa xabboo hawaasichaa guddisuufi kunuunsuu isa dandeessisa.

Kana jechuun haalli aadaa uffannaa, sochiin qaamaa taasifamu, ergaan sirbaan darbuufi sirnicha hawaasichi geggeessu irratti faayidaarra oolan ibsituu aadaa kan yeroo cidhaa, kabaja dhalootaa, sagantaa hojii jalqabsiisuu, eebbaa, muudama

siyaasaafi ayyaanoota waggaa keessatti yeroo garagaraa geggeeffaman ibsituu eenyummaa sabichaati. Akkasumas muuziqaa, meeshaalee muuziqaa, shubbisa faayadamnee aadaa sirna fuudhaafi heeruma keessa jiru tokko haa ilaallu.

Mararoo misirroon yeroo heerumtu dhaammattu kan aadaa Oromoo Wallaggaa

Oromoon aadaa, seenaafi eenyummaasaa haala adda addaatiin ibsata. Aadaa Oromtichaa tarreessuun hanga urjii lakkaa'uu ulfaatullee akka fakkeenyaatti aadaa nyaataa, uffannaa, fuudhaafi heerumaa, ayyaaneeffannaa, walgargaarsaafi kanneen biroo kaasuun ni danda'ama.

Mararoon sirba yeroo cidhaa walaggatti sirbamu keessaa isa tokko yoo ta'u, gama dhiiraatiinis ta'e kan dubaraatiin yeedaloo humna garaa namaa raasu kan qabuudha. Haalli dalagaasaas (ittiin sirbamu) ta'ee ergaansaa miira namaa kan kakasuufi yaada gaddaa namatti naqee kan nama boossisuudha. Yeroo baay'ee mararoon dubaraa meeshaa aadaa dibbeedhaan deeggaramee waan dhihaatuuf daran miidhagaadha.

Akka asiin ol ibsuuf yaalametti sirna fuudhaafi heeruma naqataa keessatti intalliifi gurbaan kan walfuudhan fedhii maatii isaaniitiin yookiin fedhii walii isaaniitiin ta'uu danda'a. Maarree dubarri tokko osoo isheen hinbarbaadin yommuu heerumsiisan komeeshee mararoodhaan ibsatti. Kana garuu kan ibsattu fuulaa fuulatti osoo hintaane guyyaa kennaa hiriyyootashee waliin dhoksaadhaan gara booroo naanna'anii weeddisu. Weedduun isaan jechaa kan asiin gadiiti.

Dugugguruu yaa lafee hoolaa x2

Si gurguruu yaa roggee ilmomaa x2

Si gurguruun naa maraareetu marsee booha

Yeroo qeerrummaa yaa roggee ilmomaa

Hiddii muraanii yaa roggee ilmomaa

Darbachaa deemu yaa roggee ilmomaa

Yeroo subummaa yaa roggee ilmomaa

Gufuu baatanii yaa roggee ilmomaa

Darbamaa deemu yaa roggee ilmomaa

Si gurguruun naa maraareetu marsee booha

Hiroo dhaammachuu

Heennaan haama yaa kaloo,

hin afiin ajjeerradhuu,

seenaan dhaamaa yaa haadhakoo,

hin rafiin dhaggeeffadhuu,

yoo rafteef qalbeeffadhuu

Harmi koo hinbaanee, ni quuqxe malee,

Yaa aayyoolee koo,

Laanni koo hingenyee,

Yaa aayyoolee koo,

na quufte malee, ulee geeshee muruu

maaf na laatta haadha koo, anoo beekke hinbuluu.

Yaa abbaayyee koo, yaa aayyoolee koo,

Maaltu maal ta'ee, kan badii ta'ee,

Cabaawoo hintuffannee,

Darbaawoo hindubbanne,

Yaa ayyoolee koo

iddoo ciisakoo gumbii dhaabbadhuu

Cabaa irbaatakoo dilbii kaawwadhuu,

Dibaa mataakoo samaa kaawwadhu.

Yaa obbolees koo, Gadi bahaati, gorbatti siiksaa,

Guyyaa kennaa koo torbeetti hiiksaa,

Gaafa torbee koo kurnootti hiiksaa

Gaafa kurnookoo malli funyoo koo

Waddeessa qe'ee murmurtuu hinseenee,

Murmurtaniiree guddiftuu ijoollee

Haasooftuu qe'ee gurgurtu hinseene,

Gurgurtaniiree?

Ani ji'an se'e laftoo halkanii

Ani jiran se'e nattoo maltanii.

Yaa ayyooleekoo Yommuun ani xinnoo,

siree dhodhooftee, uruuruu jetta,

Amma maal goonaan, barcuma haaxoftee, qarshii

lakkooftee, gurguruu jetaa?

Yommuu na biraa mucaa koo jetaa,

Gurbayoon dhufnaan mucaa kee gattee

gurbaa koo jettee,

Horiidhaaf jettee dhalakee gattaa?

Qarshii qiraacii darbattee keessaa, guchuma keessaa,
Dhalli bilaatii ergattee teessaa, dulluma keessa Guduruu

sirbuu gemboo daaddisuu,

Nuun duruu jibbuu obboo caalchiisuu

Obboon garaadha nutii halagaadha,

Obboon kan isaanii nummoo maal saanii?

Hindaaqqoon dhaltee qooxi jalattoo

Obbole dhiiroo Nan suuqqattanii kootii jalattoo
Kootiin kan keetii ani maal keetii?

Jechuudhaan heerumaaf dabarsanii kennuusaaniif ni komatti.

Walumaa galatti, haalli dubarri heerumuuf jettuu mararoodhaan yaadashee
ibsattu garaagara ta'uullee qabiyyeensa walirraa fageenya qaba jedhee hin
amannu.

Gundoo Booree

Gundoo booree dhiiftee galtamooree

Yaa fuutuu eenyuu abbaan gundoo fuutuu

Kana keessa miinuu hin jiru qabee malee

Kana keessa dhiiri hinjiru saree malee

Yaa fuutuu eenyuu abbaan gundoo fuutuu

Gundoo booree dhiiftee galtamooree

Gundoo dhiigaa,

Dhiiftee galta mooree.

Gurroo dhiiraa

Dhiiftee galta mooree.

Yaa gurbichoo luka ciittoo

Dhiiftee galta mooree

Nama beela yaa kaabeela

Dhiiftee galta mooree

Akka aadaa hawaasichaatti Gundoo booree kan booree qabutu fudhata. Booree dhabuun maqaa gatu dha. Nama keessaa cabuufi qaanii dha. Waan fedheefuu gundoo booree fudhachuun seexaafi xiiqii gaafata. Seexaafi xiiqii qabaachuun gundoo booreedha.

Inni asiin olitti barraa’’e kun akkuma jirutti ta’ee sirbi aadaa kanaan walfakkaatu godinaalee Oromiyaa biroo keessattis ni beekama. Fakkeenyaaf Godina Arsiitti bahee baheen sirba aadaa kan cidhaa ta’ee misirrittii heerumtuufi hiriyoote isheetiin kan sirbamuudha. Isas haala asiin gadii kanaan warra fuudhu qeeqaa(arrabsaa) warra ofi immoo jajaa(dhaadhessaa) faarfatu.

Bahee bahee garambaan caccaafamee

Baasaan geenyaan mar’imaan naraafamee...

Gocha 1

1. Meeshaalee muuziqaafi seenaa shubbisa naannoo kee jiru iyyaafachuun daree keef dhiyeessi.

3.2. Bobbocaa (Siidaa) fi Seenaa hojiiwwan harkaa bara durii

3.2.1. Hojiiwwan Ogummaa Harkaa Durii

Marii 1

Hojiiwwan ogummaa harkaa jechuun maal jechuu akka ta'e garee gareen irratti mari'adhaa.

Hojiiwwan ogummaa harkaa jecha waliigalaa hojiiwwan namaan hojjetaman kanneen akka meeshaalee yookiin hojiiwwan og-argaa keessumaa, meeshaalee arki'oloojiif barbaachisaa ta'an kan ibsudha. Arki'oloojii keessatti jechi “hojii ogummaa harkaa” jedhu, keessatti jecha waliigalaa meeshaaleedhaaf fayyadamnu ‘mi’a” yommuu ta’u seenaa og-argaa keessatti immoo, hojii og-argaa jedhama.

Hojiiwwan ogummaa harkaa wantoota garaagaraa of keessatti hammata. Fakkeenyaaf, meeshaalee dhagaa irraa hojjetaman, hojiiwwan suphee dhahuu, meeshaalee sibiilaa kanneen akka meeshaalee waraanaa, akkasumas wantoota miidhaginaaf oolan kan akka biinkoo/ uffata bitaafi mirgaan kan walitti qabsiisu, faayaafi huccuu of keessatti haammata.

Hojiiwwan ogummaa harkaa bu'aa adeemsa amalaafi jijjiiramaati. Adeemsi amalaa argama meeshaalee dheedhii, wantoota murtaa'oo ta'an oomishuufi sana booda erga faayidaarra oolanii dhabamsiifamuu of keessatti kan haammatudha. Adeemsi jijjiiramaa erga jijjiiramni amalaa raawwateen booda kan eegaludha. Kunis hojiiwwan ogummaa harkaa kan jijjiiramu uumamaan yookiin nam-tolcheen erga kuufameeti. Adeemsi kun lamaan haal dureewwan qabiyyee hojiiwwan ogummaa harkaa madaaluuf barbaachisaadha.

3.2.2. Moonumentii

Marii 2

Moonomentii jechuun maal jechuu akka ta'e garee gareen irratti mari'adhaa.

Moonomentiin gosa ijaarsa manaa yookiin ta'ii bara durii kan hawaasa tokkooti. Moonomentiin yeroo seenaa qabeessa yookiin hambaa seenaa isaaniin: sababa artistawaa, seenaa qabeessa, ergaa siyaasaa isaan qabaniifi barbaachisummaa ijaarsaan haala salphaa ta'een isaan yaadachisuuf kan kalaqamudha. Moonomentiin hojiiwwan garaagaraa of keessatti haammata. Fakkeenyaaf; Siidaa yaadannoo, Siidaa, ijaarsa seenaa qabeessa, iddoowwan arki'oloojii (waa'ee uummataa fi aadaa seena darbee kan qo'atu) , aadaawwan boonsaafi kan kana fakkaatani.

Moonomentiin jecha “Monument” jedhu jecha afaan laatinii irraa kan dhufe ta'ee, hiikni isaa “Yaadachiisuu” yookiin “Gorsuu” jechuudha. Moonomentiin wantoonni darban maal akka nufayyadan hubannoo nuuf uumee, isa gara fuula duraa immoo akka sirriitti ilaaltee beeknu nutaasisa. Siidaan yaadannoo wantoota lubbuun darban yaadachiisuufis nidalagama.

Moonomentiin bakkeewwan garaagaraatti bara durii keessa hojjetaman kan waggoota kumaataman ol lakkoofsisiifi umurii dheeraa qaban ta'anii, agarsiistuu sadarkaa guddina qarooma dhala namaa kan bara duriiti. Kanaaf, moonomentiin bara durii keessa hojjetaman kan hanga/ hojjaan isaanii baay'ee gurguddaa ta'an, namoonni /hawaasni naannoo moonomentiin sun itti argamu hedduminaan gamtoomanii jiraachaa turuu isaaniifi hangam qaroominaan guddatanii akka turan kan agarsiisudha.

Ijaarsawwan dalagaa garaagaraaf hojjetaman sababa beekkamtii umurii, hangaafi barbaachisummaa seenaa isaan qabaniin akka moonamentiitti ilaalamu. Kun kan ta'uuf sababa umurii baay'ee dheeraafi hanga guddaa ta'e qabaniifi akkasumas barbaachisummaafi seenaa isaan bara durii sanitti qabaacha turan irraa ka'ameetu. Biyyoonni hedduun moonamentiifi wantoota biroo bara durii keessa hojjetaman akka ijaarsaa manneen adda addaa yookiin

arkitekcharaa kanneen kunuunsaman seeraan agarsiisuuf gargaara.

Moonomentiiwwan odeeffannoo seenaa qabeessaafi siyaasawaa ta'e dabarsuufis nidalamu. Akkasumas taateewwan barbaachisoo hawaasa keessa turan barsiisuuf nigargaara. Siidaan yaadannoo akka hambaa seenaa hawaasaatti ni ilaalama. Garuu sababa waraanaa yookiin wal dhabdee irraan kan ka'e hambaaleen seenaa barbadaa'uu nidanda'u. Moonomentiin wantoota hedduu of keessatti haammata. Isaan keessaa muraasni isaanii:

- **Siidaa yaadannoo**
- **Siidaa fi**
- **Ijaarsa manneen duriifi kan kana fakkaatanidha.**

A. Siidaa Yaadannoo

Marii 3

Siidaa yaadannoo jechuun maal jechuu akka ta'e garee gareen mari'achuun dareef ibsaa.

Siidaan yaadannoo yeroo hedduu namoota yookiin bineensota lubbuun darbaniif addabaabayii yookiin marfata irratti kan dhaabbatuudha. Yeroo baay'ee namoota hawaasa keessatti jaalala, kabaja, beekantiifi fudhatama guddaa qaban kanneen akka; gaggeessitoota biyyaa, gootota dirree waraanaa, beektota wantoota adda addaa kalaqan, namoota kallattii garaagaraan dhiibbaa uumuu danda'aniifi kan kana fakkaataniif duudhaa, seenaa, beekumsa, gootummaa, gaggeessummaa isaanii dhaloota dhufuuf dabarsuuf kan hojjetamudha. Siidaan yaadannoo yeroo hedduu erga namoonni lubbuun wareegamanii booda kan hojjetamu ta'us, garuu namoota lubbuun jiraniifis, osoo isaan lubbuun hin darbiin hojjechuun nidanda'ama.

Siidaan yaadannoo tooftaa ittiin bobbocni hojjetamu keessaa tokko haa ta'u malee, garaagarummaa niqabaata. Bobboca yeroo jennu maqaa waliigalaa kanneen hojii og-argaa ta'anii, hojjaa, dheerinaafi dalgee qaban yookiin qaama jajjaboo ta'e qabaatanii harkaan tuttuqamuufi kallattii maraan itti

naanna'amanii ilaalamuu danda'an maraaf kan dhaabbatu yookiin ibsudha. Garuu bobboca yeroo jennu artistawaa ta'uu qaba. Kana jechuun immoo guutummaa guutuutti kalaqa dandeettii sammuu artistii/ ogeessa bobbocaa tokkoon kan hojjetamu jechuudha. Kalaqni waa uumuu kun hojii siidaa yaadannoo hojjechuu keessatti hin mul'atu/ argamu.

Siidaan yaadannoo yeroo hedduu biyyee suphee, dhagaafi sibiila kanneen akka biroonzii irraa kan hojjetamuudha. Bobbocni immoo tooftalee hojii og-argaa ittiin hojjetamu keessaa tokko ta'ee, wantoota hojjaa, dheerinaafi dalgee qaban yookiin harkaan tuttuqamuu danda'an ta'anii ogummaa bobbocaa hojjechuuf kan tajaajilan kamirraayyuu kan hojjetamudha.

Hojiin bobboca yaadannoo guutumaa guutuutti waan uumamaan jiru fakkeessuunkan hojjetamu yoo ta'u, hojiin bobbocaa garuu waan uumamaan jiru sana yoo fakkeessuun kan hojjetamullee ta'e, kalaqa sammuu kan of keessaa qabudha. Ogeessi bobbocaa daawwattoota akka hawwatu gochuuf jecha hojii isaa irratti waan ofii isaa akka miidhaaguuf itti dabalun niqabaata.

Bobbocaafi Siidaa yaadannoo kan adda taasisu keessaa inni tokko hanga isaaniiti. Yeroo hedduu siidaan yaadannoo hangaan guddaa ta'ee kan hojjetamuudha. Yoo xiqqaatee kan hojjetamu ta'ellessa qixaa qaama uumamaa ta'uu qaba. Bobbocni garuu hangaan kan daanga'u miti. Murteessaan yookiin qabxiin ogeessi bobbocaa sun irratti fuulleffatu yaada koo akkamiin ibsa? Meeshaa akkamiin hojjedhu? Ergan hojjadheen booda bobboca koo eessan dhaaba kan jedhuudha malee, hanga akkamiin hojjedhu kan jedhu isaaf yaaddoo hin ta'u. Kana jechuun ergaa wanti tokko dabarsu guddachuufi xiqqaachuu wanta irraa hojjetameen hin murtaa'u jechuudha.

Bobbocni foormii waliigalaa kan wanta tokko ibsu yookiin fakkoo/ fakkaattii wanta uumamaan jiru tokko akkuma jiruun fakkeessuun kan hojjetamu ta'uu danda'a. Siidaan yaadannoo garuu yeroo mara fakkaattii wanta tokkoo, kan uumamaan jiru yookiin ture fakkaatee kan hojjetamuudha. Fakkoo/ fakkaattii yeroo jennu, fakkeenyaaf siidaa yaadannoo namaa kan hojjannu yoo ta'e, namni uumamaan wanta qabu yookiin wanta namni uumamaan fakkaatu fakkeessinee hojjechuu qabna jechuudha.



Fakkii.3.1. Fakkii siidaa Abbaa Gadaafi Haadha Siinqee agarsiisu.

Marii 4

Siidaa yaadannoo naannoo keessan kan jiru yoo ta'e, yaadannoo maaliif akka hojjetame garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

B. Siidaa/ Obelisk

Marii 5

Siidaa jechuun maal jechuu akka ta'e garee gareen irratti mari'achuun dareef ibsaa.

Siidaan yeroo hundaa qal'aa ta'ee hojjaatiin immoo dheeratee kan hojjetamu; mallattoo ergaa amantaa, siyaasa, olaantummaa, aadaa, duudhaafi agarsiistuuwwan kanneen biroo dabarsuuf kan hojjetamudha. Bakka tokko tokkotti siidaan kabaja mootiif hawaasni qabu agarsiisuuf jecha yeroo du'an bakka awwaala isaanii irra nidhaabu. Siidaan fakkaattii/ fakkoo miti. Foormii qaama waliigalaa wanta tokko kan ibsudha. Garaagarummaan siidaafi siidaa yaadannoo gidduu jiru, siidaan foormii yommuu ta'u, siidaan yaadannoo immoo

fakkaattii wanta uumamaan jiruu yookiin tureeti. Siidaawwan akka biyyaatti beekaman keessaa tokko siidaa aksumidha.

Siidaawwan aksumitti hojjetaman baay'een isaanii dhagaa tokko irraa qirixiitiin soofamanii kan hojjetamanidha. Qirixiin qofti garuu tooftaa ittiin hojjetaman hin ta'u. Sababni isaas qulqullinni foormii ijaarsicha irratti mul'atu akka isaan tooftaa aadaafi tekinoolojii olaanaa gargaaraman kan agarsiisudha.

Aksum keessa lakkoofsaan siidaawwan hedduutu turani. Garuu yeroo amma kana ijaajjanii/dhaabbatanii kan mul'atan baay'ee xiqqoodha. Hedduun isaanii caccabaniiru. Sababni isaas rakkoo ijaarsaa, dhohiinsa voolkaanoo yeroo durii keessa isaan mudateefi akkasumas balaa waraanni Xaaliyaanii Adawaa irratti injifatamuu isaanii waliin wal qabatee haaloo sanaa bahuuf jecha yeroo si'a lammaffaaf Itiyooophiyaa weeraran siidawwaniifi hambalee seenaa adda addaa saamaafi barbadeessaa waan turaniif miidhamuu danda'eera.

Siidaawwan Aksumitti amma dhaabbatanii jiran keessaa inni miidhagaafi dheeraa ta'e meetira 24 kan dheeratuufi toonii 160 kan ulfaatuudha. Siidaan kun baay'ee miidhagfamee kan hojjetameefi kan hedduu nama hawwatuudha. Balbala/ Hulaa keessa nama seensisu fakkeeffamee miidhagee akkuma balbalaatti kan hojjetame kallattii lamaaniifi fooddaawwan fakkeeffamanii hojjetaman kallattii hundaan bifa hawwataa ta'een kan irratti hojjetamanidha. Akkasumas, fiixeen mataa isaa gubbaa foormii boca golboo ta'een miidhagee kan hojjetameedha. Siidaawwan Aksum yaadannoo moototaaf kan dhaabbatanidha.



Fakkii. 3.2 Fakkii siidaa Aksuum agarsiisu

Gocha 2

Siidaan naannoo ati jiraattu keessatti hojjetameeru nijiraa? Kan jiru yoo ta'e, siidaa maal akka ta'eefi maaliif akka hojjetame maatii kee yookiin maanguddoota naannoo kee gaafachuun dareef gabaasaa.

C. Ijaarsa Manneen Durii

Gocha 3

Ijaarsi manneen durii naannoo ati jiraattu keessatti hojjetame nijiraa? Kan jiru yoo ta'e, Ijaarsi manneen durii maal akka ta'eefi maaliif akka hojjetame maatii kee yookiin maanguddoota naannoo kee gaafachuun dareef gabaasi.

Ijaarsa manneen bara durii biyya keenya keessatti ijaaraman yoo ilaalle, ijaarsa manneen amantaafi masaraalee mootota adda addaa bakka garaagaraatti hojjetaman ilaaluun barbaachisaadha. garuu ijaarsi bakkeewwan garaagaraa

keessatti bara durii keessa hojjetaman, kan jaarraa hedduu lakkoofsisan amma waan hin jirreefi.

Ijaarsi manneen hojjetamanii amma jiran kun hedduun isaanii, kan dhagaa irraa soofamanii hojjetamanidha. Ijaarsi manneen dhagaa irraa bara durii keessa hojjetaman hedduminaan naannoo Tigiraayii Laalibalaatti kan argamanidha. manneen dhagaa irraa soofamanii naannoo Tigiraayitti argaman osoo amantaan Kiristaanaa gara biyya Itiyoophiyaatti hin seeniin dura kan hojjetamaniifi dhimmoota waaqeffannaa adda addaaf kan dhimma itti bahamaa turedha.

Naannoo Laalibalaatti mana sagadaa dhagaa tokko irraa soofanii hojjechuun kan jalqabe jaarraa 6^{ffaa} keessa ta'uu seenaan raga nibaha. Haa ta'u malee, sadarkaa ol aanaan xiyyeeffannoo guddaa argatee, hedduminaan naannoo tokkotti hojjetamuu kan eegale jaarraa 12^{ffaa} keessa bara mooticha Laalibalaati. Mootichi Laalibalaa sababoota garaagaraan wal qabatee manneen amantaa kiristaanaa hedduminaan naannoo tokkotti argaman dhagaa voolkaanoo irraa soofsisuun hojjechiisa akka ture seenaan ragaa baha.

Manneen sagadaa dhagaa irraa soofanii kan hojjetaniif, jabaatina waan qabuufi akkasumas balaa yookiin haala kamiyyuu dandamachuu kan danda'u ta'uu isaatiini. Manneen sagadaa kana kan adda taasisu: manni yeroo ijaaramu bu'uura isaa irraa jalqabee asii ol ijaaramaa adeema. Garuu manneen sagadaa kunniin faallaa akkaataa manni ittiin ijaaramuun kan hojjetamanidha. Qixa faana luka namaa gaditti kan hojjetamaa adeemaniifi jalqaba baaxii, itti aansuun xuruurtoo roobaa, fooddaa, balbalaafi kan kana fakkaatan hojjechaa gubbaan gara gadiitti kan hojjetamedha.

Manneen sagadaa Laalibalaa hedduun isaanii kallattii ta'een kattaa/lafa dhagaa bocamuu danda'u irraa hojjetaman waliin kan wal qabatanii jiran ta'anii digirii hamma ta'een irraa achi bahanii mul'atu. Kana jechuun bu'uurri isaaniifi cinaa ta'een/gam-tokkoon lafa dhagaa irraa soofamaniin wal qabatanii kan jiranidha jechuudha. Akkasumas immoo bilisa ta'anii of danda'anii kan dhaabbataniifi kallattii hundaan ilaalamuu kan danda'anis nijiru.

Walumaa galatti, manneen sagadaa dhagaa tokko irraa hojjetamanii kaaba

biyyattiitti argaman lakkoofsaan hedduu ta'anis, kan bara bulchiinsa mootii Laalibalaa keessa hojjetaman 11 dha. Mootichi Laalibalaa manneen sagadaa kana hojjechiisuuf waggaa 24 itti fudhate.



Fakkii.3.3 Fakkii mana Laalibalaa agarsiisu

3.3. Dur durii bifa Og-Tiyaatiraafi Og-Fiilmiin dhiyeessuu

Ga'umsa barattootni yoo xiqqaate gonfachuu qaban:

Xumura barannoo mata duree kanaa booda:

- Dur durii naannoo keessanitti beektu gara og-tiyaatiraatti nijijjiirra.
- Ergaa dur duriin dabarsu ni hubatta.

Gochaa 4

1. Oduu durii bifa tiyaatiraatiin dhihaachuu danda'u walitti himaa! Erga walitti himtanii gara Tiyaatiraatti jijjiiruun qooda fudhaatii hojjedhaa.

Kutaalee darban keessatti akkuma hubatteetti afoola jechuun hambaa hawaasaati. Kana malees kalaqa sammuu namaa kan ta'eefi seenaa, eenyummaa, aadaa, afaaniifi jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha. Hambaan kun garuu dhalootaa gara dhalootaatti afaaniin ibsamaa yookiin gochaan raawwatamaa kan daddarbu yemmuu ta'u kan dagatamu, akka haaraatti kan uumamu, kan jijjiiramu ta'uu danda'a. Gara biraatiin, jijjiirama agarsiisuun akka amala afoolaatti kan fudhatamuudha. Afoolli Oromoo qabeenyummaan isaa kan hawaasaa yemmuu ta'u, kalaqummaafi ogummaa waan qabuuf damee aartii jalatti ramadamee xiinxalama.

Kunis afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa. Afoola gargaaramee hawaasni wal barsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannana, walbashannansiisa. Hawaasni bifa ammayyoomaan har'a seeerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuu dhagaa bu'uura kan tahe beekumsa afoolaa irra dhaabbateeti. Kunimmoo har'as duukaa kan jiruufi borus biraa kan hafu miti.

Mata duree kana keessatti wanti hubatamuu qabu inni guddaan afoola Oromoo keessaa kanneen bifa Og-tiyaatiraatiin dhihaachuu danda'an akka gaafattanii kutaa keessatti yookaan mana barnootaa keessaniif qophiilee garagaraa irratti akka dhiheessitaniif kan isin akeekuudha. Afoola keessaa oduu durii, geerarsa,

weedduu, sheekkoofi k.k.f bifa

Tiyaatiraatiin dhiheessanii irraa barachaa wal barsiisuun ni danda'ama.

Muca **Abaarsaa**

Jaarsa ijoollee dhiiraa sadi qabu tokkotu ture. Isaan keessaa inni angafaa abbaasaatii baay'ee ajajamaaf. Akkasumas, kabajaafi kunuunsi inni godhuuf warra lamaan irraa adda. Yoo waamee ni owwaata. Yoo erge deebii tokko malee ergaa deema. Baay'ee jaalata. Inni lammaffaammoo hamma angafaa kanaa gahuu baatuus, isa dhumaarra xiqqoo fooyyee qaba. Inni dhumaa yookaan quxusuun waan jarri lamaan godhan kana keessa hinjiru. Yoo waamamu jalaa hin owwaatu.

Jaarsolii: Yaa namana silaa du'uuf jirta osoo hindu'in ijoollee keef qabeenya kee kana adda qoodiif. Booda qabeenya abbaa keenyaa jedhanii irratti wal lolu waanta'eef.

Abbaa Ijoollee: Tole! Egaa waanan qooduuf kana akkuma isaan tajaajila naaf godhanittan qoodaafi isinis jaarsoliin biyyaa biraan naaf gahaa!

Jaarsoolii: Akka tajaajilaatti osoo hintaane, sadanuu dhala kee waan ta'aniif waan qabdu qixa qoodiif!

Abbaa Ijoollee: Nan qoodaafi; isin waanan qooduuf kana qalbiitti naa qabadhaa!

Akka booddee isinuu jettan kuni kiyyaa, sunimmoo keeti jedhanii walitti akka hinbuuneef.

Jaarsoolii: Hayyee!

Abbaa Ijoollee: Ilmi angafaa lafan qabu hunda osoo tokko in hafin qe'ee kiyya dabalatee haa fudhatu.

Jaarsolii: Mucaan lammaffaan hoo? Inni sadaffaan hoo?

Abbaa Ijoollee: Mucaan inni lammaffaan Looniifi midhaan ani qabu
hundaa haa fudhatu!

Jaarsolii: Mucaan inni dhumaa yookaan quxisuunis kan keeti; qabeenyaa qabd
hunda jara lamaanii dhaamtee isaa hoo maal dhaamtaf? Moo inni
kan kee miti?

Abbaa Ijoollee: kiyyuma!

Jaarsolii: Maarree, innoo maaliin jiraata? Innis dhaala abbaa isaa argachuu qaba!

Qabeenya amma ijoollee lamaanii dhamtee ala waan biraa qabda moo?

Abbaa Ijoollee: Qabeenya biraa hin qabu. Garuu, erga dhaala abbaa argachuu
qaba. Jettanii, Ilaa, torbee darbe mana yaalaa deemeen qoricha dhibba lamaafi
limmoo dhibba tokko naaf ajajanii inni isa haa fudhatu.

*Kanarraa waa hubattan jedheen yaada! Hubattani mitiiree? Dur durii naannoo
keessanitti waan beektan irratti hundaa'uun bartaphee Tiyaatiraafi filmiitti
jijjiiruu ni dandeessa.*

CUUNFAA BOQONNAA 3

- Moonomentiin gosa ijaarsaa manaa yookiin ta'ii bara durii kan hawaasa ta'e tokkooti.
- Moonomentiin jecha “Monument” jedhu jecha afaan laatinii irraa kan dhufee ta'ee, hiikni isaa “Yaadachiisuu” yookiin “Gorsuu” jechuudha.
- Moonomentiwwan wantoonni darban maal akka nufayyadan hubannoo nutti uumee, isa gara fuula duraa immoo akka sirriitti ilaallee beeknu nutaasisa.
- Siidaan yaadannoo yeroo hedduu erga namoonni lubbuun wareegamanii booda kan hojjetamuudha.
- Bobboca yeroo jennu maqaa waliigalaa kanneen hojii og-argaa ta'anii, hojjaa, dheerinaafi dalgee qaban yookiin qaama jajjaboo ta'e qabaatanii harkaan tuttuqamuufi kallattii maraan itti naanna'amanii ilaalamuu danda'an maraaf

kan dhaabbatuudha.

- Siidaan yaadannoo yeroo hedduu biyyee suphee, dhagaafi sibiila kanneen akka biroonzii irraa kan hojjetamuudha.
- Bobbocaafi Siidaa yaadannoo kan adda taasisu keessaa inni tokko hanga isaaniiti.
- Bobbocni foormii waliigalaa kan wanta tokko ibsu yookiin fakkoo/fakkaattii wanta uumamaan jiruu tokko akkuma jiruun fakkeessuun kan hojjetamu ta'uu danda'a.
- Siidaan yaadannoo garuu yeroo mara fakkaattii wanta tokkoo, kan uumamaan jiru yookiin ture fakkaateetu hojjetama.
- Siidaan yeroo hundaa qal'aa ta'ee hojjaatiin immoo dheeratee kan hojjetamuudha.
- Siidaawwan akka biyyaatti beekaman keessaa tokko siidaa Aksumidha.
- Siidaawwan Aksumitti hojjetaman baay'een isaanii dhagaa tokko irraa qirixiitiin soofamanii kan hojjetamaniidha.
- Manneen sagadaa dhagaa irraa soofanii kan hojjetaniif, jabaatina waan qabuufi akkasumas balaa yookiin haala kamiyyuu dandamachuu waan danda'uufidha.
- Manneen sagadaa Laalibalaa hedduun isaanii kallattii ta'een kattaalafa dhagaa irraa hojjetaman waliin kan wal qabatanii jiranidha.
- Haala qabatamaa seenaafi aadaa gargaaramuun og-tiyaatiraafi og-fiilmiif seenaa kalaquu ni dandeenya.
- Haalli qabatamaan seenaafi aadaa kun jiruufi jireenya hawaasaa of keessatti hammatee bifa og-tiyaatiraafi og-fiilmiitiin dhiyaachuu danda'a.
- Og-tiyaatiraafi og-fiilmiin seenaa, aadaa, jiruufi jireenya barsiisu.
- Seenawwan durdurii, sheekkoo, afoolaafi aadaa hawaasaa keessa jiran fayyadamuun gara og-tiyaatiraafi og-fiilmiitti jijjiiruun ni danda'ama.

- Walumaa galatti; aadaafi seenaa qabatamaa naannoo keenya jiru bifa og-tiyaatiraafi og-fiilmiitiin ibsuun ni danda'ama.

Gilgaala Boqonnaa 3

1. Gaaffilee asiin gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hin ta'in immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Moonomentiin hojiiwwan garaagaraa of keessatti haammata.
2. Moonomentiin wantoota gara fuula duraatti raawwatan nuhubachiisa.
3. Siidaan yaadannoo wantoota lubbuun darbanii yaadachiisuuf dalagama.
4. Moonomentiin hojiiwwan yeroo dhihoo keessa hojjetamanis nihaammata.
5. Siidaan yaadannoo bineensaaf hin hojjetamu.
6. Bobbocni hojjaafi dheerina qofa qaba.
7. Bobbocni guutummaa guutuutti bu'aa kalaqa dandeettii sammuu dhala namaati.
8. Yeroo hedduu siidaan yaadannoo hangaan guddaa ta'ee kan hojjetamudha.
9. Siidaan yaadannoo fakkoodha.
10. Siidaan yeroo hundaa qal'aa ta'ee hojjaatiin immoo dheeratee kan hojjetamudha.
11. Durdurii hawaasa keessa jiru gara og-tiyaatiraatti jijjiiruun hin danda'amu.
12. Aadaafi seenaa qabatamaa keessatti og-fiilmiifi tiyaatirri hariiroo hin qaban.
13. Fiilmiidhaan Seenaa barsiisuun nidanada'ama, garuu og-tiyaatiraan barsiisuun hin danda'amu

II. Gaaffii asiin gadiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kan moonomentii jalatti hin haammatamne isa kami?

A. Siidaa yaadannoo	B. Wixinee
C. Ijaarsa seenaa qabeessa	D. Siidaa
2. Hojiiwwan ogummaa harkaa kan hin taane isa kami?

A. Meeshaalee dhagaa irraa hojjetaman	B. Hojii suphee dhahuu
C. Meeshaalee sibiilaa	D. Deebiin hin kennamne.
3. Moonomentiin jechuun maal jechuudha?

A. Hubachuu	B. Gorsuu
C. Dhageeffachuu	D. “A” fi “B” deebiidha.
4. Kanneen asiin gadii keessaa irra caalaa siidaan yaadannoo hojjechuuf kan hin tajaajille isa kami?

A. Muka	B. Dhagaa
C. Sibiila	D. Biyyee suphee
5. Siidaa yaadannoo ilaalchisee isa kamtu dhugaa miti?

A. Yeroo mara hangaan guddaa ta'ee hojjetamuu isaa.	B. Wantoonni irraa hojjetamu muraasaafi murtaa'oo ta'uu isaanii.
C. Hojii foormii ta'uu isaa.	D. Fakkaatti uumamaan jirufakkaatee kan hojjatamu ta'u isaa.
6. Afoolli naannoo keenyatti argamu marti og-tiyaatira ta'uu danda'a

A. Soba	B. Dhugaa
---------	-----------

7. Kanneen armaan gadii keessaa haala qabatamaa seenaafi aadaa og-tiyaatiraafi og-fiilmii keessatti gahee kan qabu kami?

A. Durdurii	C. Afoola
B. Sheekkoo	D. Hunda
8. Kamtu Afoola?

A. Makmaaksa	C. Sheekkoo
B. Durdurii	D. Hunda
9. Kamtu faayidaa afoolaati?

A. Bashannansiisuu	C. Barsiisuu
B. Yaada ibsuu	D. Hunda
10. Afoolli hariiroo akkamii og-tiyaatiraafi og-fiilmii waliin qaba?

A. Miira ibsuun	C. seenaa barsiisuun
B. Qooddataa qabaachuun	D. hunda.

BOQONNAA

Hawwannaa Og-aartiiwwanii

4

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura barannoo boqonnaa kanaatti:

- Og-aartiiwwan gochaan agarsiifaman wal bira qabuun wal madaalchiista.
- Akkaataa dhihaachuurratti garaagarummaa Muuziqaa, shubbisa, Og-tiyaatirafi Og-fiilmiin qabu adda nibaafatta.
- Ergaa mallattooleen siidaa qaban niraajeffatta.
- Siidaawwan maaliif akka hojjetaman nihubatta.

Seensa

Gosoota og-aartiiwwanii kutaalee darban keessatti barachuun kee niyaadatama. Og-aartiiwwan hunduu akkaataa ittiin dhihaataniifi haala hawaasa bira gahaniin garaagarummaahaaqabatanmaleebu'aanisaanhawaasafbuusanwalfakkaataadha. Mata duree kana jalatti og-aartiiwwan gochaan agarsiifaman walbira qabuun bifa garaagaratiin kan wal madaalchiistuudha.

Hojiin og-artiiwwanii hojii nama hawwatuudha. Akkuma aartiin waa'ee dhala namaan walqabatu, aartiin namoota hawwachuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Fakkeenyaaf fiilmii tokkoo yommuu ilaaltutti taatoo duree hojii isaafi amala isaa jaallachuun hawwuun kee waan oolu miti. Hojiiwwan muuziqaafi Og-argaa kanneen biroo keessatti illee akkuma kana. Akka ati hojii og-aartii tokko ilaaltee jaallattu, ajaa'ibsiifattu kan taasise humna aartiin qabuudha.

Gochaan fuulaa fuulatti ilaalan yookaan argan kanneen yaadirimeen ibsamu irraa addaadha. Salphaatti ilaaluufi dhaga'uun barachuufis hubachuuf akka

salphaattidha. Hojiin og-aartii fuulaa fuulatti waan gochaan agarsiifamuuf ittiin barachuuf, yeroofi humna salphisa. Akka fakkeenyaatti barnoota herregaa kutaa gadi aanaa keessatti barattee keessatti fakkii gargaaramuun yommuu walitti ida'u argitee jirta. Sababni isaa gochaa yookaan bobbocaan yommuu dhiyaatu barattoonni akka salphaatti ilaaluun hubachuu akka danda'amuufidha.

Akkuma kana hojii diraamaafi fiilmii keessatti, bifa seenessuufi sheekkoo og-barruu fayyadamuun sammuun daa'immanii akka qaramuun barattanii jirtu.

4.1. Faayidaalee Hojii Og-Aartiiwwanii Gochaan Agarsiisuu

Ga'umsa barattootni yoo xiqqaate gonfachu qaban:

Xumura barannoo mata duree kanaa bood:

Faayidaa og-aartiiwwanii ni tarreessita.

Og-aartaawwan akkaataa nuti dhimma itti baanu irratti hundaa'ee faayidaan inni qabu hedduudha. Sochii keenya guyyaa guyyaan taasifnu, guddinaa fi misooma, akkasumas, faayidaan Og-aartiin fayyaa keenyaa eeggachuu irratti qabu kan dinqisiifatamudha.

Dandeettii kalaqaa gabbifachuuf, dhiphina hir'isuuf dandeettii waa yaadachuu dabaluu fi waltti dhufeenya hawaasuummaa daran dabaluu keessatti og-aartiiwwan iddoo qabu.

Diqisiifannaa fi jalala hawaasni og-aartiiwwan irratti qabu irraa hubachuun kan danda'amu gama diinagdeetiin illee madda galii ta'uun tajaajila. Kana malees, hanguma hubannoon hawaasni tokko og-aartiiwwan irratti qabu dabalaa fi guddachaa deemuu dandeettiin bobbocaa fi fakkii, sirbaa fi shubbisaa, tiyaatiraa fi diraamaa fi kan kana fakkaatan. inni horatus deeggarsaa fi dinqisiifannaa akka argatu gochuu bira darbee eenyummaa fi qaroomina isaa addunyaatti beeksiisuuf ni gumaacha

4.2 Og-aartii gochaan agarsiifaman wal bira qabanii wal madaalchisuu (Muuziqaa, shubbisa), Og.tiyaatira, suursagalee

4.2.1 Hariiroo Og-tiyaatirri aartii gosa biroo waliin qabu

Gosoonni aartii baayyeen kanneen akka shubbisaa, Muuziqaa, fakkiifi bobbocaa akkasumas kan biroon dhiyeessii isaanii keessatti ergaa dabarfamuu barbaade guutuu taasisuuf og-tiyaatira waliin walitti qindoomanii, haala dhiyaannaa, taatoo, gochaafi yoomessa waliin qooddatan qabu. Gosni aartii kamiyyuu muuxannoo qabatamaa ta'e kan og-tiyaatira faana qooddatu ni qaba. Og-tiyaatira waliin hariiroo haa qabaatan malee, haala jalqabbiifi seenaa mataasaanii danda'e qabu. Hariiroo gosoonni aartii kunniin og-tiyaatira waliin qaban hubachuuf gosoota aartii kanneen waliin walbaruun barbaachisaadha. Fakkeenya isaa haala armaan gadiitiin haa ilaallu.

4.2.2 Muuziqaa

Muuziqaan gosa aartii sagalee ta'ee raawwiidhaan miira guutuu ta'een kan ibsamuudha. Qindeessaan yookaan qopheessaan muuziqaa nama raawwii muuziqaa dhiyeessu fayyadamuudhaan ergaa muuziqichaa guutummaatti akka darbu taasisa. Dhaggeeffattoonnis sagalee dhagahan sana gara miiraafi suura yaadaatti jijjiiruun ergaasaa fudhatu. Kanaafuu Muuziqaan sagaleedhaan qophaa'e tokko waltajjiirratti sirbamee dhiyaachuunsaa hariiroo inni og-tiyaatira waliin qabu argisiisa.

Akkuma kutaalee adda addaa keessatti, haalota uumama muuziqaa barataa turtan hayyoonni tokko tokko muuziqaan keessattuu meeshaaleen muuziqaadhaa kan uumaman sagalee naannoo keennatti dhageennu akkeessuun ykn fakkeessuudhaan jedhu. Ilmi namaa waan arge hunda fakkeessuuf akka dhaanatu kalaqa hanga amma kalaqame ilaaluun hubachuu waan dandeennudha. Fakkeenya muraasa kaasuudhaaf, allaattiiwwan samiirra balali'aniif qurxummiilee galaana keessa akka fedhan daakan ilaalanii, qorannoos gaggeessanii sinbirsii/roophilaa/air plane akka hojjachuu danda'an himu. Bofuma fa'a irraayis hubannoo argataniin waan akka baaburaa/train kalaqanii jiru.

Muuziqaanis haalotuma fakkeenya gubbaa irratti kaafneen uumamuusaa qorannoo isaaniitiin dhugoomsuu yaalu.

Hundumaafuu qorannooleen garaagaraa muuziqaafi meeshaa muuziqaas uumuudhaaf ilmi namaa naannoo isaa irraa waan dhagayuun hawatamee akkamiin sagalee jaalate san sagalee fakkaatu akka argatu yaaduu irraan kan ka'e meeshaa muuziqaara garaagaraa kalaqe. Sagaleewwan dhagayu baay'ees wolaloof yadalee itti baasee wajjiin uumama dinqisiifate jedhama. Mee sagalee sinbira takkaa dhageeffatanii akkamitti wolaloof yadaloodhaan dabaalanii akka wojjiin faarsan ilaalla.

Jila:

Jiilliyyo (2)

Jiilli bitoo tume

Jiini bonaa dhume

Yoo mana kee dhufu

Raachi bargaafata

Yaani wolgaafata

Saadhu jabbii tissa

Jaarsi sangaa jissa

Cooma nadhooggate

Mooruma naakute ...

Jechaa itti fuufa

Gocha 1.

1. Mee naannoo keessan ganama osoo namaa loon bobbayee sagaleedhaan hin jeeqin ykn galgala dimimmisa keessa erga namaa loon galanii booda sirritti dhageeffadhaa.

- a. Maal dhageettan?
 - b. Sagaleen naannoo jireenya keessaniitti barataa kutaalee gadaanaa taatanii dhageettaniif inni amma dhagayaa jirtan tokkoo?
 - c. Wonni jijjiirame jiramoo hin jiru/sagaleen kana dura beektan kan amma sababoota adda addaatiin hin jirre maali?
 - d. Sagaleen haaraa duri hin jirre kan dhiyeenna uumamehoo ibsimee
2. Sagaleewwan uumamaa kanniin armaan olitti eermaniif kanniin biro hawwannaan isaan qalbii ilmaan namaatiif qaban akkamitti ibsitu?
 3. Boohartiif boqonnaa akaakuu muuziqaa kanniinii akkamitti dinqisiifattu? Itti fuufinsa isaaniitiif hoo haala kamiin gumaachuu dandeettu?

Akkaatama armaan olitti ilaalleen, Handariin ykn Guuggeenis (kukuu, kukukukuu...) jettee faarsiti. Naannoo jiraannu hundattuu manguddoonni waa'ee faaruwwan bineesota adda addaa waan nutti himan qabu.

Kukuu...kukukukuu (2)

Jaartiin eda duutee

Dhiinni keree guutee

Otteen tabulluqaa

Mucaa subulluqaa

Gurbaan ergaa didee

Abbaan dhayee fidee ...

Akkaatama wolaloowwan dur-dur namoonni sagalee simbirroota gubbatti ilaallee Kanaan namoonni biyyoota garaagaraas sagalee uumama adda addaa irraa dhagayan fakkeessuuf sagalee muuziqaa kalaqaniiru. Mee isinillee meeshaa muuziqaa ykn wolaloof yadaloo haala Kanaan uumaman manguddoota iyyaafadhaa ykn odeeffannoolee adda addaa fayyadamaa bu'aa argannoo keessanii dareef dhiyeessaa.

Marii:1

Mee isin keessaa namni sagalee:

- Dunnana Saree,
- Himimsa Fardaa,
- Iyya Lukkuu,
- Alaaka Harree,
- Woca Sinbiraa,
- Caraanuu Calasaa,
- Harqa Weennii,
- Yuusa Woraabessaa,
- Bookkisa Leencaa,
- Huursa Fincaa'aatii fi Bokkayaa,
- Gigissa Bakakkaa fa'a dhagayee beeku jiraa?

- Mee sagaleewwan wontoota gubbaarratti eeramanii keessaa shan-shan filadhaatii sagalee keessaniin dareef dhiyeessuudhaan eentu sirritti akka fakkeesse abbaa murtee filachuudhaan woldorgomaa.
- Barataan sagaleewwan akkasii dhagayee hin beeknemmo/muraasa qofa dhagayee beeku jiraa?
- Kanniin dhageettanii beektaniif hin beekne adda baasaa barsiisaa keessanitti himaamee?
- Meeshaa muuziqaa nannawa keessanitti argachuu dandeettan tokko filadhaatii sagaleewwan uumamaa armaan olitti eeraman keessa kanneen

sadanii taphachuun agarsiisaa.

- Waanuma sasalphaa naannawa keessanii irraayis meeshaa muuziqaa tokko tokko hojjattanii dhiyeessuudhaan barsiisaa keessanitti agarsiisaa.

4.2.3. Shubbisa

Shubbisni gosa raawwii muuziqaa ta'ee kan sochii qaamaa qindaa'aa ergaa muuziqichaa waliin kallattiinis ta'e alkallattiin walqabatudha. Tiyaatira keessatti shubbisni isa jalqabaafi miyeessituudha jechuun nidanda'ama. Shubbisni muuziqaasagaleen jedhamugarasochiitti jijjiiruun bifanamahawwatuun agarsiisuudha. Kanaafuu aartiin shubbisaa waltajjiirratti agarsiifamee, Muuziqaan caalmaatti hawwataa akka ta'u waan godhuuf og-tiyaatiraa wajjin hariiroo qaba.

4.2.4 Og-argaa

Aartiin og-argaa fakkii, bobboca, diba halluufi saxaxa garaa garaatiin barsiisudha. Yeroo baay'ee ergaa gosni aartii tokko dabarsuu barbaadu salphaatti hubachuun ulfaataa ta'a. Haala kanaan og-argaa hubachuuf,

haala, qooddattoota seenaa , yoomessaafi ergaa isaa dursanii hubachuun barbaachisaadha. Ogummaan og-argaa hojii aartii og-tiyaatiraa gochaan dhiyaatu miidhagsuu keessatti gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf, halluuwwan waltajjii irratti fayyadaman, uffata taatotaa saxaxuu akkasumas, miira taatonni fuula isaaniitiin agarsiisan halluudhaan ibsuu fa'a. Kunis hojii og-tiyaatiraa tokko keessatti miira taatoonni keessa jiran gammachuu, gadda, aarii, mufannaaf kankana fakkaatan dibahalluuf fayyadamuun waan agarsiifamuufi.

Akkasumas hojiiwwan og-fiilmii keessatti gaheen og-argaa iddoo guddaa qaba. Kunis hojiiwwan yeroo waraabbiin booda hojjetaman, kanneen akka saxaxa fiilmii, halluu fiilmiifi hojiiwwan beeksisa fiilmiitiif oolan miidhagsuu keessatti gaheen og-argaa olaanaadha.

Aartiin gochaan yommuu dhiyaatutti akka salphaatti:

- Barnoota irraa barachuuf
- Ergaa barbaadame dabarfachuuf

- Hariiroo namootni waliin qaban cimsuuf
- Quuqama ofii ittiin ibsachuun ni danda'ama.

4.3. Ergaa Mallattoolee Siidaafi Ogummaa Harkaa Durii

Marii 2

Siidaan maaliif hojjetame jettee yaadda? Akkaataa taa'umsa keen barataa/tuu sicinaa taa'u/teessu waliin wal mari'adhaatii yaada marii keessan dareef ibsaa.

Yeroo baay'ee siidaawwan yaadannoo namoota beekamoofi bineensotaa yookiin beelladootaaf, erga isaan lubbuun darbanii booda yaadannoo isaan qabaniif kan hojjetamuudha. Keessumaa namoota beekamtii, jaalalaafi kabaja qabaniif osoo lubbuun jiranii yookiin erga du'aniin booda hojjetamuu nidanda'a. Ergaawwan siidaan qabu hedduu ta'us, isaan keessaa muraasni: seenaa, duudhaa, gootummaa, aadaafi kan kana fakkaatan dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuuf nigargaara. Siidaan yaadannoo seenaa barsiisa. Seenaa darbe akkuma jirutti kan calaqqisiisuufi tursuudha. Seenaa yookiin taatee hawaasa tokkoo yeroo ta'eefi bakka uumame akkuma jirutti tursuufi agarsiisuuf nigargaara.

Marii 3

Siidaawwan yookiin Siidaawwan yaadannoo akka naannoo Oromiyaatti beekaman kan beektan yoo jiraate garee gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

Akka naannoo keenyaattis ta'e, akka biyya keenyaatti siidaawwan yaadannoo gootota darbaniif hojjetaman hedduutu jiru. Siidaawwan hojjetaman keessaa muraasni isaanii kan asiin gadiiti:

4.3.1. Caalii Shoonoo

Godina Iluu Abbaa Booritti naannoo bara 1842-1874 A.L.A tti Iluu Abbaa Boor kan bulchaa ture nama Caalii Shoonoo yookiin Abbaa Boor jedhamu ture. Caalii Shoonoo bara 1796 A.L.A tti aanaa Yaayyootti dhalatee kan guddate yoo ta'u, naannoo kanatti gootummaadhaan fakkeeffamee waamama ture.

Moggaasni maqaa Godina Iluu Abbaa Boor nama Gadaa afuriifi saglan Iluu bulche, nama Abbaa Caalii /Abbaa Boor jedhamu kana irraa kan maddedha. Sababni daangaa Gadaatiin ala bulcheefis; bara inni aangoo irra ture diinota hedduu waliin lolarra waan tureef, lolarrattis gootummaa inni qabu uummanni waan jaalateef akka itti fufee bulchetu dubbatama.

Yaayyoon wiirtuu bulchiinsa Caalii Shoonoo waan turteef, Siidaan Mooticha Abbaa Boor yookaan Caalii Shoonoo kun hojjetamee magaala Yaayyootti Sadaasa 19, 2013 A.L.I yookiin Mudde 1,2020 A.L.A tti eebbifame. Maddi barreeffama seenaa goota kanaa BBC Afaan Oromoo irraa kan fudhatamedha.



Fakkii 4.1. Siidaa Yaadannoo Caalii Shoonoo

Marii 4

Hojii siidaa yaadannoo asiin olitti argitaniifi barreeffama gabaabaa seenaa Caalii Shoonoo irraa maal akka hubattan garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

4.3.2. Abishee Garbaa

Abishee Garbaa ilma abbaa duulaa Odaa Bulluq naannoo Horroo /Godina Horroo Guduruu Wallaggaa/ kan turedha. Garbaa Hurruubaa akkaataa sirna gadaatiin Odaa Bulluqiin filatamee akka abbaa duulaatti bara 1850-1854 A.L. Atti tajaajilaa ture. Waggaa afur akkuma tajaajileen Garbaan nidu'e. Abisheen is du'a abbaa isaatiin boodaa bara 1855 A.L. Atti gara aangootti dhufuun abbaa duulaa ta'e..

Naannoo Horrootti weerarri Goojjam yeroo yeroon kan dhufu waan tureef, Abisheen immoo kana sirriitti faccisaa waan tureef, namoota birattis fudhatama argate.

Warri Goojjam Abishee waraanaan injifachuu waan dadhabaniif, tooftaadhaan qabuuf shira xaxan. Haala Kanaan, walii galtee nagaa siwajjiin uumuu barbaanna jechuudhaan beennacha fardaa warqiiirraa hojjetame erganiif. Akkaataa Kanaan Abisheen Raas Darasuu hoogganaa waraana Goojjam yeroo sanaa waliin walitti dhufee akka mari'atu haala mijeessani. Akka seera Oromoottis walii kakachuudhaan waadaa nageenyaa kana Abisheefi warri Goojjam xumurani. Sana booda warri Goojjam loltoota isaanii daangaa Horroo keessa dhoksaan qubachiisan. Abisheen walii galtee duraan waan qabaniif, bakka jarri jiran yookiin gara Goodaa kokor jedhamu deeme. Erga achi ga'ee booda akka seera Oromootti meeshaa waraanaa hidhatanii mariif waan ol hin seenneef, meeshaa waraanaa isaa hiikkatee mariif galma mariitti ol seene. Akkuma inni ol seeneen isa gananii harkaa fi luka xaxanii hidhani. Akka Abishee qabatan loltoota isaanii dhokatanii turan beeksiisuuf dibbee rukutani. Battaluma sana bakka dhokatanii turanii bahuun loltoota Abisheen muraasa fudhatee deemee ture waraanuu jalqabani. Kanumaan Abisheen ganamee qabamuu isaatiin, innis ta'e loltoonni Abishee yeroo jalqabaafi isa dhumaaf injifatamani. Loltoonni Abishee hedduunis wareegamani. Guraandhala 13,1877A.L. Atti Abishee fudhatanii gara Goojjam geessanii achitti hidhani. Erga hidhaniin booda haala suukkaneessaan dararanii ajjeesan.

Yaadannoo gooticha kanaafiis siidaan yaadannoo fardasaa waliin eeboo qabatee

akkaataa gootummaafi seenaa isaa ibsuu danda'utti hojjetamee Godina Horroo Guduruu, magaala Shaambuutti dhaabbatee gaafa guyyaa 30/09/2013 ALI tti eebbifame. Maddi barreeffama seenaa goota kanaa BBC Afaan Oromoo irraa kan fudhatamedha.



Fakkii 4.2 Siidaa Yaadannoo Abishee Garbaa

Marii 5

Hojii siidaa yaadannoo asiin olitti argitaniifi barreeffama gabaabaa seenaa Abishee Garbaa irraa maal akka hubattan garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

4.3.3. Bakar Waaree

Bakar Waaree godina Harargee Bahaa aanaa Jaarsoo keessatti dhalatan. Bakar Waareen seenaa qabsoo Oromoo keessatti waan hedduun yaadatama. Keessumaa, Oromoonni Oromiyaa Bahaa keessa jiraatan waraana weerartoota nafxanyaan /loltoota Miniliikiin Amajjii 6,1887 A.L.A ofirraa ittisuuf godhame irratti hoogganaan waraana Oromoo eenyu ta'uu akka qabu erga mari'ataniin booda akka Bakar Waaree ta'u filatan. Gootichi kun nama cimaa gootummaa, hayyummaafi dandeettii hooggansaa cimaa qabu ture.

Lola Calii Calanqootti gaggeeffame irratti, gootichi hoogganaa waraana Oromoo Bakar Waareen gootummaa isaa irraan kan ka'e miillasaa waraana guyyaa sanaa keessatti irraa cite. Miilli isaa cite sun eessaatti akka bu'ee wanti beekamu waan hin jirreef, warri Harargeetiis akka makmaaksaatti jecha kanatti fayyadamuun waan tasa badee hin argamne tokko “*Achi buutee miila Bakar Waaree*” jedhanii dubbatu. Waraana kanarratti namoota baay'eetu dhumate. Dhumaatiin kun hanga har'aatti *Calii Calanqoo* jedhamuun beekama.

Yaadannoo gooticha kanaaf siidaan yaadannoo fardasaa waliin, siidaa yaadannoo wareegamtoota Calanqoo keessatti Bitootessa 25, 2015 ALA tti ijaaramee eebbifamee jira. Maddi barreeffama seenaa goota kanaa BBC Afaan Oromoo irraa kan fudhatameedha.



Fakkii 4.3 Fakkii Siidaa Yaadannoo Bakar Waaree

Marii 6 Hojii siidaa yaadannoo asiin olitti argitaniifi barreeffama gabaabaa seenaa Bakar

Waaree irraa maal akka hubattan garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

4.3.4. Siidaa Yaadannoo Wareegamtoota Aanolee

Siidaan Aanolee Godina Arsii, Aanaa Heexosaatti argama. Oromoon Arsii weerara sirna nafxanyaa of irraa ittisuu keessatti, keessumaa bara 1881 hanga 1886 ALA tti lola guddaa taasisan. Minilik yeroo garaagaraatti duula gurguddaa marsaa ja'aaf gara Arsiitti taasisee ture. Arsii qabachuu dadhabees aarsaa guddaa itti kaffale.

Minilik yeroo sanatti meeshaa ammayyaa bittaafi deeggarsaan warra Awurooppaa irraa argatuun ol aantummaa qabaatus, Arsiin akka salphaatti hin jilbeeffanneef ture. Waraanni Minilik Arsiitti taasise hunda caalaa hamaafi

dhiiga hedduu kan dhangalaase ture. Humna Arsii isa dura dhaabbate kana cabsuuf Minilik kan inni itti fayyadame meeshaa ammayyaa qofa hin turre. Namoota jiilchuuf jecha warra dhiiraa harka mirgaafi dubartoota immoo harma muruun tooftaa tokko ture.

Seenaa Oromoon keessa darbe qoratanii yaadachuun kan har'aa cimsachuuf baay'ee barbaachisaadha. Yaadannoon wareegamtoota Aanolees kanuma dhugoomsa. Saxaxniifi ijaarsi siidaa Aanolee kun gochi badii gita bittaa sirna nafxanyaan uummata Oromoo irratti raawwatame akkaataafi bakkaan kan ibsudha. Kaayyoon isaa inni guddaan gochi badii akkasii kun akka hin dabalamneefi dhaloonni dhufu akka irraa baratu gochuudha. Maddi barreeffama seenaa wareegamtootaa kanaa BBC Afaan Oromoo irraa kan fudhatameedha.



Fakkii 4.4 Fakkii Siidaa Yaadannoo Wareegamtoota Aanolee

Marii 7

Hojii siidaa yaadannoo asiin olitti argitaniifi barreeffama gabaabaa seenaa Aanolee irraa maal akka hubattan garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

4.3.5. Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruu

Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruun bara 1920 A.L. Atti Godina shawaa kaabaa naannoo Salaaleetti dhalatee akka guddate seenaan tarree gootota Oromoo keessatti barreefame hedduun ni ibsa.

Miseensa riphee loltootaa Xaaliyaaniin lolaa turanii ture. Boodarra Moqaadishoo, Somaaliyaatti qabamee hidhaan umurii guutuu itti murtaa'e. Hamma Ingiliziin bara 1940 A.L. Atti Moqaadishoo qabatee bilisa ba'utti achi ture. Achiin booda hiikamee leenjii waraanaa Keeniyaatti fudhate. Biyyatti deebi'ee wiirtuu leenjii waraanaa Hoolotaatti barsiisaa ta'ee tajaajilaa ture. Bara 1954 A.L. Atti aangoon isaas ol guddatee waraanarraa gara hoogganaa humna darbatamaa ta'ee muudame. Yeroo kana qabsaa'aa, boodarra immoo Pirezedaantii Afrikaa Kibbaa kan ture Neelsan Maandeellaa leenjise.

Waxabajjii 1964 A.L. Itti Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruu miseensa Waldaa Wal-Gargaarsa Maccaafi Tuulamaa ta'e. Karaa dhaaba kanaas Oromoon akka baratuufi of danda'u barsiisaa ture. Kuni immoo Hayilesillaaseefi qondaaltota isaa baay'ee aarse. Waldaan kun akka cufamuufi miseensonni waldichaa baay'een akka qabaman, gariin immoo akka ajjeefamaniifi warri hafan biyyaa baqatan taasifame.

Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruutti murtoon du'aa erga itti murtaa'een booda gara hidhaa umurii guutuutti jijjiirameef. Waxabajjii 1974 ALI Yeroo Hayilesillaaseen aangoo irraa buufamee Dargiin aangooti ol ba'u, Birgaadar Jeneraal Taaddasaan Galamsootti bakka hidhamee, mana hidhaa cabsee bahuun gara Finfinneetti deebi'e.

Mootummaan Dargiis humna poolisiin akka to'annaa jala ooluuf ajaja dabarse.

Birgaadar Jeneraal Taaddasaanis jalaa miliqee loltuu fincilaa waraanaaf Shawaa keessatti gurmeessuu jalqabe. Boodarra isa qabani. Murtoon du'aan akka adabamuus itti murtaa'e. Gaggeessitoota Oromoo ta'an baay'ee waliin gaafa Bitootessa 18, 1975 ALA tti ajjeefaman. Du'us garuu, barsiifni inni waa'ee eenyummaa, aadaafi Afaan Oromoo irratti taasise baay'ee guddaadha. Sababa kanaaf siidaan yaadannoo goota Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruuf Godina Shawaa Kaabaa, Magaalaa Fiicheetti hojjetamee gaafa Caamsaa 25, 2019 ALA tti eebbifame. Maddi barreeffama seenaa goota kanaa BBC Afaan Oromoo irraa kan fudhatamedha.



Fakkii. 4.5 Fakkii Siidaa Yaadannoo Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruu

Marii 8

Hojii siidaa yaadannoo asiin olitti argitaniifi barreeffama gabaabaa seenaa Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruu irraa maal akka hubattan garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

4.3.6. Balaay Zallaqaa Qilxuu

Balay Zallaqaa Qilxuu hiddi dhaloota isaa Oromoo Walloo keessaa yoo ta’u, bara 1904tti dhalate. Balaay tooftaa riphee loluun beekama. Tooftaa kanaan Xaaliyaanotaafi basaastota isaanii boqonnaa dhowwaa ture. Dirreewwan waraanaa garaagaraa irratti Xaaliyaanota moo’achuun gootummaa isaa mirkaneesseera. Tooftaa waraanaa gooticha Oromoo Balaay Zallaqaa Qilxuu injifachuu kan dadhaban Xaaliyaanonni abdii kutatan. Jabinaafi Gootummaa goota kanaafi gootota birootin Xaaliyaanonni biyya gadhiisanii bahani.

Injifatamuu Xaaliyaanii booda mootiin Hayilesillaasee waggoota shaniif bakka baqatee turee biyya Ingiliziitii yeroo biyyatti deebi’u, akkuma gootota biroo aangoo isaaf waan isa sodaateef, Balaay Zallaqaan Qilxuu akka qabamu taasise. Qabamees gara Finfinnee geffamee hidhaan umurii guutuun itti murtaa’e. Garuu, mana hidhaa cabsee gara Goojjam osoo deemuutti jiruu, daandii irratti qabamee gara Finfinneetti erga deebifameen booda du’aan akka adabamu sirni mootummaa Hayilesillaasee itti murteesse. Dhalatee waggaa 35 tti Amajjii 5, 1937 ALAtti obboleewwan isaa lamaan wajjin fannisanii ajjeesan. Kanaaf, Siidaan yaadannoo kun gootummaa Balaay Zallaqaa Qilxuu yaadachiisuuf Baha Goojjam, Magaalaa Biichanaa jedhamutti Onkoloolessa 10, bara 2009 A.L.A tti kan hojjetameefidha. Maddi barreeffama seenaa goota kanaa BBC Afaan Oromoo irraa kan fudhatamedha.



Fakkii. 4.6 Fakkii Siidaa Yaadannoo Balaay Zallaqaa

Gabaabumatti wanti nuti siidaawwan yaadannoo kana irraa hubachuu dandeenyu, sababbii siidaawwan kun hojjetamaniifi yaada yookiin ergaa inni dabarsuu danda'udha.

Marii 9 Hojii siidaa yaadannoo asiin olitti argitaniifi barreeffama gabaabaa seenaa Balaay Zallaqaa Qilxuu irraa maal akka hubattan garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

4.3.7. Haajii Adam Saaddoo

Haajii Adam Saaddoo bara 1877 ALA Godina Baalee Aanaa Gobbaatti dhalate. Waggaa 15 irraa eegalee diddaa gabrummaa keessa kan seene gaafa weerartoonni sirna nafxanyaa Baalee qabatan, nafxanyummaan biyya keenya keessatti fudhatama akka hin arganne uummata kakaasaa ture.

Haajii Adam Saaddoon akka qabsaa'ota kaanii qawweetti hedduu hin amanan

turan. “*Kan bilisa nubaasu sammuu jijjiiramaati*” jedhu. Qabsoon hidhannoo Baaleetti eegale Finfinneettis akka cimuuf xalayaa hoggantoonni qabsaa’ota Baalee Jeneraal Waaqoo Guutuufi Jeneraal Huseen Buuneen barreessan icciitii qabsoo Oromoo kan qabu Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruutiin gahuuf yeroo ergamutti namoota tika mootummaa/ poolisiin qabamee hidhame. Achittis icciitiin xalayaan barreeffamee inni fidee gara Finfinnee dhufe akka hin baane mana fincaanii deemee alalfatee liqimsee deebi’e.

Xalayaan barreeffamee ture qabsoo hidhannoo kana akkamiin wal gargaaranii galmaan gahuu akka qaban kan akeeku ture. Mana fincaanii dhaqee yeroo deebi’u, namoonni tikaa/poolisoonni isa qabanii turan ragaawwan fidee dhufe akka itti kennu gaafatanii achiis isa sakatta’uu itti fufan. Haajii Adam Saaddoon garuu xalayaa sana liqimsee waan tureef “*Waan garaa nubaate garaatti deebifanne*” jedhee icciitichi akka hin baane taasise.

Haajii Adam Saaddoon qabsoo uummanni Baalee sirna mootii Haayilesillaasee irratti taasisaa ture keessatti nama qooda adda durummaa qabu ture. Boodarras miseensa Waldaa Maccaafi Tuulamaa ta’uun Waldaa Maccaafi Tuulamaafi Oromoota Baaleefi Arsii gidduutti riqicha ta’ee walitti fidaa akka ture seenaan goota kanaa ragaa baha.

Wanti Haajii Adam Saaddoo irraa baratamu:

- ✎ Dhugaadhaan uummata Oromoof dhaabbachuu. (Haajii Adam dhugaa dhaabbataniif irraa dabsuuf yeroo hedduu lafa, maallaqaafi wanta garaagaraan yaalanii dadhaban.)
- ✎ Murannoo
- ✎ Of kennuu
- ✎ Kaayyoo qabataniif dhaabbachuu fi iccitii eeguu fa’a.

Haajii Adam Saaddoo bara 1981 A.L.A tti wayita lubbuun darbu bakkuma dhaloota isaatti awwaalame. Inni awwaalamus seenaan isaa garuu baraa hanga baraatti dhalootaan yaadatamaa jiraata. Siidaan isaas yaadannoo kanaaf jecha

hojjetamee magaala Gobbaatti dhaabbate. Maddi barreeffama seenaa goota kanaa BBC Afaan Oromoo irraa kan fudhatamedha.



Fakkii. 4.7 Fakkii Siidaa Yaadannoo Haajii Adam Saaddoo

Marii 10

Hojii siidaa yaadannoo asiin olitti argitaniifi barreeffama gabaabaa seenaa Haajii Adam Saaddoo irraa maal akka hubattan garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

AFFILEE GILGAALA BOQONNAA 4

I. Gaaffilee asiin gadii hima sirrii ta'een 'dhugaa' kan sirrii hintaaneen immoo 'soba' jechuun deebisi.

1. Gosoonni Og-tiyaatiraa akkaataa dhiyaannaa isaaniin garaa garummaa hinqaban.
2. Og-tiyaatirri filmiifi og-aartiiwwan kan biro waliin hariiroo hinqabu.
3. hojiin og-tiyaatiraa hojiiwwan og-argaa kan biroo waliin yoo dhiyaate miidhagina addaa horachuu danda'a.
4. Muuziqaan sagaleen qindaa'uu qofa osoo hintaane waltajjiirratti sochiidhaan dhiyaachuu ni danda'a.
5. Faayidaa hojiiwwan og-aartii keessaa inni tokko ergaa ofii dabarfachuu danda'uudha.
6. Siidaan yaadannoo namoota qofaaf dhaabbata.
7. Siidaan yaadannoo seenaa dhalootaaf dabarsa.
8. Caalii shoonoo magaala Jimmaatti dhalatan.
9. Abbishee Garbaa abbaa duulaa ta'anii kan muudaman bara 1855tti.
10. Siidaan wareegamtoota Aanolee godina Arsii aanaa Heexosatti argama.
11. Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruu bara 1942tti dhalatan.
12. Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruu waa'ee eenyummaa, aadaa fi afaan Oromoo barsiisaa ture.
13. Balaay Zallaqaa tooftaa riphee loluutiin beekama.
14. Siidaan Yaadannoo irraa yaadaa fi ergaa maaliif akka hojjatame hubachuu dandeenya.

II. Qubee filannoo sirrii qabatee jiru filachuun deebisi.

1. kanneen asii gadii keessaa kamtu gosoota og-aartiiti.

A. muuziqaa	C. og-fiilmii
B. og-tiyaatira	D. hunda

2. Kamtu faayidaa og-aartiiwwaniiti?

A. Barumsa kennuu	C. Quuqama ibsuu
B. Ergaa dabarsuu	D. hunda
3. Kamtu og-tiyaatira waliin hariiroo qaba?

A. Og-filmii	C. Shubbisa
B. Muuziqaa	D. Hunda
4. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa siidaa yaadannoo kan hin taane kamiidha?

A. Seenaa darbe yaadachuuf	C. dhalootaan gara dhalootaatti dabarsuuf
B. wanta fuul duraa tilmaamuuf	D. Deebii hin qabu
5. Kanneen armaan gadii keessaa wanti goota Haajjii Adaam Saaddoo irraa barannu kan ibsu kamiidha?

A. Dhugaan Oromoof dhaabbachuu	C. Of- kennuu
B. Murannoo	D. Hundinuu deebiidha.
6. Gootota armaan gadii keessaa “kan bilisa nu baasuu sammuu jijjiiramaati” kan jedhe eenyu?

A. Birgaadar Jeneraal Taadasaa Birruu	C. Balaay Zallaqaa
B. Haajjii Adaam Saaddoo	D. Bakar Waaree.
7. Siidaan Goota Balaay Zallaqaa magaalaa eessaatti dhaabbate?

A. Adaamaa	C. Baahirdaar
B. Finfinnee	D. Bichaanaa
8. Gootni perezidaantii Afrikaa kibbaa duraanii Nelsan Mandeellaa leenjise eenyu?

A. Balaay Zallaqaa	C. Haajjii Adaam Saaddoo
B. Birgaadar Jeneraal Taaddasaa Birruu	D. Bakar Waaree

BOQONNAA

Hidhata Og-aartiiwwanii

5

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura barannoo boqonnaa kanaatti:

- Hidhata og-aartiiwwan barnoota biroo waliin qaban adda baafachuun niraajeffatta.
- Faayidaa og-aartiiwwan barnoota biroo keessatti qabu adda nibaafatta.

Seensa

Gaheen og-aartiiwwan barnoota biroo barsiisuu keessatti qabu ol aanaadha. Og-aartiiwwan kallattiinis haa ta'u al-kallattiin barnoota akaakuu biroo barsiisuufi milkeessuu keessatti ga'ee olaanaa taphata. Keessumaattu, Barnoota sadarkaa tokkoffaan duraa fi sadarkaa tokkoffaa og-aartiiwwan deeggaruun barsiifamuu qabu. Kanamalees, gaheen og-aartiiwwan kunuunsa naannoofi dhimmoota garaagaraa irratti hawaasaaf hubannoo uumuu keessatti qabu danuudha. Gabaabumatti faayidaan og-aartiiwwan jiruuf jireenya guyyaa guyyaa keenyaa mijataafi salphaa taasisuu keessatti qaban guddaadha.

5.1. Og-aartiiwwan gosa barnoota biroo waliin walitti hidhuu

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Faayidaa og-aartiiwwan gosa barnoota biroo waliin qabu nihimta.
- Hariiroo og-aartiiwwaniifi barnoota biroo gidduu jiru ni ibsita.

5.1.1. Og-argaa gosa barnoota biroo waliin walitti hidhuu

Gocha 1

Gaheen og-argaan barnoota biroo barachuu keessatti qabu maali jettanii yaaddu? Garee gareen irratti mari'adhaatii bu'aa marii keessanii dareef ibsaa.

Faayidaan og-argaa barnoota biroo keessatti qabu hedduu akka ta'e barannoo kutaa darbanii keessatti baratteetta.

Fakkeenyaaf:

- Mallattooleefi Fakkiiwwanitti fayyadamuun barsiisuun Si'aayinaan barachuufi qabiyyee barnooticha qabatamaa taasisuu keessatti gahee guddaa qaba.
- Dandeettii qabiyyee barnootichaa salphaatti yaadachuu barattootaa nicimsa.
- Haala salphaa ta'een naannoo isaanii waliin wal baruun fedhiifi dandeettii waa kalaquu akka horatan isaan gargaara.
- Kaayyoon barnoota biroo baratamu akka galma ga'uuf akka riqichaatti tajaajila.
- Hirmaannaa barattootaallee nicimsa.
- Ofitti amanamummaa barattootaa gabbisuufi kan kana fakkaatan faayidaalee Og-argaan barnoota biroo barachuu keessatti qaban ilaaluun ni danda'ama. Faayidaa Og-argaan barnoota biroo keessatti qabu muraasa haa ilaallu.

Fakkeenyaaf,

Herrega barachuu keessatti gahee Og-argaan qabu qabiyyeewwan iddoo lamatti qoodnee haa ilaallu. Isaanis:

☞ Qabiyyee Kutaa 1- 4 tti baratamu:

Qabiyyeen herreegaa kutaa 1-4 tti baratamu keessaa tokko waa'ee qooyyaboota herregaafi mallattoolee bu'uuraati.

Qooyaboonnii Herregaa afur dha. Isaaniis:

$$+, -, \times \text{ fi } \div$$

Mallattoolee bu’uuraa kanneen armaan gadii ilaaluu ni dandeenya.

$$\bullet, <, >, \leq \text{ fi } \geq$$

Qoyyaabotaafi mallattooleen armaan olitti argaman sarara fi tuqaa irraan kan ijaaramanidha. *Sararri immoo caacculee og-argaa keessaa isaan tokkodha.*

☞ **Qabiyyee kutaa shanii ol jiru.**

Qabiyyee herreegaa kutaa shanii olitti kennaman immoo yoo ilaalle:

☞ **Danaalee jii’omeetirii**

Danaalee jii’omeetirii kan jedhaman kanneen akka:




Fakkii .5.1. Fakkii danaalee jii'omeetirii

Warreen kun hundi isaanii bocaafi foormiidha. Bocnis ta'e foormiin immoo caacculee og-argaa keessa tokkodha.

👉 Giraafii

Giraafiniis sarara yookiin boca yookiin foormii irraa ijaarama. Gabaabumatti gahee og-argaan barnoota biroo barsiisuu keessatti qabu hedduudha.



Fakkii. 5.2 Fakkii giraafii

Faayidaan og-argaan barnoota biroo barsiisuuf qabu kana qofaa miti. Gosa barnootaa biroo barachuu keessattis gahee kana hin jedhamne qaba. Dabalataanis akka fakkeenyaatti gosa barnootaa Hawaasaa osoo fudhannee kaartaawwan garaagaraa qaba. Kaartaan fakkiiidha. Fakkiin immoo hojiiwwan og-argaa keessaa tokkodha. Gosa barnootaa Baayoloojiis ilaaluu ni dandeenya. Barnoonni baayoloojii fakkiiwwan hedduun deeggaramee gosa barnootaa barsiisamu keessaa isa tokkodha. Fakkiiwwan achirratti gargaaramnu hunduu hojii og-argaati. Walumaagalatti faayidaan barnoonni og-argaa barnoota biroo milkeessuu keessatti qabu olaanaa dha. Og-aartiiwwan barnoota gosa garaagaraa waliin hariiroo qaba.

5.1. 2. Og- Tiyaatira dhimmoota garaagaraa waliin walitti hidhuu

Akkaataa Tiyaatirri yookaan fiilmiin tokko itti dhiyaatufi dhimmoota garaagaraaf ooluuf dhihaachuu isaa barnoota darbee keessatti hubattee jirta.

Tiyaatira ammayyaa keessatti waa'ee, tiyaatira siyaasaaf oolu adda baastee baratteetta. Akkuma kana Og-aartii keessatti dhimmoota garaagaraaf akka oolan hubachuun si hin rakkisu.

Aartiin siyaasaaf, dinagdeefi, hawaasummaaf ni oola.

- Gama siyaasaan seenaa fiilmii keessatti waraana addunyaa lammaffaa keessatti akka meeshaa piropogaandaa tokkootti dhimma itti ba'amaa ture.
- Og-tiyaatiraafi fiilmiin tokko yommuu dhukkubni daddarbaafi dhibeen balaa tasaa, kanneen dhukkuba HIV, Covid 19, weerara busaafi balaa tiraafikaa irratti barnoota kennuufi barsiisuun karaa ittiin dhibee irraa of qusatan, hubannoo kennan keessaa tokkodha.

Yeroo kamiyyuu waa'een aartii yommuu dubbatamutti waan gurguddaa sadii keessatti ilaaluu dandeenya.

- [Bashannansiisuu](#)
- [Barsiisuu](#)
- [Rakkoo hawaasaa furuu](#)

Og-Aartiiwwan dhimmoota garaagaraaf haa oolaniyyuu malee, warreen sadan kanarraa hinfagaatan. Rakkoo hawaasa tokkoo furuu keessatti Og-aartiiwwaan gahee olaanaa qabu. Fakkeenyaaf quuqama saba tokkoo weellisuun rakkoo isaa furuufi barsiisuun ni danda'ama. Akkasumas, Og-tiyaatira fayyadamuun haala jireenya hawaasa tokkoo barsiisuus ta'ee rakkoofi quuqama isaa ittiin ibsachuun ni danda'ama.

5.1.3 Og-aartiiwwan dhimma diinagdeef

Og-aartiiwwan dhimma dinagdee biyyaa guddisuuf, utubuuf akkasumas jijjiirama argamsiisuuf ni fayyadu. Fakkeenyaaf dhimma guddina biyya tokkoo og-tiyaatiraan, muuziqaadhaan, fakkiifi bobbocaan akkasumas gosoota aartii biroota agarsiisuun ni danda'ama. Dhalli namaa waan afaaniin itti himamu caalmaatti wanti og-aartiidhaan itti agarsiifamuun barsiifamu qor-qalbiisaa harkisuu waan danda'uuf jijjiirama hatattamaa fiduu keessatti og-aartiin gahee guddaa qaba.

5.1.4 Og-aartiiwwan dhimma fayyaaf

Gaheen og-aartiin dhimma fayyaa hawaasaa keessatti qabu olaanaadha. Kana jechuun yaalii ogeessota fayyaatiin dhukkubsataaf godhamu irratti dabalataan hojiiwwan og-aartii adda addaa dhukkubsataaf yoo dhiyeessine, sammuunsaa boqonnaa argatee, itti bohaaru danda'a. Akkasumas dhukkubsatoota og-aartiidhaan yaaluunis saayinsii mataasaa danda'edha,. Gama biraatiinis fayyaa hawaasaa tiksuuf, dhibeewwan daddarboo adda addaa irratti hawaasaaaf barumsa kennuuf, og-aartiiwwan adda addaatti fayyadamuun hawaasaaaf hubannoo uumuun ni danda'ama. Walumaa galatti og-aartiiwwan dhimmoota hawaasummaa mara keessatti tajaajilli isaan gama hundaan qaban daran olaanaafi barbaachisoodha.

Cuunfa Boqonnaa 5

- Og-aartiin dhimmoota siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, fayyaafi kan biroo keessatti gahee olaanaa qaba.
- Og-tiyaatira fayyadamuun rakkoolee fayyaa hawaasaa irratti bifa gochaatiin hawaasa barsiisuun ni danda'ama.
- Gosoota og-aartii keessa jiran fayyadamuudhaan dhukkubsataan akka yaalamu, sammuunsaa akka boqotuufi bohaaru taasisuun ni danda'ama.
- Og-aartiiwwan guddina dinagdee hawaasa tokkoo mirkaneessuuf gahee guddaa qabu.
- Gaheen aartiin jireenya hawaasaa keessatti qabu dhimmoota barsiisuu, bashannansiisuufi ergaa dabarsuu jedhaman jalatti ilaalama.

Gilgaala Boqonnichaa

Gaaffilee asiin gadii hima sirrii ta'een 'dhugaa' kan sirrii hintaaneen immoo 'soba' jechuun deebisi.

1. Gosoota og-aartiiwwanii keessaa og-tiyaatirri dinagdee waliin hariiroo hinqabu.
2. Og-fiilmii fayyadamuun jiruufi jireenya hawaasaa argisiisuu ni dandeenya garuu og-argaatiin ibsuu hin dandeenyu.
3. Og-aartiiwwan fayyadamuudhaan dhukkubsataan yaala fayyaa akka argatu taasisuun ni danda'ama.
4. Waayee dhibeewwan daddarboofi mala ittisa isaanii og-aartiitti fayyadamanii hawaasa barsiisuun caalmaatti hubannoo uumuuf ni gargaara.